

BB  
BBBBBBBBBBBBBBBB

(Lakk. KSSO1/WG-12/8/184 Guyyaa 04/01/99)

# KOMISHIINII SIIVIL SARVIISII OROMIYAATTI

QAJEELFAMoota RAAWWII BULCHIINSA HUMNA  
NAMA MANNEEN HOJII MOOTUMMAA

(Jildii Tokkoffaa)

HAGAYYA 1998  
FINFINNEE

**QABIYYEE (CONTENTS)**

<b>LAKK.</b>	<b>MATAA DUREE</b>	<b>FUULA</b>
I. Seensa .....		1
II. Kaayyoo Qajeelfamichaa .....		2
<b>KUTAA TOKKO</b>		
1. Mataa Duree Gabaabaa .....		3
2. Hiika .....		3
3. Aangoo Manneetii Hojii .....		4
<b>KUTAA LAMA</b>		
4. Qajeelfamoota Raawwii Foo'annoo fi Filannoo Humna Namaa .....		5
5. Haala Hundeeffama Koree Foo'annoo fi Filannoo .....		8
6. Ulaagaalee Dorgommii Qaxaraa .....		10
7. Haala Qormaatni Dorgomtoota Qaxaraatiif Itti Kennamu .....		10
8. Qaxara Kaadhimamtoota Eebbifamtootaa .....		16
9. Qaxara Kontiraataa .....		17
10. Guddina Sadarkaa .....		19
11. Hojjattoota Gitoota Hojii Ol'aanaa Irratti Bakka Bu'insaan Ramaduu .....		23
12. Haala Gitoota Hojii Irra Deebi'amee Fooyya'ee Ramadame Irratti Hojjataan Itti Ramadamuu Danda'u .....		23
13. Yeroo Gitni Hojii Dacha'u Ykn Manni Hoji Cufamu, Haala Ramaddiin Hojjattotaa Itti Gaggeefamu .....		24
14. Ulaagaalee Gitoota Hojii Itti Gaafatamtoota Qajeelchotaa Guutuuf Barbaachisan .....		24
15. Jijjiirraa .....		27
16. Haala Hojjattootni Hojii Irraa Addaan Bahani Hojiitti Deebi'ani .....		34
17. Haala Hojjattootni Muudma Irraa Ka'anii fi Filannoo Irraa Hafan Hojii Siivil Sarviisiitti Ramaduun Danda'amu .....		35
<b>KUTAA SADI</b>		
18. Tumaalee Adda Addaa .....		37
19. Haala Kenninsa Ragaa Muuxannoo .....		37
20. Waa'ee Ragoota Sobaa .....		38
21. Haala Dhiyeeffannoo Komii .....		38
22. Qorannoo .....		40
23. Hayyama Boqonnaa Waggaa fi Kaffalltii Isaa .....		40
24. Haala Senaan Jireenyaa Foormii Irratti Guutamu .....		44
25. Dhimma Waliigalaa .....		45
26. Aangoo fi Hojii Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa .....		47
27. Haala Qajeelfamni Kuni Itti Fooyya'uu Daanda'u .....		48
28. Yeroo Qajeelfamichi Hojii Irra Oolu .....		48
29. Uunkaalee Adda Addaa (Miiltoolee) .....		49
<b>KUTAA AFUR</b>		
30. Qajeelfama Ragaa Mana Haakiimaa .....		81
<b>KUTAA SHAN</b>		
31. Qajeelfama Dandeettiinwan Barbaadaman .....		87
<b>KUTAA JAHAA</b>		
32. Qajeelfama Qophii fi Madaallii Raawwii Karooraa Hojjattoota Mootumaa Bu'aa Irratti Xiyyeeffate .....		121
<b>KUTAA TORBA</b>		
33. Qajeelfama Uffataa fi Meeshaalee Hojii .....		145

## QAJEELFAMA RAAWWANNA FOO'ANNOO FI FILANNOO HUMNA NAMAA

### I SEENSA

Komishiniin Siivil Sarviisii Oromiyaa Manneen Hojii labsii Lakk. 87/1997 Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebbiidhaan gurmeessuu fi aangoo fi hojii isaanii murteessuuf baheen hundeeffaman keessaa isa tokko yoo ta'u, Komishinichi hojiiwwan bulchiinsa humna namaa akka raawwatu aangoo fi gaheen hojii labsii kanaa keewwata 27 fi labsiiwwan bulchiinsa hojjattota mootummaa Lakk. 61/94 fi Lakk. 104/97'n kennameeraaf. Hojiiwwan hedduu Komishinichi raawwatu keessas:-

- Imaammatooni, seeronnii fi qajeelfamooni bulchiinsa humna namaa ilaalchisee bahan hojii irra ooluu isaanii to'achuu,
- Caaseffamaa manneen hojii siivil sarviisii Naannichaa qoratee dhiyeessuu, yemmuu hayyamame hojii irra oolchuu, caaseffama hayyamamu irratti hundaawuudhaan ramaddii gita hojii gaggeessuu, jijjiirama mul'atan irratti hundaawuudhaan yaadaa fooyya'insaa qoratee dhiyeessuudhaan yemmuu hayyamamu hojii irra oolchuu,
- Iskeelii mindaa, durgoo adda addaa fi kaffaltiiwwan hojjattota mootummaa kan biroo akkaataa hayyamameen raawwatamuu isaa to'achuu,
- Qorannoo fooyya'insa iskeelii mindaa jijjiirama dinagdee fi haalawwan biroo yeroo yerootti uumaman xiinxaluudhaan yoo baay'ate waggaa shan shaniin Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaaf dhiyeessuu,
- Qaxarri, ramaddiin, guddinni sadarkaa, daballi mindaa, leenjii fi naamusni hojjattotaa siivilii akkaataa seeraa fi qajeelfamoota mootummaatiin akka raawwatamu taasisuu,
- Karoora fedhii leenjii humna namaa Naannichaa qopheessuu, rakkoolee mul'atan addaan baasuudhaan gahumsa raawwachiisummaa humna namaa siivil sarviisii cimsuudhaaf leenjii kennuu,
- Ragaa humna namaa siivil sarviisii Naannichaa qindeessee qabachuu, odeeffannoowwanii fi istaastiksii humna namaa walitti qabuu, xiinxaluu fi tajaajila barbaachisuuf oolchuu,
- Dhimmoota personeelii seeraan ala tahan ykn danbii fi qajeelfaman alatti raawwataman yoo jiraatan qoratee tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu,
- Gaaffiiwwan daangaa umrii sooramaatiin booda tajaajilli hojjatoota siivilii akka dheeratu dhiyaatan irratti murtii dhumaa kennuu,
- Akkaataa kenna qaphxii maddaallii raawwii hojii ilaalchisee yaadota qajeelfamaa burqisiisuu, yemmuu hayyamamu qaamolee raawwachiiftuudhaan hojii irra ooluu isaa hordofuu,
- Akkaataa seeraatiin hojjattotni siivilii ol'iyata dhiyeeffatan irratti murtii dhumaa kennuu,
- Qajeelfamoota raawwii adda addaa bulchiinsa humna namaa baasuudhaan manneen hojii siivil sarviisii Naannichaa keessatti hojii irra oolchuudha.

Komishinichi qajeelfamoota raawwii hojiiwwaan kanneen raawwachiisuuf gargaaran baasuun waan isa barbaachiseef akkaataa Labsii Bulchiinsa Hojjattota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 61/94 keewwata 88/2'n aangoo kennameefii hundee gochuudhaan qajeelfamoota raawwii shan (5) armaan gaditti ibsaman:-

1. Qajeelfama foo'annoo fi filannoo humna namaa,
2. Qajeelfama haalaa dhiyeeffannaa ragaaa mana hakiimaa,
3. Qajeelfama dandeettiiwwan barbaadamani,

4. Qajeelfama qophii fi madaallii raawwii karoora hojii hojjattota mootummaa bu'aa irratti xiyyeeffate fi
5. Qajeelfam uffataa fi meeshaalee hojii akkasumas tumaalee adda addaa qopheessee dhiyeessaera. Haaluma kanaan, Manneen Hojii Siivil Sarviisii Naannichaaa keessatti argaman hundi qajeelfamoota kana sirnaanii fi of-eeggannoo cimaadhaan hojii irra oolchuun irraa eegama.

## II KAAYYOO QAJEELFAMA FOO'ANNOO FI FILANNOO

- Foo'annoo fi filannoon humna namaa manneetii hojii motummaa Naannichaa dandeettiin dhaan, ifaan, dorgommii loogii irraa bilisa ta'e irratti akka hundaa'u,
- Foo'annoo fi filannoon hojii hin waaltofne ta'ee sirna aangoo itti gafaatumummaa wajjin manneen hojiitiif kennu diriirsu,
- Foo'annoo fi filannoo; labsii, danbii fi qajeelfamoota bulchiinsa humna namaa waliigalaa irratti hundaa'uun seera qabeessummaa hojjichaaf xiyyeeffannaa kennuun akka raawwatamu,
- Walumaagalatti manneetii hojii mootummaa keessatti foo'annoo fi filannoon humna namaa ga'umsa irraatti kan hundaa'e akka ta'u,
- Hojii barbaadotni ykn dorgomtootni beekumsaa fi dandeettii isaaniitiin akka dorgomuu danda'an carraa waliqixa waan barbaachiisuuf, tumamawwaan labsii hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 61/94 hojitti hiikuuf akka danda'amutti akkaataa keewwata 88/2 tiin aangoo kennamee tiin qajeelfamni kun Komishinii Siivil Sarviisii Naannichaatiin baheera.

## KUTAA TOKKO

### 1. MATA DUREE GABAABAA

Qajeelfamni kun **“Qajeelfama Raawwannaa Foo'annoo fi Filannoo Humna Namaa Manneetii Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa”** jedhamee waamamuu ni danda'a.

### 2. HIIKA

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, qajeelfama kana keessaatti:-

- 2.1 **“Foo'annoo”** jechuun adeemsa mana hojii tokko keessatti gita hojii jiru ykn gita hojii banaa fuula dura jiraachuu danda'u irratti qaxaraan, jijjiirraa fi guddina sadarkaatiin ramaduudhaaf iyyattoota ga'umsa qaban addaan baasanii beekuu fi dorgomtoota affeeruudha,
- 2.2 **“Filannoo”** jechuun adeemsa mana hojii tokko keessatti gita hojii duwwaa jiru irratti iyyaattoota ga'umsa qaban qaxaraan ykn jijjiirraan ykn guddinaan ramadamuuf kanneen iyyata dhiyeeffatan dorgomsiisanii filuudha.

- 2.3 **“Merit”** jechuun iyyattoota giddutti garaagarummaan osoo hin taasifamiin beekumsa (Knowledge), dandeettii addaa (Skill), dandeettii fi ga’umsa (Ability & competency) hojichaan walqabate irratti hundaa’uudhaan raawwii foo’achuu fi filachuudha.
- 2.4 **“Ittigaafatamaa kutaa hojii gitni hojii duwwaa itti argamu”** jechuun itti gaafatamaa qajeelchaa ykn tajaajilaa ykn kuticha gaggeessan ykn itti gaafatamaa adeemsa hojii foo’annoo fi filannoo kutaa gitni hojii duwwaa itti argamu akka bakka bu’u angoon kennameef jechuudha.
- 2.5 **“Beekumsa (Knowledge)”** jechuun hojjataan tokko gita hojii tokko qabachuu fi hojicha haala fiixa ba’insa qabuun raawwachuuf ga’umsa barbaachisu barumsaan argatedha.
- 2.6 **“Dandeettii addaa (Skill)”** jechuun leenjii fudhachuudhaan ykn muuxannoodhaan kan argamu qulqullinaa fi haala Saffisaan hojii raawwachuuf kan gargaaru dandeettii adda tahedha.
- 2.7 **“Dandeettii (Ability)”** jechuun dorgomaa ykn hojjataa beekumsa qabu hojiitti ramaduuf ykn hojiiwwaan gita hojiilee fi manni hojichaa kaayyoo karoofate bifa guutuu dandeessisuun fi haala quubsaadhaan raawwachuuf ga’umsa barbaachisuudha.
- 2.8 **“Labsii”** jechuun labsii hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 61/94 fi labsii kana fooyyessuuf kan bahe labsii Lakk. 104/97 kan dabaltu jechuudadha. Qajeelfama kana keessatti **“gita hojii fi kutaa hojii”** akka barbaachisumaasaatti filannoodhaan fayyadamuun ni danda’ama.
- 2.9 **“Ramaddii hojjattoota”** jechuun hojjattoota qaxaraan, jijjiirraadhaan, guddina sadarkaatiin, ykn hojiitti deebisuudhaan gitoota hojii duwwaa baajata qaban irratti bobbaasuudha.
- 2.10 **“Koree foo’annoo fi filannoo”** jechuun koree; qaxaraa, guddina sadakaa, jijjiirraa, hojiitti deebii fi ramaddii gara biroo irratti yaada murtiif ta’u kan dhiYeessuudha.
- 2.11 **“Jijjiirraa alaa”** jechuun jijjiirraa hojjattoota manneen hojii Mootummaa lama wal hin fakkaanne gidduutti ykn Manneen Hojii Federaalaa dabalatee Naannoolee gidduutti sadarkaa gita hojii fi mindaa walsimu irratti raawwatamuudha.
- 2.12 **“Jijjiirraa keessaa”** jechuun jijjiirraa mana hojii Mootummaa tokko keessatti gita hojii tokko irraa gara gita hojii biraatti, waajjira olaanaa irraa gara dameetti, Godinaa fi Aanaatti akkasumas Aanaa irraa gara Aanaatti ykn Godinaa fi mana hojii olaanaa sadarkaa Naannoo fi Godina irraa gara Godinaatti sadarkaa gita hojii fi mindaa wal gitu ykn wal-fakkatu irratti taasifamuudha.
- 2.13 **“Mindaa”** jechuun kanfaltii ka’umsa gita hojii tokkoof murtaa’e, dabala yeroo yerootti kennamu fi hojii hojjatameef kan kaffalamudha.
- 2.14 **“Guddina sadarkaa”** jechuun hojjataa mootummaa sadarkaa gita hojii qabate irraa gara sadarkaa gita hojii ol’aanutti guddisuudha.
- 2.15 **“Komishinii”** jechuun Komishinii Siivil Sarviisii Mootummaa Naannoo Oromiyaadha.
- 2.16 **“Puulii”** jechuun manneen hojii ykn sektarootni adda addaa tarsii moo fi imaammata mootummaa raawwachiisan kaayyoo itti dhaabbatan galamaan geessisuuf haala isaan dandeessisuun qabeenya, maallaqaa fi humna namaa muraasaan jiru qusannoo fi haala bu’aa qabeessa ta’een itti faayyadamuuf akka danda’amu tajaajila deeggarsaa bakka tokkotti argachuu jechuuda.
- 2.17 **“Qaamaan miidhamtoota”** jechuun akkaataa labsii Lakk. 111/86 keeyyata 2 keeyyata xiqqaa 1 mirga bobbaa hojii qaama miidhamtoota irratti ibsameetti; nama sababa uumamaatiinis ta’ee gocha namaatiin, arguu, dhagahuu ykn dubbachuu hin dandeenye, miidhamni harkawwan, miilawwan ykn qaamota isaa sosocho’an biroo irra gaha ykn dhukkuba sammuu kan qabudha. Haa ta’u malee, namootii rakkina dhugaatii ykn baala araada qabsiisu ykn walumaagalatti rakkina xiin-sammuu hawaasummaan ala isaan goosisu qaban hin dabalatu. Akkaataa labsii hojjattota mootummaa Lakk. 61/94 keewwata 13(b)tti qaamaan miidhamtoota dhukkuba sammuu qaban hin dabalatu.

### **Hubachiisa:**

Qajeelfama kana keessatti jechoonni dhiiraan himaman dubartoota kan dabalatudha.

### **3. AANGOO MANNEETII HOJII**

Manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii fi danbii bulchiinsa siivii sarviisiitiin bulan kamiyyuu gaafatamummaa isaaniitiin labsii fi qajeelfama irratti hunda'anii foo'annoo fi filannoo hojjetootaa ni raawwatu.

## KUTAA LAMA

### QAJEELFAMOOTA RAAWWII FOO'ANNOO FI FILANNOO HUMNA ANAMAA

#### 4. FOO'ANNOO FI FILANNOO HOJJATTOTOTAA

##### 4.1. Qophii Duraa

- a) Manneen hojii sadarkaa Naannootti, itti gaafatamaan kutaa gitni hojii duwwaa itti argamu uunkaa gaafannoo hojii guutuudhaan hojjetaan akka ramadamuuf gaaffii kutaa hojii bulchiinsa humna namaatiif ni dhiyeessa. Sadarkaa Godinaa fi Aanaatti itti gaafatamtoonni seektaraa uunkicha guutuudhaan puulii itti tajaajilamaniif ni dhiyeessu. Waajjira Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Godinaa fi Aanaatti itti gaafatamaan kutaa gitni hojii duwwaa itti argamu uunkicha guutuudhaan kutaa bulchiinsa humna namaatti ni dhiyeessa. (Miiltoon Lakk. 01 haa ilaalamu).
- b) Itti gaafatamaan seektaraa ykn kutaan hojii gitni hojii duwwaa itti argamu kutaa bulchiinsa humna namaa waliin ta'uudhaan; qaxara, jijjiirraa fi guddina sadarkaa irratti karoora raawwannaa fo'annoo fi filannoo ni qopheessu.
- c) Akkaataa karoorichaatiin itti gaafatamtootni kutaalee hojii ykn seektarootaa kutaa bulchiinsa hojjattootaa ykn puulii dhimmi ilaallatu waliin ta'uudhaan beekumsa (Knowledge) Dandeettii addaa (Skill), dandeettii fi haalawwan barbaadaman kanneen biroo gitni hojichaa gaafatu akkaataa amala mana hojichaatiin xinxialuudhaan ni mirkaneessuu.
- d) Beeksisni gita hojii duwwaa, kutaa hojii bulchiinsa humna namaatiin ykn puulii dhimmi ilaallatuun qophaa'ee itti gaafatamaa kutaa hojii ykn seektara gitni hojichaa itti argamuun akka ilaalamuu fi waligaltee akka argatu ni taasifama.

##### 4.2. Raawwannaa Foo'annoo

Gitoota hojii duwwaa hojjatootaan qabsiisuun kan danda'amu labsicha keewwata 13 keewwata xiqqaa 4 irratti akka ibsameen karoora humna namaa mana hojichaa bu'uura godhachuudhaan;

- a) Dandeettii irratti haala hundaa'een,
- b) Amantaadhaan, saalaan, siyaasaan, sabummaadhaan dorgomtoota haala addaan hin qoodneen,
- c) Dubartootaa fi qaama miidhamtootaaf dursi haala kennamuu dnda'uun ta'a.

##### 4.3. Hojii Barbaaddota Dorgommiif Affeeruu.

4.3.1 Gitni hojii duwwaa kamiyyuu hojjetaadhaan kan qabamu beeksisaa ifaaf ifatti ba'een ni ta'a.

4.3.2 Manni hojichaa hojii barbaaddotaaf alaa qaxaraan afeeruuf yoo ta'e, haala armaan gaditti Lakk.oofsa 4.4 (a) irratti gitoota hojii ibsamaniif gabatee beeksisaa irratti ibsuudhaan haala Lakk.oofsa kana (b) irratti gitoota hojii ibsamaniif immoo tamsaasa bal'aa kan qaban gaazexoota ykn meeshaalee eletroniiksii qunnamtii ummataatiin akka ibsamu ( bahu) ni taasisa.

4.3.3 Beeksisni gita hojii duwwaan guddina sadrakaa, jijjiirraa fi qaxaaraaf bahu yoo xiqqaate

- 1) Maqaa mana hojichaa fi teessoo isaa,
- 2) Waamama gita hojichaa, sadakaa fi mindaa isaa,
- 3) Lakk.oofsa eenyummaa gita hojichaa,
- 4) Baay'ina gita hojii duwwaa,
- 5) Dandeettii gitni hojichaa gaafatu,

- 6) Dabalataanis beekumsa, dandeettii addaa (Skill), dandeettii fi kan biroos waan gita hojchaaf barbaadaman,
- 7) Amalli hojichaa akka barbaachisummaa isaatti hojiin dirree yoo jiraate, hojii idileen ala kan hojjetamu yoo ta'e fi kkf,
- 8) Guyyaa fi sa'aatii galmeessuun itti jalqabamuu fi xumuramu,
- 9) Bakka itti galmeeffamanii fi Lakk.oofsa kutichaa qabaachuun ni barbaachisa ,
- 10) Beeksisni gita hojii duwwaa bahu "**dubartootni iyyatan ni jajjabeeffamu**" kan jedhu qabaachuu qaba. (Beeksisni akkaataa uunkaan beeksisa gita hojii armaan gaditti dhiyaateen kan qophaa'u taha).

#### 4.4 Haala Raawwii Qaxaraa;

- a) Gitoota hojii hanga ka'umsa mindaa qarshii 530<sup>tti</sup> (dhibba shanii fi soddomaatti) jiraniif beeksisa gabatee beeksisaa irratti guyyoota hojii walitti aanan torbaaf ni maxxanfama. Galmeen iyyattootaa guyyaa beeksisni ba'e irraa kaasee hanga guyyoota hojii walitti aanan 7f (torbaaf) kan raawwatamu ta'a.
- b) Gitoota hojii hanga ka'umsa mindaa qarshii 630 (dhibba jahaa fi soddomaatti) fi kanaa ol gaafatan irratti haala mana hojichaatiif toluun beeksisa gabatee beeksisaa irratti guyyoota hojii 10 (kudhan) walitti aanuuf maxxansuudhaan ykn gaazeexaa irratti baasudhaan ykn raadiyoo fi teeleviiziyoonaan tamsaasuudhaan raawwachuun ni danda'ama.
- c) Galmeen dorgomtootaa (iyyattootaa) guyyaa beeksisichi ba'e irraa kaasee guyyoota hojii 10 (kudhan) walitti aanuuf kan gaggeeffamu ta'a.
- d) **Gitoota hojii kamiyyu irratti gita hojii namni tokko barbaadamu irratti beeksisni haala kamiiniyyu yeroo tokko ba'ee namni tokko qofa yoo galmaa'e beeksisa yeroo 2<sup>ffaa</sup> baasuun dirqama. Beeksisa yeroo 2<sup>ffaa</sup> irratti namni tokko qofti kan galmaa'e ta'ee qoramaata kennamuun yoo darbe qaxaruun ni danda'ama.**
- e) Iyyattoonni qaamaan, bakka bu'aadhaan, postaadhaan, faaksii fi meeshaalee elektrooniksii adda addaatiin fayyadamuudhaan galmaa'uu ni danda'u. Dorgomtoonni haala kanaan galmaa'an uunkaa gaaffii hojii osoo hin guutiin ergan garuu uunkicha guyyaa qormaataan duratti dhiyaatanii guutuu qabu. (Uunkaa 03 haa ilaalamu).

#### 4.5. Haala Hojjetootni Mootummaa Hojii Irra Jiran Qaxaramuu Danda'anii fi Qaxaramuu Hin Dandeenye.

4.5.1 Hojjattootni Biiroo tokko irraa gara Biiroo biraatti, (Mana hojii tokko irraa gara mana hojii biraatti) seektara tokkorraa gara seektara biraatti deemuun qaxaramuu ni danda'u.

4.5.2 Gara birootiin hojjataan tokko:

- a) Mana hojii hojjatu keessatti.
- b) Mana hojii Aanaa tokko irraa mana hojii Aanaa gara biraa wal-fakkaatan keessatti,
- c) Mana hojii Aanaa irraa gara manneen hojii wal-fakkaatan (damee tokko jala jiran)sadarkaa Godina jiran keessatti,
- d) Mana hojii Aanaa irraa gara maneenn hojii sadarkaa Naannoo jiran wal-fakkaatanitti, (tokko ta'an)
- e) Manneen hojii ol'aanaa irraa gara manneen hojii gadi aanaa sadarkaa kamiyyuu jiran wal-fakkaatan keessatti,
- f) Mana hojii sadarkaa Godinaa irraa gara mana hojii olaanaa sadarkaa Naannoo fi akkaasumas sadarkaa Aanaa jiran walfakkaatanitti qaxaramuu hin danda'an.



- g) Haata'u malee, akkaataa labsicha keeyyata 11<sup>ffaa</sup> ("b" fi "c") irratti ibsameen alatti hojjattootni **dhimma humnaa ol ta'een hojii irraa hafanii ragaa dhiyeeffachuu danda'an ji'oota jaha booda mana hojii duraanii dabalatee eessumattuu dorgomuun qaxaramuu ni danda'u.**
- h) Hojjattootni kontiraataa mana hojii kami iyyuu keessatti hojjachaa jiran beeksisa kamiyyuu ba'u irratti galmaa'uun dorgomanii yoo moo'atan qaxaramuu ni danda'u.
- i) Hojjattoonni fedhii isaanitiin kiliiransii fudhatanii hojii gad Lakk.isan ykn dhimma humnaa ol hin taaneen hojii irraa badan waggaa tokko booda beeksisa qaxaraa mana hojii isaanii duraa keessatti ba'u irratti galmaa'uun dorgomanii yoo mo'atan qaxaramuu ni danda'u.

#### 4. 5.3 Sirna fuudhinsa iyyannoo

Dhimmoota kutaan hojii bulchiinsa humna namaa ykn Puuliin dhimmi ilaallatuu qulquleessuu qabu;

- a) Iyyattootni qaxaramuuf umurii seeraan murtaa'een ala akka hin taane,
- b) Akkaataa labsicha keewwata 11 keewwata xiqaa 1 (a, b fi c) akkasummas keewwataa 22 keewwata xiqqaa 1 irratti haala ibsameen qaxaramuuf ykn guddina sadarkaaf kan hin dangeffamne ta'uu isaanii,
- c) Uunkaan gaafannoo hojii sirritti guutamuun, iyyattootni qaamaan yoo hin dhiyaanne iyyata isaanii wajjin uunkaa gaaffii hojii guutanii erguu isaanii fi yeroo qormaataa dura ragaaleen barbaachisaa ta'an guutamuu isaanii,
- d) Gitoota hojjichaaf dandeettiwwan beeksisaan gaafatamaniif ragaleen dhiyaatan sirrii ta'uu isaanii orijinaala waliin mirkaneessuu qabu.
- e) Hojjattootni guddina sadarkaaf kaadhimamaa ta'anii dhiyaachuuf gaha ta'anii dhukkubaan, eyyamaan, hojii dirreetiin, ergifannaan waajjira biraatti ergaman, yeroo ji'a 6 hin calleef barumsaaf ergamanii fi k.k.f.'n sababiiwwan biroo waajjirichi beekuun kan hin argamne addaa baasee galmeesuudhaan dorgommiidhaaf akka dhiyaatan gochuu qaba,

### 5. HAALA HUNDEEFFAMA KOREE FOO'ANNOO FI FILANNOO

5.1 Koreen foo'annoo fi filannoo waggaa lamaaf tajaajilu, akkaataa barbaachisummaa isaatiin itti gaafatmaa mana hojjichaa sadarkaa kamiyyu irra jiraniinii fi filannoo hojjattootaatiin kan dhaabbatu ni ta'a. Haaluma kanaan, miseensota koree foo'annoo fi filannoo;

#### 5.1.1 Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo fi Dameewwan Mana Hojii Puuliin Alatti Jiraniif;

- a) Hojjataa, itti gaafatamaa Mana hojjichaatiin bakka bu'u.....Walitti qabaa
- b) Itti gaafatamaa kutaa ykn bakka bu'aan gitni hojii duwwaa itti argamu.....Miseensa
- c) Itti gaafatamaa bulchiinsaa fi faayinaansii ykn namni bakka bu'u..... Miseensaa fi barreessaa
- d) Hojjattoota lama hojjattoota mana hojjichaatiin filataman (haalli yoo dirqisiise malee tokka dubartii ta'uu qabdi).....Miseensa.

#### 5.1.2 Puuliiwwan Sadarkaa Godinaa fi Aanaa Irra Jiraniif:

- a) Hojjataan D/Taa'aa Bulchiinsaa ykn l/gaafatamaa Waajjira ljaarsa Dandeettiin bakka bu'u ..... walitti qabaa
- b) Hojjataan l/gaafatamaa puulichaatiin bakka bu'u .....Miseensaa fi barreessaa

- c) Itti gaafatamaan kutaa ykn bakka bu'aan gitni hojii duwwaa itti argamu.....Miseensa
- d) Hojjettonni lama hojjattootaan filataman (haalli yoo dirqisise malee takka dubartii).....Miseensa ta'u.

**5.1.3 Manneen Hojii Sadarkaa Godinaa fi Aanaatti Puulii Irraa Tajaajila Argatanii fi of Danda'anii Koree Hundeessuuf Humna Namaa Gahaa Qabaniif:**

- a) Hojjataa, I/Gaafatamaa mana hojichaatiin bakka bu'u.....Walitti qabaa
- b) I/Gaafatamaa kutaa ykn bakka bu'aan gitni hojii duwwaa itti argamu .....Miseensa
- c) Hojjataa Puulii irraa bakka bu'u.....Miseensaa fi barreessaa
- d) Hojjattoota lama hojjattoota mana hojichaatiin filataman (haalli yoo dirqisiise malee tokka dubartii).....Miseensa.

**5.1.4 Manneen Hojii Sadarkaa Godinaa fi Aanaatti Puulii Irraa Tajaajila Argatanii fi of Danda'anii Koree Hundeessuuf Humna Namaa Gahaa Hinqabneef:**

- a) Hojjataa, I/Gaafatamtoonni manneen hojii waliitti dhufanii filatan.....Walitti qabaa
- b) I/Gaafatamaa kutaa ykn bakka bu'aan gitni hojii duwwaa itti argamu.....Miseensa
- c) Hojjataan Puulii irraa bakka bu'u.....Miseensaa fi barreessaa
- d) Hojjattoota lama, hojjattoota manneen hojii of danda'anii koree hundeessuuf hin dandeenye walitti dhufanii filatan (haalli yoo dirqisiise malee, tokko dubarti).....Miseensa

**Yaadachiisa:**

- 1) Manneen hojii sababa hanqina humna namaatiin of danda'anii haala armaan olitti Lakk. 5.1.4 jalatti ibsameen koree hundeessuuf haalii mijaa'uu yoo hin dandeenye Koree Puulii Lakk. 5.1.2 irratti ibsameen fayyadamuu danda'u.
- 2) Yaadni murtii miseensota koree Itti Gaafatamaa Seektara gitni hojii itti argamuun kan mirkanaa'u ta'a.
- 3) Manneen hojii walitti dhufanii koree hundeeffataniif itti gaaftamaan Puulii dhimmi ilaalu qindeessuu qaba.

**5.2 Ulaagaalee Filatnoo Miseensota Koree**

- a) Amala gaarii fi dandeettii gaggeessummaa (Leadership quality) kan qabanii fi mana hojichaa fi hojjataa biratti fudhatama kan qaban,
- b) Hojjattoota waajjirichaa ija wal-qixa ta'een ni ilaalu jedhamanii kan itti amanaman.
- c) Hanga danda'ametti mana hojichaa keessatti waggaa lamaa fi sanaa ol kan hojjatan,
- d) Dhimmoota labsii, danbii fi qajeelfamoota hojjattoota Mootummaa ilaalchisee bahan hubatanii hojii irra olchuudhaaf dandeettii kan qaban,
- e) Raawwannaa Sagantaa Fooyya'insa Siivil Sarviisii irratti ga'ee cimaa kan qaban kanas hojii irra oolchuuf fedhii kan qaban fi tattaaffii kan godhan,
- f) Hojjataa dhaabbataa kan ta'an,
- g) Araada adda addaa irraa walaba kan ta'an,

- h) Adabbii Naamuusaa kan qaban yoo ta'ee, yeroo turmaata addabii isaanii kan xumuran ta'uu qaba.

### 5.3 Bara Tajaajila Korichaa:

Barri tajaajila miseensota koree waggaa lama caaluu hin qabu. Miseensota bara tajaajila isaanii xumuran, waggaa lama booda filachuu-dhaan waggaa lamaaf irra deebi'anii akka hojjatan ramaduun ni danda'ama.

### 5.4. Hojii fi Ittigaafatamummaa Koree Foo'annoo fi Filannoo:

- Walitti qabaan koree foo'annoo fi filannoo, sadarkaa Godinaa fi Aanaatti, hojjataan Puulii **dhimmi ilaallatu irraa** bakka bu'e, sadarkaa manneen hojii Naannootti I/Gaafatamaan Bulchiinsaa fi Faayinaansii ykn hojjataan bakka bu'e itti argamutti fi bakka buutota hojjatootaa keessaa namni tokko yoo argame filannicha raawwachuun ni danda'ama.
- Filannichi sirna meeriitii hordofee akka raawwatamu barreessaan ragaalee guutamuu qaban qindeessee ni dhiyeessa.
- Akkaataa akaakuu ulaagaa filatnootiin kaadhimamtoota wal-dorgomsiisee isa dandeetti caalaa qabu ni fila.
- Labsii fi qajeelfamoota irratti hundaa'uudhaan dhimmoota qaxaraa, jijjiirraa fi guddina sadarkaa ta'an irratti yaada murtii ni qopheessa.
- Iccitummaa marii adeemsa filannichaa irratti taasifamu akka eegamu ni taasisa.
- Yaada murtee (barruu gabaa) itti gaafatamaa mana hojichaatiif ni dhiheessa.
- Yaada murtii labsii fi qajeelfama wajjin wal-faalleessu dhiyeessinaan korichi sirna namusaa fi seeraatiin kan itti gaafatamu ta'a.

### 5.5. Hojii fi Itti Gaafatamummaa Itti Gaafatamaa Mana Hojichaa

- Itti gaafatamaan mana hojichaa yaada murtee koree irraa dhiyaatuuf qorachuudhaan mirkaneesuu ykn yaada labsichaa fi qajeelfama kana faalleessu yoo ta'e qofa (yaada quubsa ta'e) akaakuudhaan kaa'uudhaan yaada murtii korichaa diiguu ni danda'a. Beeksisni biraa akka ba'u taasisuus ni danda'a.
- Murtii labsichaa fi qajeelfama kana wajjin wal faallesu kennuun seeraan kan isa gaafachiisu ta'a.

### 5.6 Haalawwan Gitootni Hojii Duwwaan Qaxaaraan Itti Guutamuu Danda'an:

Gitoota hojii duwwa kamiyyu irratti hojjataa alaa qaxruun kan danda'amu duraan dursee gudina sadarkaa ykn jijjiirraa keesatiin hojjataan bakkaaf guutuu danda'u kan hin jirre ta'uun yoo mirkanaa'e qofaadha.

## 6. ULAAGAALAA DORGOMMII QAXARAMTOOTAA

- 6.1 Mana hojichaatti, akkaatuma amala gita hojiitti kan ilaalamu ta'ee ulaagaaleen waliigalaa dorgommii sadarkaan barnootaa fi muxannoon hojii gitni hojichaa gaafatu isa gad aanaa ta'e (Minimum requiriment) irraa ka'uudhaan ta'a. Kunis qajeelfama dandeettiwwan barbaadaman keessatti kanneen ibsaman hordofee kan raawwatamuudha.

## 6.2 Qaphxiwwan Dorgomsiisuuf Gargaaran.

### Sirna qaxaqrax keessatti:

- Qormaata beekumsaa (Knowledge),
- Dandeettii addaa (Skill) fi
- Dandeettii hojjichaaf barbaadamu akka qaphxii madaaliitti ni fudhatamu

## 7. HAALA QORMAATNI DORGOMTOOTA QAXARAATIIF ITTI KENNAMU

### 7.1 Qaphxiin Qormaata Dorgomtoota Haala Itti Kennamu Keessaa:

- Korichi dorgomtoota keessaa kanneen dandeettii quubsaa qaban filuudhaaf qormaanni jechaan (Interview), barreeffamaa fi gochaa (dalagaan) duraan dursee bu'aa qabeesummaanii fi amantummaan isaa ogeessaan mirkanaa'ee ni kennama. Qormaata akka baayyina dorgomtootaatti nama tokkoof kophaatti dhiyeessuudhaan ykn waliin bakka tokkotti kennuun ni danda'ama.
- Qormaatachis:  
Hojii fi itti gaafatamummaa gita hojjichaa sirriitti fiixaan baasuuf beekumsa dandeettii addaa (Skill), dandeettii fi amaloota barbaadaman kanneen biroo wal-dorgomtoota irraa eegamu madaaluuf kan dandeessisu, wal-dorgomtoota hundumaaf kan wal-fakkaataa ta'e tokkoo tokkoo isaaniitiif yeroo wal-qixxee kan kennu ta'uu qaba.
- Qorumsa qooqaa dorgomtootaaf kennamu koreedhaan kan dhiyaatu dorgomtootni marii gareetiin ykn kophaatiin deebii kan itti kennan ta'uu ni danda'a. (Uunkaa-07 ilaallata)
- Gitoota hojii qormaata gochaa (dalagaa) barbaachisu irratti:
  - Qormaata gochaatiif (Practical) ..... 80 %
  - Qormaata jechaa (Interview) ..... 20 % ni ta'a
- Gitoota hojii qormaata gochaa (dalagaa) hin barbaachifne irratti,
  - Qormaata barreeffamaa ogummaa (Skill) barbaachisu irratti hundaa'e 70% yoo ta'u,
  - Qormaata jechaa (Interview), fi dandeettii ogummaa irratti hundaa'e 30% ta'uu qaba.
- Qormaata kamiif iyyuu dorgomtootni mo'atanii filatamuu qaban yoo xiqqaate bu'aa qormaatachiin 50 % argachuu qabu. Akkaataa labsichaa keewwata 13, keewwata xiqqaa 3(a) fi (b) irratti ibsameen miidhamtoota qaamaa fi dubartootni dursa qaxaraa akka argatan ni taasifama.

### 7.2 Haala Kanaan Qaphxii Qoramataan Argame Irratti,

- Qabxileen dubartootni fi dhirootni argatan qaphxiin waliigalaa argatan wal-qixa ykn garaagarummaan gidduu isaanii jiru qaphxii 1 hanga 3 yoo tahe, dursi dubartootaaf ni kennama.
- Qaamaan miidhamtootaaf ammoo qaphxiin waliigalaa argatan wal-qixa ykn garaagarummaan jiru qaphxii 1 hanga 4 yoo tahe, dursi qaama miidhamtootaaf ni kennama.
- Qaamaan miidhamtootni dubartoota yoo tahan, qaphxiin kennamu kan qubee "b", irratti caqasame akkuma jirutti tahee akkataa qubee "a" jalatti ibsameen dursi dubartootaaf kan kennamu taha.
- Koreen foo'annoo fi filannoo akka barbaachisummaa isaatti dhaabbiilee barumsaa ykn Instiitiyuutii ogummaa barbaachisu (dhimmi ilaalu ) dhiyeenyatti argaman waliin ta'uudhaan qormaata barreeffamaa, jechaa fi gochaa (dalagaa) qopheessuudhaan kennuu ni danda'u,
- Instiitiyuutiin dhiyeenyatti kan hin argamne yoo ta'e, manneen hojii ol'aanaa qunnamtii hojii waliin qaban bakka buusuudhaan qaxari raawwatamee fi dorgomtootni moo'atan akka ergamaniif taasisuu ni danda'u. Manneen hojii bakka bu'aan koree foo'annoo fi filannoo isaanitti dhiyeessuu fi qormaata kennuudhaan ykn instiitiyuutii dhimmi ilaallatutti erguudhaan ykn korichi Instiitiyuutii ilaallatu waaliin ta'uudhaan haala qajeelfamaa fi seera qaxaraatiin filachuu ni danda'u.

### 7.3 Muuxannoo Hojii fi Qaphxii Dorgommii Ilaalchisee;

- a) Gitoota hojii haala imaammata barumsa duraan jiruun dorgomtoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> xumuranii fi sanaa gad jiraniif akkasumas haala imaammata barumsa bara 1992 fi sana booda jiruutiin kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi sanaa gadi sadarkaa barumsaa adda addaa affeeran irratti muuxannoon hojii dorgomtootni qaban kallattiidhaan qunnamtii qabaates qabaachuu baatus jedhamee osoo hin ilaalamiin akka ittiin dorgoman ni taasifama. Kana jechuun qormaata kan dabran taanan muuxannoon qaban kallattii ta'us ta'uu baatus ni qabamaaf jechuudha.
- b) Haata'u malee, gitoota hojii ogummaa addaa, sartifikeeta teekinikaa, dippiloomaa teekinikaa fi kkf gaafatan irratti muuxannoo hojii kallattiidhaan qunnamtii qabu dhiyeeffachuu qabu. Gitoota hojii kana irratti dorgomuuf ogummaadhaan, barumsaa fi muuxannoodhaan dandeettii gitni hojichaa gaafatu kallattiidhaan ykn haala gara biraatiin ykn karaa kallattii hin taaneen qunnamtii qabuun (Indirectly) guutuu qabu .

### 7.4 Eggatummaadhaan Qaxara Raawwachuu

- a) Gitoota hojii dippiloomaa kolleejjii fi digirii gaafatan irratti qaxaraan kallattiidhaan namni ulaagaa guutu yoo dhabame yeroo eggatумmaa waggaa tokko hin caalleef eggatummaadhaan qaxaruun ni danda'ama.
- b) Haala kanaan illee yaaliin godhamee /beeksisni gaazexaadhaan ba'ee hojjataa argachuun yoo dadhabame ragaaleen ittiin yaaliin godhame Komishinii Siivil Sarviisiitiif dhiyaatee yoo eeyyamame eggatummaa waggaa lama hin caalleef qaxaruun ni danda'ama.
- c) Eggatummaadhaan qaxaruun kan danda'amu gitoota hojii dippiloomaa fi digirii gaafatan irratti beeksisni keessaa ba'ee guddina sadarkaatiin ykn jijjiirraa keessaatiin namni dhiyatu yoo dhabame ykn dhiyaatanii dandeettii gad-aanaa (Minimum requirement) barbaadamu namni guutu yoo dhabamedha.
- d) Raawwannaan qaxarichaa haala sirna qaxaraa qajeelfama kana keessatti ibsame hordofeen kan geggeeffamu ta'a.
- e) Hojjetaan eggatummaadhaan qaxarame yeroo qaxara eggatummaa isaa yommuu xumuru mindaa ka'umsa gita hojichaatiif qabame dorgommii malee ni argata.

### Hubachiisa:

- 1) Haala muuxannoon hojii itti fudhatamu (qabamu) fi madaalamu hubachuuf qajeelfama kana keessatti miiltoon 06 haa ilaalamu.
- 2) Dhimma ragaa barnootaa ilaalchisee miiltoon 04 Lakk. 1-3 haa ilaalamu.
- 3) Bu'aan qormaata qaxaraa haala miiltoowwan 08 fi 09'n ibsameen qabama.

### 7.5 Bu'aa Qormataa Ibsuu

Dorgomtoota filataman, kan hin filataminii fi qaxaraaf galme'e turmaataa keessatti eggatummaadhaan qabaman addaan bahanii bu'aan isaanii haala mijaahaa ta'een akka ibsamuuf ni taasifama.

### 7.6 Dorgomaa Filatamaa Gara Hojitti Bobbaasuu

Filatamtootni kan hojitti bobba'an manneen hojii sadarkaa Naannoo jiranitti yoo ta'e, tajaajila bulchiinsa hojjattootaa mana hojichaatiin ta'a. Sadarkaa Godinaa fi Aanaatti gama Puulii itti tajaajilamaniin ykn kanneen puuliin alatti jiraniif mana hojii qaxarri itti raawwatameen ni ta'a.

### **Raawwiin isaas;**

- a) Yeroon filatamtootni gabaasa itti godhan beeksisa mana hojiitiin ni ba'a. Beeksisichi guyyoota kudahaniif (10) turuu qaba. Dorgomtootni mo'atan guyyoota 15 keessatti foormalitii qaxaraa guutanii hojii akka jalqaban taasifamuu qaba. Guyyaa kana keessatti yoo dhiyaachuu baatan eeggatumaadhaan kanneen qabaman keessaa akkaataa wal-duraa duuba sadarkaa ykn qaphxii isaaniitiin ni waamamu.
- b) Dorgomaan filatame gara hojiitti osoo hin bobba'in dura waa'ee hojichaa hubannoo ga'aa qabachiisuuf sadarkaa Naannootti kutaa bulchiinsa hojjettootaatiin, sadarkaa Godinaa fi Aanaatti **Puullii** itt tajaajilamaniin ykn mana hojii qaxareen ibsii fi akkuma haalichaatti leenjiin ni kennamaaf. Hojjettoonni haaraa mana hojii tokko keessatti ramadaman ragaalee;
  - 1) Hawwii,(galma) akeekaa fi kaayyoo mana hojichaa,
  - 2) Imaamtoota ijoo, qajeelfamoota raawwii fi caasaa mana hojichaa,
  - 3) Dirqama isaan irraa eegamu fi kana fakkaatan ibsan akka argatan ni taasifama. Dabalataan kutaa hojichaa fi akkuma barbaachisummaa isaatti ittigaafatamtootaa fi hojjettoota mana hojichaa wajjin akka wal-baran ni taasifamu.
- c)Xalayaan qaxara yaalii dorgomtoota mo'ataniif kennamuu qaba. Xalayaan qaxara yaalii hojjataaf erga kennameen booda haala sirna naamuusaa hordofneen alatti yeroo qaxara yaalii ji'oota jahaa keessatti hojjatichi hojjachuu akka hin dandeenye hanga mirkanaa'utti hojii irraa geggeessun ykn qaxara haquun hin danda'amu.
- d)Dorgomtootni mo'atan duraan hojjataa Mootummaa kan turan fi gitoota hojii asiin dura irratti ramadamnii hojjachaa turan waliin wal-fakkaatu irratti dorgomanii kan mo'atan yoo tahe, yeroo yaalii ji'a jahaa osoo hin barbaachisin xalayaa qaxara dhaabbii kennuun ni danda'ama. Hojjattootni haala kanaan qaxaraman akkaataa labsicha keewwata 32(3) irratti ibsameen fayyadamtoota heeyyama waggaa ni ta'u. Ragaa seenaa jireenyaa fi ragaa biraa barbaachisan mana hojii isaanii duraanii gaafachuudhaan fudhachuu qabu.
- e)Dorgomtootni filataman duraan dursanii hojjetaa Mootummaa yoo hin ta'iin;
  - 1) Ragaa fayyummaa mana yaalaa,ni dhi'eeffatu.
  - 2) Yakka irraa bilisa ta'u isaanii kan ibsu bu'aa qorannoo ashaaraa poolisii (qorannoo mallattoo qubaa)ni dhiyeeffatu.
  - 3) Waadaa (kakuu) fi uunkaa seenaa jireenyaa akka guutanii fi ragaalee kanneen biraa guutamuu qaban akka guutan ni taasifama.
  - 4) Hojjettootni yeroo yaalii ji'a jahaatiif qaxaramuu isaanii kan ibsu xalayaa qaxaraa, akaakuu hojii, hojii ijoo raawwataniif fi qajeelfamni osoo hojiitti hin bobba'in dura ni kennamaaf. Xalayaan qaxara yaalii;
    - i. Maqaa hojjetaa qaxaramee,
    - ii. Kutaa hojichaa,
    - iii. Waamamaa fi sadarkaa gita hojichaa,
    - iv. Lakk.oofsa eenyummaa gita hojichaa,
    - v. Ka'umsa mindaa gita hojichaa,
    - vi. Guyyaa, ji'a fi bara hojjetichi hojii itti eegalu ofkeessaa qabaachuu qaba.

## 7.7. Haala Qaxarri Namoota Uumuriin Isaanii Waggaa 14 Ollii fi 18 Gad Ta'an Itti Raawwatamuu Danda'u

### Kaayyoo:

- a) Akkaataa imaammata barnootaa fi leenjii biyyattiitiin shamarranii fi darggagoota kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi sanaa ol tahe xumuranii umuriin isaanii waggaa 14 ollii fi 18 gad ta'anii hojii humnaa fi dandeettii isaaniitiin wal-simu akka raawwatan taasisufi. Lammiwwan qajeelfama kanaan haammatamaan qaama, fayyaa, guddina sammuu fi hamlee isaanii hanga hin miinetti fi bu'aa humna isaanii hanga hin saamnetti hojii hojjachuu akka danda'an heerri biyyoolee adda addaa fi Konvenshiniin Addunyaa waan heyyamuuf, biyyaattiin teenya illee hirmaannaa kanaa waan qabduuf, akkaataa labsichaa keeyyata 11 keeyyata xiqqaa 2 irratti tumameen qaxarri isaanii haala armaan gaditti kaa'ameen akka geggeeffamu ni taasisfama.
- b) Hojjattootni umriin isaanii waggaa 14 ollii fi 18 gadtti jiran gitoota hojii armaan gaditti ibsaman irratti bobba'anii akka hojjatan taasisuun hin danda'amu.
  - (1) Gitoota hojii itti gaafatamummaa gaafatan,
  - (2) Konkolaachisaa konkolaataa,
  - (3) Meeshaalee gurguddaa ta'an kaasuu, baachuu, dhiibuu fi harkisuu,
  - (4) Gitoota hojii meeshaalee loltuu fi waardiyyaadhaan wal-qabate,
  - (5) Hojiilee barbaacha albuudaa lafa keessaa qotaman waliin wal-qabatan,
  - (6) Hojii haLakk.anii,
  - (7) Bulchiinsa qabeenyaa fi bittaa meeshaa
  - (8) Qabduu mallaqaa,
  - (9) Gitoota hojiilee keemikaalaa, elamantootaa fi makaadhaan (Compound) wal-qabate,
  - (10) Hojii xurii dhangala'aa fi goggogaa, geejjibaa, mana fincaanii haruu fi qulqullina daandii,
  - (11) Booyii xurii dabarsan fi hojii qotiinsaa,
  - (12) Gitoota hojii ijaarsaa (Construction) keessumattuu ijaarsa meeshaa ijaarsaa biraa fayyadamuudhaan ol-bahamee ijaaramu (ijaarsa gamoo),
  - (13) Gitoota hojii miidhaa balaa geessisan fi
  - (14) Gitoota hojii abiddaan wal-qabatan (hojjattuu ittoo fi buddeenaa fi kkf.)
- c) Namoonni umuriin isaanii waggaa 14 ollii fi 18<sup>th</sup> gadi jiran hojiilee armaan olitti caqasamaniin ala ta'an irratti qaxaramuu ni danda'u.
- d) Dorgomtootni umurii caqasame keessatti argaman dorgomanii moo'atan gitoota hojii irratti ramadaman irratti guyyaatti sa'aatii 8 hojjachuu qabu.
- e) Hojii akka irraatti bobba'an ykn qaxaraman taasisfame irratti ka'umsi mindaa gita hojichaa ni kaffalamaaf.
- f) Darggagootni fi shamarrootni qajeelfama kanaan caqasaman umuriin isaanii yeroo waggaa 18 guutu gitoota hojii kam iyyuu irraatti dorgomuu ni danda'u. Muuxxannoon hojii yeroo uumuriin isaanii waggaa 14 ollii fi 18 gad ta'anii hojjatanis kan waggaa tokkoo akka muxannoo waggaa tokkootti ni qabamaaf.

## 7.8 Haala Mindaa Ka'umsa Gita Hojiitiin Ol Tahe Irratti Qaxaramuun Itti Danda'amu

- a) Akkaataa labsichaa keyyataa 17<sup>th</sup> qaxaraaf tumameen hojjattoota onnachisuu fi hojjattoota haala salphaa ta'een argachuun hin danda'amne harkisuuf, hojii haala gaarii ta'een gaggeessuuf hojjattoota qaxaramaniif mindaa ka'umsaa gita hojii itti qaxaraman irratti komishinichi yoo eeyyame gulantaa mindaa heyyamame dabaluuudhaan kaffaluun ni danda'ama. Haala kanaan, manneen hojii gaaffii Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaatiif dhi'eessuun heyyamni erga argameen booda qofa

hojii irra olchuun ni danda'u. Heyyamni osoo hin argamiin mindaa addaa ta'e kanfaluun hin danda'amu. Manneen hojii gaaffii dhiyeessan irratti mindaa addaa kanfaluun maalif akka barbachise ibsa amansiisaa fi quubsaa ta'ee fi kanaaf illee ragaalee barbaachisaa ta'an wajjin dhiyeessuu qabu.

- b) Kanfaltiin mindaa ka'umsaa ol ta'e kan raawwatamu gitoota hojii hanqinni humna namaa irratti mul'atu sadarkaa PS, PG fi OH ( ogummaa harkaadhaan ) galmaa'an qofa irratiidha. Kunis kan ta'u beeksisni yeroo sadii ba'ee ogeessota gabaa irraa argachuun yoo dhadhabame qofa ta'a.
- c) Sadarkaa gita hojii OH(Ogummaa harkaa) ta'e irratti hojjataan tokko (ogummaa ol'aanaa kan qabu ta'ee) sababa sadarkaan barnoota gad-aanaa jalaa ta'een qaxaraan, guddina sadarkaatiin fi jijjiirraa dhaan gama manneen hojiitiin hojjataa ramaduun hennaa hin danda'amne, hojjattoota kana manneen barumsaa teeknikaa ilaallatanitti erguun ogummaa barbaadamu irratti gochaan qormaata kennisiisuudhaan ragaalee ittiin qoramaaticha dabran Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaatti erguudhaan ramaddiin isaanii haala qajeelfama dandeettiwwan barbaadamaniin adda ta'een akka geggeefamu erga heyyamsiisaniin booda qofa ta'a.

#### **7.9 Qaxara Yeroo Yaalii:**

- a) Hojjettootni yeroo qaxara yaalii waa'ee hojjichaa beekumsa ga'aa akka argatan leenjii fi deeggarsi barbaachisaan ni kennamaaf. Hojicha sirriidhaan raawwachuu isaanii hordoffiin ni taasifama. Madaalliin raawwannaan hojii isaanii ni guutama.
- b) Yeroon hojjettootni yaalii irra turan ji'a jaha (6) ta'a. Madaalliin raawwannaa hojii yeroo yaalii hojjetootaa kan ji'a 3<sup>ffaa</sup> fi 6<sup>ffaa</sup> ( ji'a sadii-sadiin ) yeroodhaan guutamee kutaa hojii bulchiinsa humna namaaf dhiyaachuu qaba.
- c) Hojjettootni yeroo qaxara yaalii ji'a jaha(6) keessatti bu'aan raawwannaa hojii isaanii quubsadhaa gadi ta'e dabalataan yeroo qaxara yaalii isaanii ji'a sadiif(3) akka dheeratu ni taasifama. Bu'aa raawwannaan hojii ji'a 9<sup>ffaa</sup> yeroo jalqabamu hojjatichi akka ofsirreessu xalayaan akeekkachisaa kennamuufii qaba. Manni hojjichaa kan itti amanu yoo ta'e gara leenjiitti erguu ni danda'a.
- d) Qaxaramtoota hordoffii fi deeggarsi barbaachisu taasifameefii bu'aan raawwannaa hojii isaanii quubsaa yoo hin taane yeroon yaalii isaanii osoo hin dhumatin guyyaa 15 (kudha sahn) dursee xalayaan gaggeeffamaa akka isaan ga'u ni taasifama.
- e) Raawwannaan hojii hojjetootaa osoo hin guutamin yeroon yaalichaa yoo darbe akkaataa labsicha keewwata 19, keewwata xiqqaa 2<sup>tti</sup> gaafatamummaan akkuma eegametti ta'ee kan ji'a jaha yeroo tokkoon guutuudhaan xalayaan qaxara dhaabbii ni kennamaaf. Madaalliin ji'a "6"(jahaa) amma illee yoo guutamuuf baate akka hojjataa daabbataatti ni galmaa'u.
- f) Hojjetoota madaalliin raawwannaa hojii isaanii ji'a 3<sup>ffaa</sup> fi 6<sup>ffaa</sup>adhaan guutamee qapxii bu'aa isaanii haala quubsaa ta'een raawwatan yeroo yaalicha isaanii akkuma xumuuraaniin guyyaa shan (5) keessatti xalayaan hojjetaa dhaabbataa mootummaa ta'uu isaanii ibsu akka isaan ga'u ni taasifama.
- g) Hojjettoota qaxara yaalii haala quubsaa ta'een raawwatan yeroo itti qaxaraman irraa eegalee hojjetoota dhaabataa mootummaa ta'uun isaanii ni galmaa'a, Kanumas manni hojii dhimmi ilaalu garagalchaan KSSO beeksisuu qaba.

#### **7.10 Qabannaa Oddeeffannoo Addaa Addaa fi Galmee Turmaataa**

- a) Dorgomtoota dorgomii qaxaraa moo'atanii ramadaman kuusaa dhuunfaa isaanii keessatti ragaaleen qaxaraa guutamee taa'uu qaba.



- b) Dorgomtootni ga'umsa isaaniitiin qaphxii ol-aanaa qabaatanii **sadarkaa qaphxii fidaniin** utuu hin filatamin hafan galmee eeggatummaa irratti waggaa tokkoof tursiisuun ni danda'ama. Waggaa tokko keessatti gitni hojii dorgomiin geggeeffame irratti hojjattootni mana hojichaa keessaa irratti guddachuu ykn jijjiirramuu danda'an akka hin jirre mirkaneessudhaan galmee eeggatummaa keessaa, akkaataa wal-duraa duuba qaphxii eeggattootaatiin filatanii haala beeksisa qaxarichaatiin sadarkaa fi waamama gita hojii wal-simu irratti qaxaruun ni danda'ama.

## 8. QAXARA KAADHIMAMTOOTA EEBBIFAMTOOTAA

### 8.1. Foo'annoo

Yeroo ogeessotni iyyatan gabaa irraa dhabaman manneen hojii kaadhimamtoota eebbifamtoota Institushinii Barnoota sadarkaa ol'aanaa irraa diippilomaa kollejii fi digriidhaan eebbifaman kallattiidhaan filachuudhaan qaxaruun ni danda'ama. Raawwiin isaa akka kanaan gadiitti ta'a.

- a) Manneen hojii qaxaraan dorgomtoota affeeruuf/harkisuuf waa'ee seenaa mana hojichaa, sirna guddina sadarkaa, leenjii, carraa barnootaa, iskeelii mindaa fi faayidaawwan kanneen biraa fi kkf kan ibsu (brochure) qopheessuudhaan yoo xiqqaate bara eebbaa ji'a jaha(6) dura Institushinii barnootaa keessatti argamuun ibsi kennamuu qaba. Kun yoo bira darbame ille iyyata fuudhudhaan qaxaricha raawachuun ni danda'ama.
- b) Kaadhimamtoota eebbifamtoota ogummaa barbaadamuun foo'achuuf guyyaa eebbaa ji'a sadi dura Inistitushiinii barnootaa keessatti beeksisni maxxanfamuu qaba.

### Qabiyyeen beeksisichaas;

- 1) Maqaa mana hojii fi teessoo isaa,
- 2) Gosa ogummaa barbaadamu,
- 3) Gosa barnoota eebbifamtoota irraa barbaadamuu fi qaphxii gidduugaleessa barnootaa (average),
- 4) Ibsa gabaabaa waa'ee hojii fi faayidaa adda addaa,
- 5) Guyyaa fi bakka galmeessaa fi qormaataa kan of keessaa qabaatu ni ta'a.

### 8.2 Filannoo:

- a) Filannoon eebbifamtootaa kan raawatamu koree foo'annoo fi filannoo mana hojichaatiin yoo ta'u, raawwiin filannichaa haala adeemsa kenninsa qormaata qaxaraatiin kan raawatamu ta'a. Barattoonni Iskoolaarshippiin kennameefii mindaa argachaa barachaa jiran galmaa'uuf mana hojii isaanii irraa kiliiransii dhiyeeffachuu qabu.
- b) Manneen hojii Godinaalee fi Aanaalee jiran sababa fageenya daandiitiin raawwatachuu yoo dadhaban manneen hojii ol'aanaa waliin hojjetan bakka buusudhaan bakka jiranitti qaxaranii akka erganiif taasisuu ni danda'u.
- c) Haala kanaan, manneen hojii ol'aanaa ta'an eebbifamtoota xummura bara baajata itti aanutti barumsa isaanii xumuran irraa iyyata fuudhuudhaan ykn Inistiitiyuutii barnootaa adda addaatti argamuudhaan kaadhimamtoota qormaataaf filatamanii haala qajeelfama qaxaraatiin dorgomanii qormaaticha dabran gara Godinaalee fi Aanaalee baajataa fi gita hojii duwwaa qabanitti erguudhaan akka qaxaraman gargaarsa ni godhu.
- d) Manneen hojii Aanaalee fi Godinaalee illee haaluma kanaan, iyyata eebbifamtootaa fuudhanii haala qajeelfama qaxaraa hordofeen karaa koree foo'annoo fi filannootiin raawwachiisuudhaan

qaxaruu ni danda'u. Iyyatni dhiyaatu eebbifamtoota dhaabbilee barnoota ol'aanaa Mootummaa fi akkasumas dhunfaa Mootummaadhaan beekumsa argatan irraa ta'a.

- e) Namoonni ji'oota 9(sagal) dura eebbifaman beeksisa mana hojichaatiin gabatee beeksisaa ykn gaazexaadhaan ba'an irratti hundaahuudhaan ni dorgomu.
- f) Kenninsa qaphxii fi filannoo irratti; Dubartootaa fi qaamaan miidhamtootaaf qaxaruu irratti dursa kennuuf akkaataa qajeelfama kana Lakk. 7.2 "a", "b" fi "c" irratti ibsameen qaxara bifa adda addaatiin geggeeffamu kam iyyuu irratti ittiin gargaaramuun barbaachisaadha.

## **9. QAXARA KONTIRAATAA**

### **9.1 Qaxara Kontiraataa Yeroo Dheeraa.**

Manneen hojii Mootummaa keessatti;

- a) Akkaataa labsicha keewwata 20tiin gita hojii itti fuufinsa hin qabne irraatti, akkasumas hojichi amala itti fufiinsa qabu ta'ee hojjetaa dhaabbataa ta'ee hojjechuu danda'u yeroo dhabamu (kontiraataan osoo hin qaxarin duratti hojjattoota keessaa guddina sadarkaa fi jijjiirraadhaan ykn dhaabbiidhaan alaa qaxaruuf yaaliin godhamee yoo hin danda'amiin hafe), ogeessota biyya keessaa akkaataa barbaachisummaa isaatiin hojjetaa kontiraataa qaxarachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, ogummaawwan ogeessota lammii biyya keessaa argachuuf rakkisee lammii biyya alaa qaxaruun yeroo barbaachisuu fi manni hojichaa yoo itti amane dursee gaaffiin Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaaf (KSSO) dhiyaatee yoo mirkanaa'e qaxaruu ni danda'ama. Qaxara raawwatame gargalchaan KSSOf beeksisuun ni barbaachisa.
- b) Beeksisni qaxara kontiraataa yeroo dheeraa haala sirna beeksisa qaxara dhaabbii hordofeen ta'a.
- c) Qaxarri kontiraataa yeroo dheeraa filannoon isaa kan raawwatamu sirna filannoo qaxara dhaabbii hordofeen ni ta'a.
- d) Bobba'insi hojjetoota qaxara kontiraata kan yeroo dheeraa kan raawwatamu itti gaafatamaa bulchiinsa humna namaa mana hojiichaa ykn Itti Gaafatamaa Puulii dhimmi ilaallatu ykn itti gaafatamaa mana hojichaa fi namoonni qaxaraman waligaltee mallatteessaniin ta'a. Hojjettoonni hojii isaanii kan jalqaban yeroo waligaltee mallatteessan irraa eegalee ta'a.
- e) Qaxarichi yeroo turmaata waggaa lama hin caalleef ta'a. Haa ta'u malee, itti fufiinsi kontiraatichaa kan barbaachisu yoo ta'e, haala armaan olitti ibsameen waadaa waliif mallatteessudhaan yeroo kontiraatichaa ji'oota hojiif barbaachisaniif haaromsuun ni danda'ama. Bu'aa isaatis garagalchaan Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa akka ga'u ni taasifama.
- f) Gita hojii itti fufinsa qabuu fi ramadame irratti hojjatoota kontiraataan qaxaramanii waggaa tokkoof hojjatani manni hojichaa barbaachisummaa isaa yoo itti amane dursee KSSOf gaaffii dhiyeessee hayyamsiisuudhaan gara hojjataa dhaabbiitti jijjiiruu ni danda'a.
- g) Boqonnaan fi durgoon kanfalamu yoo jiraate akkasumas heyyamni boqonnaa akkaataa waada manni hojichaa fi qaxaramaan waliigalaniin ta'a.

### **9.2 Qaxara Kontiraataa Yeroo Gabaabaa**

- a) Karooraan kan hin qabamne haalli ariifaachiisaanii fi hojiin tasaa yeroo mudatu, sadarkaa Godinaa fi Aanaatti Mana hojii ilaallatuun (seekaraan), Manneen hojii sadarkaa Naannootti itti gaafatamaa mana hojichaatiin yoo murtaa'e, yeroo ji'a jahaa (6) hin caalleef hojjetoota kontiraataa yeroo gabaabaa qaxaruudhaanii fi garagalchaan Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa beeksisuudhaan hojjechiisuun ni danda'ama.

- b) Hojichi ji'a jaha (6) keessatti yoo xumuramuu baate qaxara kontraatichaa yeroo ji'a jaha (6) hin caalleef dheereesuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, hojichi itti fufinsa kan qabu tahee argamnaa manni hojichaa KSSOf gaaffii dhiyeessuudhaan gitni hojii akka banamu taasisuu ni danda'a.
- c) Manneen hojii sadarkaa Naannoo jiran keessatti itti gaafatamaan kutaa hojichaa fi itti gaafatamaan tajaajila bulchiinsa humna namaa, sadarkaa Godinaa fi Anaatti itti gaafatamtoonni seektarootaa ykn Itti gaafatamtoota Puulii dhimmi ilaallatu waliin ta'uudhaan gita hojiichaa irratti hojjataan kontiraata qaxaramu dandeettii, beekumsa, dandeetti addaa (Skill) barbaachisu ni baasu.

### **Raawwanaan qaxarichaa:**

- (1) Beeksisa gita hojii duwwaa gabatee beeksisaa mana hojichaa irratti maxaansuudhaan kan dhihaatan waldorgomsisuun ykn,
  - (2) Kanaan dura hojjetaa dhaabbatummaaf dorgomanii qaphxii ol-aanaa argataanii galme'e eeggatootaa (waiting list) keessatti kan qabaman keessaa haala walduraa duuba isaanitiin filaachuudhaan ykn,
  - (3) Kanaan dura hojii walfakkaatu irratti namoota kontiraataan qaxaramanii hojjetaa turan waamanii waliigalatee haaromsuudhaan ta'a.
- d) Sababa arifaachiisaa fi balaa tasaatiin haala armaan olitti (Lakk. 9.2 "c"/1,2,3) ibsameen qaxaricha raawwachuuf kan hin danda'amne ta'uu isaa itti gaafatamaan mana hojiichaa yeroo mirkaneessu karaa biraa haala miyeessuudhaan qaxaruun ni danda'ama. Haa ta'u malee, raawwiin qaxarichaa haala kamiiniyyuu loogii akka hin qabaanne ittigaafatamummaan kan mana hojiichaatiidha.
  - e) Bobba'insi hojjetoota kontiraataa kan yeroo gabaabaaf qaxaraman xalayaa qaxaraa itti gaafatamaa kutaa bulchiinsa humna namaa ykn Itti Gaafatamaa mana hojichaa ykn Itti Gaafatamaa Waajjira Puulii dhimmi ilaallatu irraa kennamuun hojii irra oola. Xalayaan qaxaraa kun gosa hojii, amala hojiichaa, mindaa fi yeroo qaxaraa ibsuu qaba. Xalayaa kana irratti mirigi fi dirqamni hojjetichaa ifaan ta'uu qaba.

## **10. GUDDINA SADARKAA**

### **10.1 Kaayyoo Guddinni Sadarkaa Itti Kennamu**

Akkaataa seera bulchiinsa hojjattoota mootummaatti sababni guddinni sadarkaa hojjattootaaf sababni itti kennamuuf bulchiinsa mana hojichaa fi raawwannaa hojii mana hojichaa fooyyessuuf yaadameeti.

### **10.2 Qophii Duraa Guddina Sadarkaaf Taasifamu:**

Qophiin duraa guddina sadarkaa akkaataa qajeelfama kana Lakk. 4.1 (a, b, c, d) fi Lakk. 4.2 irratti ibsameen kan raawwatamu taha.

### **10.3 Beeksisa Guddina Sadarkaa fi Yeroo Dorgomtootni Itti Galmaa'an:**

- a) Beeksisni guddina sadarkaa yemmuu bahu ulaagaaleen guutamuu qaban akkaataa qajeelfama kana Lakk. 4.3.3 irratti ibsameen kan raawwatamu taha.
- b) Beeksisni guddina sadarkaa gabatee beeksisaa mana hojichaa irratti maxxanfamee guyyoota hojii walitti aanan kudhaniif (10) kan turu taha.
- c) Galmeen dorgomtootaa guyyaa beeksisni guddina sadarkaa bahe irraa jalqabee hanga beeksisichi maxxanfamee turutti (guyyoota kudhaniif) kan raawwatamu taha.

#### 10.4 Ulaagaalee Dorgomtootni Galmeeffamuuf Guutuu Qaban:

- Hojjataa mootummaa dhaabbataa kan tahe,
- Ulaagaalee gita hojii qajeelfama dandeettiinwan barbaadaman irratti ibsaman kan guutu,
- Yeroo turmaataa guddina sadarkaaf murtaa'e kan xumure,
- Bu'aan madaallii raawwannaa hojii gidduugaleessaa 50%fi isaa ol kan tahe,
- Soorama bahuuf ji'ootni sadiin ykn isaa ol kan hafe tahuu qaba,
- Sababa adabbii naamusaatiin guddina sadarkaa akka argatu kan hin dhoorkamin.

#### 10.5 Hojii fi Itti Gaafatamummaa Kutaa Bulchiinsa Humna Namaa:

Guddina sadarkaaf kaadhimamaa ta'anii dhiyaachuuf gaha ta'anii dhukkubaan, eyyamaan, hojii dirreetiin, ergifannaan waajjira biraatti ergaman, yeroo ji'a 6 hin calleef barumsaaf ergaman fi haalawwan k.k.f.'n sababiiwwan waajjirichi beekuun kan hin argamne adda baasee galmeesuudhaan dorgommiidhaaf akka dhiyaatan gochuu qaba,

#### 10.6 Mataa Dureewwan Dorgoomii Guddina Sadarkaa:

Sirna guddina sadarkaa keessatti mata dureewwan dorgommiidhaaf itti fayyadaman kanneen armaan gaditti ibsamaniidha:

- Qormaata beekumsaa, Dandeettii addaa, dandeettii hojjichaaf barbaadamu,
- Bu'aa madaallii raawwii hojii,
- Sadrkaa barumsaa,
- Muuxannoo hojii fi
- Qulqullina kuusaa ta'a.

#### 10.7 Haala Qaphxiin Dorgommii Guddina Sadarkaa Itti Kennamu:

- Bu'aa raawwannaa hojii (madaallii bu'aa hojii)..... 51 %
- Qormaata beekumsaa, (barreeffamaan ykn gochaan)..... 24 %
- Sadarkaa barumsaaf..... 10 %
- Qaphxii muuxannoo hojiif kennamu ..... 10 %
- Qaphxii qulqullina kuusaa..... 5 %
- Qaphxiin dubartootaa fi qaama miidhamtootaa kennamu akkaataa qajeelfama kana Lakk. 7.2 (a, b, c) irratti ibsameen kan raawwatamu taha.

#### 10.7.1 Haala qaphxiin bu'aa raawwannaa hojii itti kennamu:

- Qaphxiin bu'aa raawwannaa hojitiif kennamu 51 %. Kunis ida'amni bu'aa raawwannaa yeroo lamaa qaphxii 0.255'n baayyisuudhaan kan shallagamudha. Kana jechuun, hojjataan madaallii raawwannaa hojii yeroo lamaa 100+100 galmeessise ida'amaan 200 ni ta'a. Gara biraatiin 51 /shantamii tokko/ 200 /dhibba lamaaf/ yeroo qoodamu 0.255 ta'a.  $(200 \times 0.255 = 51)$  ni ta'a. Haaluma kanaan, bu'aan madaallii raawwannaa hojii hojjataa tokkoo yeroo lama 60 % fi 70 % yoo ta' e, kun ida'amee 130 taha.  $130 \times 0.255$  yoo baayyatu qaphxiin 51 % keessaa argachuu qabu 33.15 ta'a jechuudha.
- Hojjataan haaraa muuxannoo hojii osoo hin dhiyeessiin qaxarame hanga waggaa tokko guututti guddina sadarkaa irratti dorgumuu hin danda'u. Kun haala kanaan akka raawwatamu kan godhamu;
  - Yeroon yaalii ji'oota sagalitti dheerachuu waan danda'uuf.
  - Leenjii illee kennuufidhaan dandeettii qaxaramtootaa cimsuuf yeroo waan barbaachiisuufi.

- (3) Madaalliin bu'aa raawwannaa yeroo lamaa gadi argameen dorgomuun waan hin danda'amneefidha.
- c) Hojjataan mana hojii mootummaa biraatti hojjataa osoo jiruu bakka biraatti qaxarame madaallii bu'aa raawwannaa hojii yeroo tokko guutameef madaallii bu'aa raawwannaa hojii mana hojii duraatti galmeessise wajjin shallaguudhaan ji'a jaha booda akka dorgomu taasisuun ni danda'ama.
- d) Hojjataan jijjiiraadhaan dhufe ji'a jaha tajaajilee madaalliin hojii yeroo tokko kan guutame yoo ta'e, madaallii raawwannaa hojii mana hojii duraanii irraa fidate wajjin ida'udhaan dorgomsiisun ni danda'ama.

#### 10.7.2 Qormaata beekumsaa:

Qormaatni beekumsaa, dandeettii addaa (Skill) fi dandeettii hojiif barbaachisu madaaluu 24 % ta'a. Qormaatchi kan kennamu gitoota hojii ogummaa harkaa barbaachisan irratti gochaan (dalagaan) yammuu ta'u, gitoota hojii ogummaa harkaa hin barbaachifne irratti barreeffamaan ta'a.

#### 10.7.3 Quluqullina kuusaa:

Raawwannaa quluqullina kuusaa ilaalchisee hojjattootni naamusaan adabaman hanga adabbii isaanii xumuranitti dorgommiif dhiyaachuu ykn galmaa'uu hin danda'an. Adabbicha erga xumuranii booda garuu;

- a) Naamusa cimaadhaan kan adabaman guyyaa adabbicha xumuran irraa eegalee hanga waggaa 3 (sadii) guutanitti,
- b) Naamusa salphaadhaan kan adabaman guyyaa adabbicha xumuran irraa eegalee hanga waggaa 1 (tokko) guutanitti, haala qaphxii orneela armaan gadii irratti caqasameen shallaguudhaan dorgomsiisuun dirqama. Hojjattoota balleessaa kam iyyuu hin qabneef qaphxii guutuun 5 % ni kennamaaf.

#### Qulqullinni kuusaa haala ulaagaa orneela armaan gaditti taa'een shallaguudhaan qaphxiin ni kennama.

Lakk.	Tarkaanfii naamuusaa fudhatame	Qaphxii hir'ifamu	Qaphxii kennamu
1	Sadarkaa fi mindaa irraa gad bu'uuf	4	1
2	Adabbii mindaa ji'a lamaa fi ji'a 3(sadii) tiif	3	2
3	Adabbii mindaa hanga ji'a 1(tokko) tiif	2	3
4	Adabbii akeekkachiisa barreeffamaatiif	1	4
5	Adabbi akkeekkachiisa afaaniitiif	0.5	4.5
6	Riikoordii adabbii kamiyyuu kan hin qabne	0	5

#### 10.7.4. Haala sadarkaan barnootaa fi muuxannoon hojii itti madaalamu

Qaphxiin sadarkaa barumsaa fi muuxannoo hojiif kennamu qajeelfama kana Lakk. 10.7 irratti kan ibsame akkauma jirutti tahee haala raawwii isaa Unkaan 04, 06 haa ilaalamu.

#### 10.8 Sadarkaa Ogummaa Eeguudhaan Guddina Sadarkaa Kennamu

- a) Ogummaa tokko tokko irratti ogeessota duraan dursee dorgomsisuudhaan filachuu fi leenjisuudhaan ykn barumsa ol'aanaa akka argatan gochuudhaan ykn shaakalsiisuudhaan ga'umsa isaanii akka fooyyeeffatan gochuudhaan ga'umsi isaanii fooyya'uun yoo mirkanaa'uu fi hojjattoonni biraa gita hojii ogeessota kana irratti ramaduuf yaadame irratti dorgoman mana

hojjichaa keessa yoo hin jiraanne sirna guddina sadarkaa osoo hin hordofin jechuunis beeksisa baasuu fi dorgomsisuun osoo hin barbaachisiin ulaagaalee dandeettiinwan barbaadaman irratti hunda'uudhaan sadarkaa gita hojii fi ka'umsa mindaa olaanaa sadarkaa 2 (lama) hin calletti ramaduun ni danda'ama.

- b) Hojjattooni dhunfaadhaan baratan mindaan isaanii ka'umsa mindaa sadarkaa barnoota isaanitiin gadi yoo ta'e, ragaa barumsichaa hennaa dhiyeeffatan, gitni hojii duwwaa barumsa isaanii wajjin kallattiin qunnamtii qabuu fi qixa ta'e yoo jiraate fi hojjatootni biroo gita hojii kana irratti dorgoman kan hin jirre ta'uun yoo mirkanaa'e ramaduudhan mindaa ka'umsa barumsichaa kanfaluun ni danda'ama.
- c) Gitoota hojii olaanaa waggaa 1 ol eeggatummaadhaan hin eegsisine irratti ramadamanii ka'umsa mindaa sadarkaa barnootichaa herreeguudhaan akka argatan ni taasifama. Ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojjichaa argachuu kan danda'an garuu, haala qajeelfama guddina sadarkaa hordofeen yoo raawwatame qofaadha.

### 10.9 Filannoo Guddina Sadarkaa Xumuruu

- a) Filanichatti miseensonni korichaa marii waliitiin bu'aa wal-fakkaatu irra ga'uu qabu. Adeemsa kenninsa qaphxii irratti garaagarummaan ballinaan yoo jiraate, garaagarummaa dhiphisuuf marii ga'aa gochuun garaagarummaa dhabamsiisanii walii-galtee wal-wajjiin irra ga'uuf tattaaffii gochuun ni filatama. Waliigaltee wal-wajjin irra ga'uun yoo hin danda'amnee fi miseensonni koree garaagarummaa yoo qabaatan akaakudhaan barreeffamaan garaagarummaan isaan gidduu jiru akka galmaa'u ni taasifama. Sagaleen miseensotaa wal-qixa bakka lamaatti yoo qoodame yaadni walitti qabaan koree deeggare ni dabra.
- b) Itti gaafatamaan mana hojjichaa guddina irratti yaada murtee koree irraa dhihaatuuf qorachuudhaan itti gaafatamaa kutaa gitni hojii itti argamu wajjin mari'achuudhaan sababa isaa akaakuudhaan barreessee mirkaneessuudhaan ykn haquudhaan murtii dhumaa ni kenna.
- c) Yaada murtee koree osoo hin fudhatiin yoo hafe, yeroo guyyaa 5 hin caalle keessatti sababii osoo hin fudhatin hafeef barreeffamaan ibsuudhaan guddinni sadarkichaa irra deebi'amee akka ilaalamu yeroo tokkoof qofa koreef ni deebisa.
- d) Korichi sababa itti gaafatamaa mana hojjichaatiin kenname ilaalee yeroo guyyaa 3 hin caalle keessatti yaada isaa duraa jijjiiruudhaan ykn isuma mirkaneessuudhaan yaada isaa barreeffamaan itti gaafatamaaf ni dhiyeessa. Itti gaafatamaan mana hojjichaa yaada murtee koreen irra deebi'ee dhiyeesse qorachuudhaan murtee dhumaa sirriidha jedhee itti amane guyyaa shan keessatti ni kenna.
- e) Xalayaan guddina sadarkaa hojjatichaa guyyaa itti gaafatamaan mana hojjichaa mirkaneesse irraa kaaasee guyyoota kudhan (10) keessatti hojjataaf kennamuu qaba.
- f) Hojjataan yeroo tokko guddina sadarkaa argate hanga **waggaa tokko** guututti guddina sadarkaa biraa geggeeffamu irratti dorgomuu hin danda'u. Kunis guddini sadarkaa kennamu madaallii bu'aa raawwannaa karoora waggaa kan yeroo lama irratti kan hundaa'u waan ta'uufidha..

### 10.10 Kanfaltii Mindaa Guddina Sadarkaa:

Hojjataan mootummaa gudinni sadarkaa kennameef;

- a) Mindaan isaa kan duraa ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojii itti guddatee gadi yoo ta'e, ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojii guddina itti argatee ta'a.
- b) Mindaan isaa kan duraa ka'umsa mindaa gita hojii guddina itti argate waliin qixa yoo ta'e, ykn isaa ol yoo ta'e, mindaa duraa irratti gulantaan tokko ni ida'amaaf.

- c) Mindaan isaa kan duraa fiixee ka'umsa mindaa gita hojii guddina itti argatee waliin qixa yoo ta'e, ykn isaa ol yoo ta'e mindaan isaa minduma isaa duraan argatu ta'a.
- d) Kanfaltiin mindaa guddina sadarkaa hojii irra kan oolu guyyaa jalqaba ji'a xalayaan guddina sadarkaa hojjetichaa ibsu ba'ii ta'e irraa jalqabeeti dha.

#### **11. HOJJETTOOTA GITOOTTA HOJII OL'AANAA IRRATTI BAKKA BU'INSAAN RAMADUU**

- a) Gita hojii sababoota adda addaatiin namni irra hin jirree fi yeroodhaaf duwwaa ta'ee turuu hin dandeenye irratti itti gaafatamaan mana hojjichaa, itti gaafatamtoota ykn hojjettoota mana hojjichaatti argaman keessaa kan gahumsa qaban filachuudhaan ykn koreen foo'annoo fi filannoo akka wal-dorgomsiisu taasisuudhaan hojjataa filatame bakka bu'insaan ramaduun ni danda'ama.
- b) Hojjettootni gitoota hojii oogkansaa irratti bakka bu'insaan ramadamanii hojjetan hanga yeroo gita hojii kana irra turanitti durgoo fi faayidaaleen biraan seeraan gita hojjichaatiif murtaa'e /yoo jiraate/ ni kanfalamaaf.

#### **12. HAALA GITOOTTA HOJII IRRA DEEBI'AMEE FOOYYA'EE RAMADAME IRRATTI HOJJATTOOTNI ITTI RAMADAMUU DANDA'AN.**

- a) Gitootni hojii gara sadarkaa ol-aanaatti fooyya'anii yammuu ramadaman hojjetootni gita hojjichaa irra turan dandeettii fi gahumsa barbaachisu kan guutan ta'uun isaanii yoo mirkanaa'e dorgommii tokko malee ka'umsa mindaa sadarkaa ol-ka'e akka argatan ni taasifama.
- b) Caasaan mana hojjichaa jijjiirramee akka haaraatti kan gurmaa'e yoo ta'e, hojjattootni dorgommiidhaan ni ramadamu.
- c) Hojjettootni madaalliwwan gahumsa hojii kan biraa guutanii dandeettii barbaachisaa gitni hojii fooyya'e gaafatu keessaa muuxannoon hojii hanga waggaa tokkoo gahu qofti kan hafu yoo ta'e, giticha eeggatummaadhaan qabatanii akka turan taasisuudhaan hojjetootni akkuma guutaniin ka'umsa mindaa gita hojjichaa akka argatan ni taasifama. Muuxannoon hojii gita hojjichaaf barbaachisu waggaa-tokko osoo hin hirratin guutuu qaba.
- d) Yeroo guddinni sadarkaa kennamu ykn sababa gurmaa'insa Caasaa haara'atiin yeroo ramaddiin hojjattootaa geggeeffamu gitoota hojii haala imaammata duraatiin kuutaa 12<sup>ffaa</sup>, haala ammaatiin kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi sanaa gadi gaafatan irraatti muuxannoo qabaniin yoo guutan sadarkaa 4-6tti, gitoota hojii ogummaa fi teeknikaa ykn profofeeshinaalaa gaafatan kami iyyuu irratti sadarkaa 3(sadii) ol siqsuudhaan guddisuun ykn ramaduun hin danda'amu. Ramaddii sababa jijjiirrama caasaatiin geggeeffamu irratti eeggatummaa waggaa tokko hin caalleef ramaduun ni danda'ama.
- e) Hojjataan sababa gurmaa'insa caasaatiin guddina ykn sadarkaa fi mindaa ol'aanaa irratti ramadame guddina sadarkaa irratti waggaa tokko osoo hin eegin yeroo kam-iyyuu beeksisa guddinna sadarkaa ba'u irratti galmaa'ee dorgomuu ni danda'a.
- f) Caasaa sababa gurmaa'ina addaa ta'een jijjiirrame irratti haalli barbaachisummaa isaa ilaalamee qajeelfamni biraa ramaddii hojjattootaa yeroo sanaaf qofa fayyadu Komishiniin Siivil Sarviisii baasuu ni danda'a.

### **13. YEROO GITNI HOJII DACHA'U YKN MANNI HOJII CUFAMU HAALA RAMADDIIN HOJJETOOTAA ITTI GEGGEEFFAMU**

- a) Akkaataa labsicha keewwata 25tiin hojjatootni gitoota hojii dacha'an irra turan mana hojiichaa keessatti gitoota hojii dacha'an wajjin walqixa ta'an dandeettii hojjattootaan wal-simu irratti ni ramadamu. Hojjatootni sadarkaa manneen hojii Naannootti ramaddii hin argatin, manneen hojii damee mana hojichaatti akka ramadaman ni godhama. Sadarkaa Godinaalee fi Aanaaleetti, gama Puulii dhimmi ilaaluutiin seektaroota gitni hojii duwwaa keessatti argamanitti akka ramadaman ni taasifama.
- b) Manni hojii tokko guutumaa guututti hennaa cufamu, hojjattooni mana hojichaa keessatti hojjachaa turan sadarkaa Godinaa fi Aanaatti gama Bulchiinsaatiin, sadarkaa Naannootti gama Komishinii Siivil Sarvisiitiin manneen hojii biraan keessatti akka ramadaman ni taasifama. Manneen hojii sadarkaa Godinaa fi Aanaa irraatti gitni hojii irratti ramadaman yoo dhabame damee mana hojii sadarkaa Naannootti erguudhaan bakki barbaadamee ramaddii akka argatan taasisuun ni danda'ama.
- c) Gitootni hojii duwwaa argaman gitoota hojii hojjettoonni irra turanii gadi yoo ta'an, waliigaltee barreeffamaan hojjattoota irraa fuudhudhaan mindaa duraan qabataniin sadarkaa gadi'aanaa irratti akka ramadaman ni taasifama. Gita hojichaa irratti mindaan duraan argatan mindaa fiixee gita hojichaa kan dabru yoo ta'e, mindaan duraan argatan ni kanfalamaaf.
- d) Hojjatootni mana hojii biraatti eeggatumaadhaan ramadaman kun ka'umsa mindaa gita hojichaa kan argatan haala sirna guddina sadarkaa hordoofeen raawwatamee yoo mo'atan qofa ta'a. Haata'u malee, beeksisni guddina sadarkaa osoo hin ba'iin duraan dursee hojjatootni gita hojii eeggatumaadhaan qabatan irraa ka'anii gita hojii biroo duraan irra turan wajjin wal qixa ta'e irratti ramadamuu qabu.
- e) Filannoowwan armaan olitti xuqaman hojii irra oolchuun kan hin danda'amne yoo ta'e, akkaataa labsichaa keewwata 79 keewwata xiqqaa 1 tiin ibsameen hojjattota bara baajjataa tokko keessatti falli dhabameef (ramaduun dadhabame) qajeelfamni biraan Mootummaa irraa kennamu yoo jiraate malee Komishinii Siivil Sarviisii wajjin dubbachuudhaan hojii irraa akka geggeeffaman ni taasfama.

### **14. ULAAGAALAA GITOOTAA HOJII ITTI GAAFATAMTOOTAA QAJEELCHOTAA GUUTUUF BARBAACHISAN**

#### **14.1 Gitoota Hojii Itti Gaafatmoota Qajeelchaa Irratti Humna Namaa Guuttachuuf:**

Manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman akkaataa caasaa gurmaa'insa fi karoora humna namaa isaaniif heyyamameen gitoota hojii itti gaafatamtoota qajeelchotaa duwwaa tahan irratti hojjattoota sadarkaa barnootaa fi muuxannoo hojii gita hojii kanaaf ga'umsa qaban qaxaraan, jijjiirraadhaan, guddina sadarkaatiin fi ramaddii biraatiin (jijjiirama gurmaa'insa caasaatiin) ramaduuf haala mija'aa ta'e uumuf, hojjattoota sadarkaa barnootaa olaanaa fi ogummaa adda addaa qaban gabaa irraa harkisuuf akkasumas hojii irratti tursiisuf,

Irra caalaatti immoo kaka'umsa uumudhaan haamilee hojjattoota ogeessota kanaa jajjabeessuuf jedhamee waan itti amanameef qajeelfamni dandeettiwwan barbaadaman itti gaafatamtoota qajeelchotaatiif guyyaa 20/2/95 Lakk. KSSO /WG-39/36/413'n ba'ee ture qajeelfama kanaan bakka bu'ee akka hojii irra oolu taasisuuf dha.



### Hubachiisa:

Qaxarii fi jijjiirraan gitoota hojii itti gaafatamtoota qajeelchotaa kan gaggeefamu akkaataa qajeelfama kana keessatti foo'annoo fi filannoo hojjatoota birootiif baheen taha.

## **14.2. Guddina sadarkaa Itti Gaafatamtoota Qajeelchotaa**

### **14.2.1. Adeemsa raawwannaa guddina sadarkichaa**

Gitoota hojii itti gaafatamaa qajeelchootaa ta'an irratti guddina sadarkaatiin hojjatoota ramaduuf qabxileen madaallii bu'uura armaan gaditti mul'atan hordofuudhaan gaggeeffama.

- a) Itti gaafatamaan mana hojichaa dhimmi ilaallatu hojjatoota sadarkaa qajeelchaa ta'an irratti guddina sadarkaatiin ramadamuu danda'an akka barbaachisummaa isaatti mana hojichaa fi dameewwan mana hojichaa jala jiran (manneen hoji Aanaalee dabalatee) keessaa filuudhaan dorgommiif koree Fo'annoo fi Filannotti ni dhi'eessa.
- b) Itti gaafatamaan mana hojichaa hojjatoota dorgommiif yeroo filatu:
  - (1) Itti gaafatamuummaa fudhachuuf qophaa'insa qaban,
  - (2) Karoora mana hojichaa haala barbaadamuun raawwachuuf ykn hojii irra oolchuuf ga'umsa qaban,
  - (3) Imaammata fi tarsiimoo Mootummaa (galmaa fi kaayyoo) fiixaan baasuf kutannoo qaban (Commitment)
  - (4) Malaammaltummaa irraa bilisa ta'uu isaanii fi
  - (5) Naamusa gaarii qabaachuu isaanii hubannoo keessa galchuu qaba.
  - (6) Bu'aan madaallii raawwannaa hojii dorgommiif dhiyaachuun danda'amu qaphxiin madaallii gidduugaleessaa yeroo lamaa 50 %fi sanaa ol kanneen qabaniif qofa tahuu qaba.
- c) Dubartootaa fi qaama miidhamtoota ilaalchisee foo'annoo fi filannoon itti gaafatamtoota qajeelchotaa haalli itti raawwatamu akkaataa qajeelfama kana Lakk. 7.2 (a, b, c ) irratti ibsameen taha.
- d) Haalli raawwannaan kenninsa qaphxiin madaallii raawwannaa hojii gitoota hojii itti gaafatamtoota qajeelchaa akkaataa qajelfama kana Lakk. 10.7.1 jalatti ibsameen taha.
- e) Guddina sadarkaatiin ramaddii itti gafatamtoota qajeelchotaa geggeessudhaaf safartuu koreen foo'annoo fi filannoo ittiin gargaaramu haala armaan gaditti ibsameen qaphxii kennuudhaan ta'a. Safartuuwwan kun kuusaa hojjatootaa fi dhimmoota biraa dhiyaatan xinxaluudhaan kan raawwatamu ta'a.

- 1) Bu'aa madaallii raawwanaa hojii (karoora hojiif qophaa'e qulqullinaan yeroo murtaa'e keessatti haala bu'a qabeessa ta'een raawwachuu) ..... 51 %
- 2) Qaphxii qormaataan kennamu..... 15 %
- 3) Sadarkaa barnootaa tiif ..... 10 %
- 4) Muuxannoo hojii.....10 %
- 5) Qulqullina kuusaa..... 5 %
- Ida'ama ..... 91 %**
- 6) Qaphxii itti gaafatamaa mana hojichaatiin kennamu..... 9 %
- Qaphxii Ida'ama waliigalaa ..... 100 %**

### Hubachiisa

- (1) Haala Muuxannoon hojii itti qabamu, hojjataan itti madaalamuu fi qaphxiin sadarkaa baruumsaatiif kennamu uunkaa Lakk.oofsa 04,05 fi 06 irraa hubachuun ittiin gargaaramnuun ni barbaachisa.

(2) Qaphxiin (1% irraa kaasee hanga 9 %)Itti gaafatamaa mana hojjichaatiin kennamu uunkaa 11 qajeelfama kana keessatti jiru irratti guutudhaan waan ta'uuf ittiin haa gargaaramnu.

- 14.2.2 Haala ulaagaa kenninsa qaphxii Lakk. 14.2.1 "e" irratti ibsameen qaphxiin koree foo'annoo fi filannootiin kennamu hanga 91 %<sup>tti</sup> qofa yammuu ta'u, qaphxiin 1 % - 9 % tti itti gaafatamaa mana hojjichaatiin kan kennamudha.
- 14.2.3 Itti gaafatamaan mana hojjichaa ragaalee koreedhaan yaada murtii waliin dhiyaataniif tokko tokkoon qoratee seera qabeessa ta'uu isaanii erga mirkaneesseen booda qaphxii 9% gama isaatiin kennamuu qabu keessaa haala madaallii isaatiin tokkoo tokkoo dorgomtootaatiif 1 % irraa kaasee hanga 9%<sup>tti</sup> qaphxii korichi kenne irratti dabaludhaan isa 1<sup>faa</sup> ba'e ni filata.
- 14.2.4 Gita hojii itti gaafatamaa qajeelchaa dorgommiif bahe kana irratti hojjattoota qajeelfama dandeettiinwan barbaadaman guutuu danda'an argachuuf rakkisaa ta'ee yammuu argamu hojjattoota dorgommii keessatti hirmaatan keessaa hojjataan filatamu tokko sadarkaa fi mindaa gita hojjichaa argachuuf yeroo waggaa tokko hin caalleef isa tursiisu eeggatammaadhaan akka ramadamu itti gaafatamaan mana hojjichaa ni murteessa.
- 14.2.5 Akkaataa Lakk. 14.2.4 irratti ibsameen itti gaafatamaan mana hojjichaa guddina sadarkichaa erga mirkaneesseen booda hojjattoonni guddina argatan xalayadhaan akka beekan yammuu taasifamu (barruu gabaa guddina sadarkichaa wajjin) garagalchaan Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaatti dhiyaatee raawwanaan isaa akkaataa qajeelfamaatiin ta'uun isaa mirkanaa'ee ni galmeeffama.

### **14.3 Kaffaltii Mindaa**

- 14.3.1 Kaffalltiin mindaa raawwatamu akkaataa qajeelfama kana Lakk. 10.10 (a,b, c, fi d) irratti ibsameen kan raawwatamu taha.
- 14.3.2 Hojjattootni eeggatammaamaadhaan itti gaafatamtoota qajeelchotaa tahanii ramadaman yeroo turmaata isaanii xummuranii ka'umsa mindaa gita hojjichaaf qabame argchuu kan danda'an yeroo turmaata isaanii keessatti bu'aan raawwanaan hojii isaanii quubsa tahee yoo argame qofaa taha.

## **15. JIJJIIRRAA**

### **Kaayyoo**

Jijjiirraan kun hir'ina hojjattootaa (ogeessotaa) manneetii hojii qunnamu salphisuu fi hojii mootummaa caalmaatti akka milkaa'uu fi bu'aa qabeessa gochuudhaaf gitoota hojii duwwaa guuttachuuf akka gargaarufidha.

### **15.1. Jijjiirraa Keessaa fi Raawwii Isaa**

- a) Mana hojii tokko keessatti hojjattootni gita hojii tokko irraa gara gita hojii biraa wal fakkaatu irratti ykn eeggatammaadhaan yeroo waggaa tokkoo ol isaan hin eegsisne irratti ni jijjiiramu .
- b) Hojjattoota dhibee fi rakkina adda addaa qaban irraa ka'een fayyummaa fi nagummaa isaanii eeguuf gitoota hojii duraan irra jiran wajjin wal qixa ta'e irratti jijjiiruun yoo dadhabame fedhii isaanii irratti hundaa'udhaan mindaan isaanii osoo hin hirrifamin iyyata waliigaltee akka dhiyeeffatan gochuudhaan gita hojii duraan irra turan irraa gara gad-aanaa ta'etti, jijjiiruun ni danda'ama.

- c) Hojjattoota rakkina fayyaatiin gita hojii irra turan irraa isa gad-aanaatti jijjiiraman, yeroo gitni hojii duraan irra turan wajjin wal qixa ta'ee fi dandeettii isaanii waliin walgitu argamu dorgommii malee akka itti ramadaman taasifamuu qabu.
- d) Kaadhimamtoota jijjiirraaf galmaa'an karaa koree foo'anoo fi filannootiin wal-dorgomsiiisuudhaan ramaduun barbaachisaadha. Jijjiirraan kam-iiyyuu hojjattoota miidhuuf gaggeefamuu hin qabu.
- e) Manneen hojii olaanoon sadarkaa Naannoo, hojjattoota isaanii sadarkaa Biiroo irraa dameetti, Godina tokko irraa gara Godina gara biraatti, Godinoota irraa gara Biirootti gaaffii hojjattootaa irratti hundaa'uun jijjiiranii hojjiisuu kan danda'an yammuu ta'u, Aanaalee irraa fudhachuuf garuu, dursanii waajjiraalee Aanaalee irraa walta'insa argachuu qabu.
- f) Hojjataan jijjiirraa argate tokko mana hojii itti jijjiirame keessatti yoo xiqqaate waggaa tokko turuu qaba.

### 15.2. Jijjiirraa Alaa

Hojjataa tokko jijjiirraadhaan alaa (mana hojii biraa irraa) fudhachuun kan danda'amu hojjattoota mana hojichaa keessa jiran keessaa jijjiirraadhaan ykn guddina sadarkaaatiin ramadamuu kan danda'an kan hin jirre ta'uu isaa yoo mirkanaa'e qofaadha.

Akkaataa labsii hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 104/1997 labsii hojjetoota mootummaa Lakk. 61/94 keewwata 25/1 foyyesuuf baheetti, hojii mootummaatiif barbaachisaa ta'ee yoo argame:

- a) mana hojii hojjetichi itti hojjetuu fi mana hojii hojjetichi itti jijjiiramu giddutti walii galteen yoo taasifame,
- b) Hojjetichi jijjiiramauf yoo walii galee fi
- c) Komishinichi yoo mirkaneesse,

hojjataan mootummaa dhaabbataan mana hojii mootummaa tokko irraa kan biraatti jijjiiramuu ni danada'a.

Haaluma kanaan, Naannoo Oromiyaa keessatti; Biiroo tokko irraa gara Biiroo biraati, seektaroota adda addaa Aanaa tokko keessa jiran gidduutti, mana hojii Aanaa tokko irraa gara mana hojii Aanaa birootti, manneen hojii (seektaroota) Godina irra jiran gidduutti, Seektaroota Aanaalee fi Seektaroota Godinaa Gidduutti, Aanaalee fi Biiroolee Giddutti, Manneen hojii Federaalaa fi manneen hojii Naannoo Oromiyaa Gidduutti, Naannoo Oromiyaa fi Naanoolee biroo gidduutti, Manneen hojii labsii dhimma hojjattootaa labsii Lakk.377/96'n bulan fi Naannicha gidduutti, akkasumas hojjattoota Siivillii ilaalchisee Ministeera Ittisa Biyyaa, Komishinii Poolisii fi Manneen Hojii Naannichaa gidduutti kan raawwatamu ta'a. Jijjiirraan alaa manneen hojii Mootummaa Naannichaa gidduutti raawwatamu walii galtee manneen hojii lamaan gidduutti taasifamuun ta'ee hojjetaan jijjiiramauf fedhii qabaachuu qaba. Jijjiirraa Hojjetoota Manneen hojii Federaalaa, labsii Lakk. 377/96'n bulan, akkasumas ministeera Ittisa Biyyaa, Komishiniin Poolisii fi manneen hojii Naannichaa gidduutti raawwatamu duraan dursee Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaatiif dhiyaatee mirkanaa'uu qaba. Jijjiirraan manneen hojii Naannichaa jiddutti raawwatamu akkaataa Lakk. 15.10 irratti ibsameen ta'a.

### 15.3. Beeksisa Jijjiirraa Baasuu

- a) Manneen hojii sadarkaa Naannootti itti gaafatmaan gitni hojii duwwaa itti argamu, sadarkaa Godinaa fi Aanaatti, itti gaafatamaan mana hojii /seektaraa/ gitni hojii duwwaan itti argamu kutaa hojjattoota bulchiinsa hojjattootaatiif ykn itti gaafatamaa puulii dhimmi ilaallatuuf dhi'eessuun

karooraan akka qabamu ni taasisu. Akkaataa karooraatti, itti gaafatamtootni lamaan (puulii fi kan gitni hojii duwwaa itti argamu) waliin ta'uudhaan ogummaa, dandeettii addaa (Skill) gitni hojiichaa barbaadu murteessuudhaan beeksisa jijjiirraa ni qopheessu.

- b) Barbaachisummaan jijjiirrichaa Itti Gaafatamaa mana hojichaatiin fudhatama yoo argate beeksisni jijjiirrichaa bakka namni baayyeen arguu danda'uu fi manneen hojii Damee Gidduugaleessaa, Godinaa fi Aanaa jiran irratti ni maxxanfama.

#### **15.4. Iyyattoota Beeksisa Jijjiirraatiin Affeeruu**

- a) Beeksisni jijjiirraaf ba'u qabxilee qajeelfama kana Lakk.4.3.3 irratti ibsaman kan ammate ta'uu qaba.
- b) Iyyattootni illee akkaataa qajeelfama kana Lakk.4.4" c" irratti qaxaraaf ibsameen ni galmaa'u.
- c) Qormaatni akkaataa qabxilee qajeelfama kana Lakk. 15.8 irratti ibsameen ni raawwatama.
- d) Barruun gabaan akkaataa Uunkaa/08 ykn 09 qaxaraaf (haala gosa qormaatachaatiin) kaa'ameen ni qabama.

#### **15.5 Dhimmoota Jijjiirraa Hojjataa Dhorkisiisan.**

- a) Naamuusaan himatamee dhimmi isaa qulqilla'aa kan jiru,
- b) Naamusa cimaadhaan adabamee adabbii isaa kan hin xumuriin,
- c) Hirrina qabeenyaa fi maallaqa Mootummaa kan ofirraa qabu,
- d) Hojjataa qaxara yaalii hin xumuriin ykn hojjataa dhaabbataa Mootummaa hin taane,
- e) Giddu-galeessa bu'aan raawwannaa hojii yeroo lamaa walitti aanuun yoo xiqqaate 50 %fi sanaa ol kan hin galmeessisne,
- f) Hojjataa kontiraataa kan ta'e,
- g) Hojjataan jijjiirraa gaafate mana hojii jijjiirraadhaan irraa dhufu keessatti kan ramadamee fi Lakk.oofsi eenyummaa gita hojii kan kennamneef ta'uu isaatiif ragaa dhiyeeffachuu kan hin dandeenye,
- h) Hojjataan jijjiiramu mana hojii itti jijjiiramuuf itti iyyate keessatti gitni hojiitti ramadamuuf yaaddame duraan dursee kan hin ramadamnee fi Lakk.oofsi eenyummaa gita hojii kan hin kennamneef ta'ee yoo argame,
- i) Sadarkaa fi mindaan gita hojii itti jijjiiramu sadarkaa fi mindaa mana hojii irraa jijjiiramu wajjin kan wal fakkaatu yoo hin taane, ykn ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojiichaa itti jijjiiramu argachuuf waggaa tokkoo ol kan isa eegsisu yoo ta'e,
- j) Hojjataan jijjiiramu manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti kan hojjatu yoo ta'e, manni hojii itti hojjatu keessatti yoo xiqqaate waggaa tokko hojjachuu isanaatiif ragaa dhiyeeffachuu kan hin dandeenye,
- k) Xalayaa deeggarsaa mallattoo I/Gafatamaa mana hojii irraa jijjiiramu irraa ykn bakka bu'aa dhiyeeffachuu kan hin dandeenye, dorgomiif galmaa'uu hin danda'u.

**15.6** Itti gafatamaan kutaa bulchiinsa hojjattootaa dhimmoota armaan olitti Lakk.15.5 jalatti ibsaman qulqulleessuudhaan qormaataaf koree foo'annoo fi filannootti ni dhiyeessa.

#### **15.7 Haala Foo'annoon Kaadhimamtootaa (Dorgomtootaa) Itti Raawwatamu**

- a) Iyyattoonni heddu ta'an wayita galmaa'an itti gaafatamtoonni puulii ilaallatan (Godinaa fi Aanaatti) ykn itti gaafatamtoonni kutaa bulchiinsa hojjattotaa, (sadarkaa Naannootti) fi Damee giddu galeessotaa, itti gaafatamtoonni kutaa gitni hojii duwwaa itti argamu ykn itti gaafatamtoota

seektarootaa waliin ta'uudhaan kadhimamtoota gahaa ta'an foo'achuudhaan dorgommiif ni dhiheessu.

- b) Koreen jijjiirraa kana geggeessu Koree foo'annoo fi filannoo qaxaraa fi guddina sadarkaa geggeessu dhimma jijjiirraa illee kan geggeessu ta'a.

### 15.8 Haala kenninsa Qoramaataa

- a) Qabxileen waldorgommii haala armaan gaditti ibsameen kan gaggeeffamu ta'a.
- |  |                      |
|--|----------------------|
| 1. Qormaata barreeffamaa ykn gochaa ykn jechaa ..... | 20 %                 |
| 2. Sadarkaa barnootaa .....                          | 30 %                 |
| 3. Muuxannoo hojii .....                             | 50 %                 |
| <b>Ida'ama.....</b>                                  | <b>100% ni ta'a.</b> |
- b) Qaphxiin dubartootaa fi qaama miidhamtootaaf raawwii qaxaraa fi guddina sadarkaa irratti kennamu jijjiirraa irratti illee akkaataa qajeelfama kana Lakk. 7.2 "a" "b" fi "c" irratti ibsameen kan raawwatamu ta'a.
- c) Itti gaafatamaan mana hojichaa yaada murtii koree irraa dhihaateef qorachuudhaan murtii mataa isaa ni kenna.

### 15.9 Beeksisa Osoo Hin Baasin Haala Jijjiirraan Keessaa Fi Alaa Itti Gaggeeffamu

Beeksisa gita hojii duwwaa baasuun osoo hin barbaachisin haala adda ta'een jijjiirraa hojjattootaa gageessuun ni danda'ama.

#### Haaluma kanaan:

#### 1. Jijjiirraa Abbaa Manaa Fi Haadha Manaa Sababa Hojii Mootummaatiin Addaan Bahan Walitti Fiduuf Taasifamu.

Akkaataa sirna bulchiinsa hin waltofnetti, aangoon Aanaaleef kenname akkuma eegametti ta'ee, Abbaa manaa fi Haadha manaa sababa hojii mootummaatin iddoowwan adda addaa jiraatan wal-qunnamsiisuuf:-

- a) Jijjiirraan abbaan mana gara haati manaa jiraattutti, ykn haatimanaa gara abbaan mana jiraattutti osoo hin raawwatamiin dura gitni hojii duwwaa fi baajatni jiraachuu isaa mirkaneessuu,
- b) Sartiifikeetii fuudhaa fi heerumaa dhaabbata walii- galtee kana raawwachisu ykn dhaabbata Amantii irraa dhiyeeffachuun dirqama.
- c) Uunkaa Abbaan manaa gara Haadha manaa ykn Haati manaa gara Abbaa manaa jirutti jijjiiramuuf itti walii galuudhaan guutanii mallatteessan dhiyeessuu qabu,
- d) Jijjiirraan abbaa manaa fi haadha manaa manneen hojii Aanaa irraa gara Naannootti, Godinaa gara Naannootti, Godinaa gara Godinaatti, Aanaa gara Godinatti, Gandaa gara Aanaatti, Ganda gara Gandaatti, raawwatamu waliigaltee manneen hojii lamaan jijjiirraa kennee fi fudhateen tahee itti gaafatamaa mana hojii jijjiirricha fudhatuun yoo mirkanaa'e qofaadha. Jijjiirraa manneen hojii Naannoo irraa gara Naannootti ykn gara Federaalatti taasifamu garuu akkaataa qajeelfma kanaa Lakk. 15.12 irratti ibsameen raawwatama.
- e) Abbaa manaa fi Haadha manaa keessaa tokko hojjetaa mootummaa (Siivil Sarvaantii/ yoo hin taane /FKN. Daldalaa/ Siivil Sarvaantichi gara Siivil Sarvaanticha hin taanetti akka jijjiiramu carraan ni kennamaaf,
- f) Abbaa manaa fi Haadha manaa sababa muudamaatiin iddoo adda addaa jiraatan akkuma hojjattoota Mootummaatti fayyadamatoota ni ta'u,

- g) Hojjetoonni lamaa fi isaa ol gita hojii tokko irratti gaaffii jijjiirraa yoo dhiyeessan duraan dursee Haadhamanaa fi Abbaa manaa ijoollee qabaniif, itti aansee erga wal-fuudhanii Umurii yeroo dheeraa qabaniif dursi kan kennamuuf ta'a,
- h) Jijjiirichi sirna meeriitii kan hin faallessine ta'u isaa, manneen hojii mirkaneessuu qabu,
- i) Sirrummaa ragaalee adda addaa sababa jijjiirichaatiin dhiyaatan kan qulqulleessu manneen hojii jijjiiricha raawwachisan ta'a,
- j) Hojjetoonni ragaa sobaatiin abbaa manaa fi haadha manaa ta'u isaanii beeksisanii jijjiirraan akka taasifamuuf yaalii godhan ragichi kan sobaa ta'u isaa yoo mirkanaa'e, yeroo kam iyyuu naamusaan kan gaafataman ta'ee dabalataanis akkaataa seera yakkaa biyyatitti ni adabamu.

## **2. Jijjiirraan Aanaalee Gammoojii fi Duubatti Hafoo Tahan Irraa Taasifamu**

- a) Hojjetoota Mootummaa Aanaalee gammoojjii, baddaa (qorraa) fi duubatti hafoo keessatti waggootii sadii (3) fi isaa ol erga hojjetanii booda jijjiirraa yoo gaafatan kanneen Aanaalee biroo hojjetan dura carraan jijjiirraa ni kennamaaf. Wal-dorgomtoonni tokkoo ol yoo ta'an raawwichi dorgommiidhaan ta'a.
- b) Jijjiirraan hojjetoota waggootii dheeraaf Naannolee duubatti hafoo keessatti hojjetaa turan gara Aanaalee fi iddoowwan fooyya'ootti osoo hin taasifamiin dura iddoowwan kanatti qaxara raawwachuun dhoorkaadha.

## **3. Jijjiirraa Sababa Dhukkubaa fi Kanneen Biroo Waliin Wal-qabate**

- a) Hojjatootni sababa dhukkubaatiin gitoota hojii irra jiran irratti hojachuu akka hin dandeenyeefi akka jijjiirraman boordii haakimootaa irraa ragaa kan dhiyeeffatan yoo ta'e,
- b) Sababa dhukkubaatiin ragaa dhiyeeffatanii jijjiirraa yoo gafatan,
- c) Hojjatoota mootummaa qaamaan midhamtoota ta'anii jijjiirraa kan gaafatan,
- d) Hojjatoota sadarkaa gita hojii fi mindaa wal-qixa ta'anii gaaffii wal-jijjiirraa gaafataniif jijjiirichi heeyyamamuuf, manneen hojii beeksisa osoo hin baasiinii fi qoramaata osoo hin kennin jijjiirruun ni danda'ama. **Haa ta'u malee, jijjiirichi sirna ogummaa fi qajeelfama dandeettiwwan barbaadaman kan faallessu ta'uu hin qabu. Hojjattoonni lamaa fi sanaa ol ta'an gita hojii tokko irratti yoo gaaffii dhiyeessan sirna dorgommii jijjiirraatiin kan filataman ta'a.**

## **15.10 Jijjiirraa Maanneen Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Gidduutti Gaggeeffamuuf Bakka Bu'iinsi Aangoo Kennamuu Isaa**

Jijjiirraan hojjatootaa manneen hojii mootummaa Naannichaa kamiyyu gidduutti gaggeeffamu Komishinichaan mirkanaa'u kan qabu ta'u iyyuu, manneen hojii jijjiirraa hojjatootaa kennani, fudhatanii fi hojjatoota jijjiiraman gidduutti waliigaltee taasifamuun akka jijjiirichi raawwatmu Komishinichi akkaataa labsii 61/94 keewwata 86tti, manneen hojii mootummaa Naannichaatiif bakka bu'iinsa aangoo guutuu gaafatamummaa labsicha kana keewwata 85 irratti ibsame wajjin kan kennameef yoo ta'u, xalayaa dabalatee ragaaleen jijjiirraan ittiin raawwatame garagalchiidhaan Komishinicha ga'uu qabu.

## **15.11. Jijjiirraa Yeroo/Ergisaa/ Jijjiirraan Ergisaa Kan Rawwatamu;**

- a) Manneen hojii hojjatoota ergisanii fi ergifatan waliigaltee yoo godhan akkasumas hojjataan ergifamu yoo irratti waliigale jijjiirichi ni raawwatama.
- b) Jijjiirichi yoo baayyate waggaa tokko caaluu hin qabu. Hojiin raawwatamu waggaa tokko keessatti kan hin xumuramne yoo ta'e, fedhii hojjatticha ergifatame irratti hundaa'udhaan haala dhaabbiitiin jijjiiricha raawwachuun ni danda'ama.

- c) Faayidaan mana hojii duraa keessatti argachuu qaban kamiyyuu akka dhaban hin taasifamu. Mana hojii irraa dhufan keessatti beeksisa guddina sadarkaatiif ba'u irraatti galmaa'udhaan dorgomuu ni danda'u. Hojjattootni kun bakka fagoo yoo jiraatan manni hojichaa galmeessudhaan dorgomsiisuu qaba.
- d) Manneetiin hojii hojjattoota ergisanii fi ergifatan haala addaatiin yoo waliigalan malee baasii jijjiirraa ergisaa, mindaa fi durgoo hojjattootni ji'aan argachuu qaban manni hojii ergifatu ni kanfala.
- e) Hojjattootni ergisaan jijjiirraman badii yoo raawwatan tarkaanffiin naamuusaa kan irratti fudhatamu mana hojii qaxareen ta'a.
- f) Bu'aan raawwannaa hojii hojjattootaa mana hojii ergifateen guutamee mana hojii irraa dhufanitti kan ergamu ta'a.
- g) Jijjiirrichi Manneen hojii Siivil Sarviisii giddutti ykn manneen hojii Siivil sarviisii fi manneen hojii Mootummaa Siivil Sarviisii hin ta'in gidduutti kan raawwatamu ta'a.
- h) Kuusaan dhuunfaa hojjattootaa gara mana hojii ergifamaniitti hin ergamu.

#### **15.12. Jijjiirraa Naannoo Irraa Gara Naannootti ykn Federaalaatti Geggeeffamu.**

- a) Haala sirna raawwannaa jijjiirrichaa hordofeen hojjataan Naannoo Oromiyaatti jijjiirramuu barbaadu duraan dursee mana hojii itti jijjiirramuu barbaadu irraa xalayaa deeggarsaa, mallattoo itti gaafatamaa mana hojichaatiin mirkanaa'e Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaatiif ni dhi'eessa. Hojjatichi mana hojii keessatti hojjatu irraa qabeenyi Mootummaa fi maallaqni akka isa irra hin jirre, dhimma naamuusaatiin adabaman yoo ta'e, yeroo adabbii xumuruu isaanii fi ragaa sadarkaa barnootaa isaanii ibsu xalayicha deeggarsaa waliin qabate, dhiyeeffachuu qaba.
- b) Jijjiirichi manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa gara Naannoo biraatti fi Federaalaatti yoo ta'e, Manneen hojii Federaalaa fi Komishinii Siivil Sarviisii Naannoo itti jijjiirraman irraa gara Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaatti dhiyeeffachuu qabu. Manneen hojii itti jijjiirraman labsii Siivil Sarviisiitiin bulaniin ala yoo ta'an, xalayaa deeggarsaa ykn gaaffii mallattoo itti gaafatamaa olaanaa mana hojichaatiin mirkanaa'e KSSO<sup>ti</sup> dhiyeeffachuu qabu.

#### **15.13. Haala Jijjiirraan Manneen Hojii Labsii Lakk. 377/96'n Bulan fi Manneen Hojii Siivil Sarviisii Mootummaa Naannoo keenyaa Gidduutti Gaggeeffamu**

- a) Hojjatichi mana hojii hojjatu keessatti dhaabiidhaan kan hojjatu hojjataa kontiraataa kan hin taanee fi mindaa dhaabbii kan argatu yoo ta'e,
- b) Manni hojii hojjataa erguu fi fudhatu akkasumas hojjataan jijjiirramu kan waliigalan yoo ta'e,
- c) Hojjatichi gita hojii itti jijjiirramu irratti akkaataa qajeelfama dandeettiwwan barbaadamaniin kan guutu yoo ta'e,
- d) Mindaan hojjatichi qabatee dhufu mindaa iskeelii hojjattoota Siivil sarviisii wajjin wal-qixa kan hin taane yoo ta'e, guyyaa jijjiirrame irraa kaasee manni hojii fudhatu baajata kan qabu yoo ta'e, mindichi gara iskeelii gulantaa olaanaa itti aanutti kan siqu ta'u illee, manni hojii fudhatu sababa hanqina baajataatiin kan rakkatu ta'ee mindicha gara iskeelii gad-aanaa itti aanutti siqsuun kan isa fudhatu ta'uu isaa yoo ibsee fi hojjatichi jijjiirramu kana irratti mormii kan hin qabaanne yoo ta'e, jijjiirrichi ni raawwatama.
- e) Hojjataan Manneen hojii Siivil Sarviisii irraa jijjiirricha irratti dorgome kan jiru yoo ta'e fi hojjataan mana hojii Siivil Sarviisii hin taane irraa dhufe waliin dorgomee bu'aa qaphxii giddu- galeessaatiin wal-qixa yoo ta'an, Lakk. kana "d" irratti haala ibsameen raawwachuun yoo dadhabame dursi jijjiirraa hojjataa Siivil Sarviisiitiif ni kennama.

#### 15.14 Jijjiirraa Eeggatummaa

Jijjiirraa irratti hojjatootni gitoota hojii eeggatummaadhaan yeroo waggaa tokko hin caalleef ramadaman akkuma guutaniitti dorgommii malee madaalliin raawwannaa hojii quubsaa fi isaa ol tahee yoo argame ka'umsa mindaa gita hojjichaaf qabame akka argatan ni taasifama.

#### 15.15. Jijjiirraa Gara Pirojeektiitti Raawwatamu

Jijjiirichi duraan dursee sadarkaa Anaatti itti gaafatamaa Seektaraatiin ykn I/Gaafatamtoota waajjiraalee Ijaarsa Dandeettii ykn Bulchiinsaatiin , sadarkaa Godinaatti I/Gaafatamaa waajjirichaatiin ykn Ijaarsa Dandeettii ykn Bulchiinsaatiin sadarkaa manneen hojii Naannootti itti gaafatamaa mana hojjichaatiin akka mirkanaa'u ni taasifama.

Haaluma kanaan;

- a) Pirojeektichi mana hojii Motummaa jalatti kan gurmaa'e yoo ta'e,
- b) Pirojeektichi Mit-Mootummaa ta'ee harka waLakk.aadhaan maneen hojii Mootummaa ilaallatan wajjin kan hojjetu yoo ta'e,
- c) Ragaalee hojjatoota gabaa irraa qaxaruuf yaalii adda addaa ittiin godhame,
- d) Ragaa hojjatoota yeroof gara pirojeektichaatti jijjiiruuf maaliif akka barbaachise ibsu,
- e) Hojjatootni dorgommiidhaan gara pirojeektichaatti akka jijjiirraman filataman, hojii itti bobba'aniif beekumsa guddaa ykn muuxannoo hojii dheeraa kallattii ta'e kan qaban fi hojii projeektichaatiif baayyee kan barbaadaman ta'uu isaaniitiif ragaalee barbaachisan ykn ibsi qubsaa ta'e yoo dhiyaate,
- f) Hojjatootni pirojeekticha keessatti yeroo ammamiitiif akka turan, akaakuun hojii raawwatan uunkaa irratti guutamee, mindaa pirojeekticha keessatti kanfalamuuf caqasamee, pirojeekticha keessatti hennaa hojjatan qarshiin mindaa idilee irraa kan sooramaa akkaataa seeraatti citee galii akka taasifamu mirkanaa'uu isaa manni hojjichaa ragaalee ibsan Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaatti dhiyeessee yoo irratti walii galame murtii itti kennamuun hojjatichi hojii pirojeektichaa akka jalqabu ni taasifama,
- g) Gara Piroojaktichaatti jijjiirramuuf hojjataan fedhii isaatiin dhiyaatu yoo dhabame ulaagalee koreen foo'annoo fi filannoo baasuun kaadhiamtootni filatamanii ni dhiyaatu.
- h) Gara pirojeektichaatti jijjiirramuuf hojjatootni baayyeen yoo iyyatan qormaata koreen foo'annoo fi filannoo kennuun dorgommidhaan kan filataman ta'a. Manneen hojii jijjiiricha raawwachuudhaan ragaalee armaan olitti ibsaman wajjin xalayaa jijjiirichaa gargalchaan Komishinii Siivil Sarviisiif ni ergu.
- i) Madaalliin raawwannaa hojii hojjatoota piroojakticha keessatti hojjatan itti gaafatamaa Piroojaktichaatiin guutamee gara mana hojii irraa dhufanitti kan ergamu ta'a.
- j) Hojjatootni piroojaktii keessatti mindaa mana hojii isaanii duraanii keessatti kaaffalamaafii ture kan caalu yoo ta'e, yeroo mana hojii isaaniitti deebi'an gitni hojii duwwaa fi baajata qabu yoo jiraate bakka guutuu danda'anitti ni ramadamu. Ka'umsi mindaa gita hojjichaas ni kanfalamaaf. Kun yoo dadhabame sadarkaa gita hojii jijjiirraa dura irra turanitti ni deebi'u. Sadarkaa duraaniitti hennaa deebi'an daballii mindaa yeroo yeroodhaan mana hojii isaanitiin hojjatoota sadarkaa fi mindaadhaan isaan fakkaataniif kennamee fi jijjiirramni iskeelii mindaa yoo jiraate guyyaa deebi'an irraa eegalee isaaniifis mindaa duraan argatan irratti herreeguun kennuufiin dirqama ta'a.
- k) Mindaan pirojeektii keessatti hojjatootaaf kanfalamu mindaa duraan argatan wajjin wal qixa yoo ta'e, daballi mindaa, mirgi dorgommii guddina sadarkaa fi jijjiirraa akkasumas faayidaan gara biraa yoo jiraate mana hojii duraanii keessatti ni eegamaaf.



## 16. HAALA HOJJATTOONNI HOJII IRRAA ADDAAN BAHAN HOJIITTI DEEBI'UU DANDA'AN

### 16.1 Hojjattoota Hojiitti Deebi'uu Danda'an

- a) Hojjataan dhaabbataa Mootummaa dhimma humna isaatiin ol ta'een (dhibeedhaan, rakkina maatii isaa irra ga'een, sababa dhimma mana hojii isaatiin wal hin qabanneen adabbiidhaan mana sirreessaa turee fi kan kana fakkaataniin) hojii irraa addaan bahee ture ji'a jaha keessatti hojiitti deebi'uuf yoo iyyate, haala humnaa ol taheen hojii irraa hafuu isaaf ragaa quubsaa yoo dhiyeeffate akkaataa labsicha keewwata 77(1) irratti caqasameen manni hojichaa hojiitti ni deebisa.
- b) Hojjetaa kontiraataa yoo ta'e, hanga guyyaa 30tti deebi'ee yoo iyyate, hojiitti deebisuun ni danda'ama.
- c) Hojjetaa dhaabbataa Mootummaa ji'oota jaha booda, hojjataa kontiraataa ji'a tokko booda hojii irraa gaggeessuudhaan bakka isaaniitti hojjattoota biraa qaxaraan, jijjiiraadhaan ykn guddina sadarkaatiin ramadachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, hojjattota mootummaa haala qajeelfama kana Lakk. 16 /1 (a) jalatti ibsameen ji'a jahaan boodatti hojiitti deebi'uuf yoo iyyatan manni hojichaa dhimma isaanii qulqulleessuudhaan gita hojii duwwaa irra turan ykn kan wal fakkaatu biraa yoo jiraatee fi manni hojichaa fedhii yoo qabaate hojiitti deebisuun ni danda'a.
- d) Manneen hojii hojjattota hojiitti deebisan kamiif iyyuu xalayaa hojiitti deebisan garagalchaan Komishiniin Siivil Sarviisii akka beeku taasiisuu qabu.
- e) Hojjataan haala Lakk.16.1(a) irratti ibsameen hojiitti deebi'uuf iyyate,
  - I. Adabbii mana murtiitiin yoo ta'e, mana murtichaa irraa, ragaa amansiisaa ta'e dhiyeeffachuu qaba.
  - II. Rakkina maatiitiin yoo ta'e, qaama (Bulchiinsa Gandaa, Magaalaa, Aanaa, Mana Murtii) irraa ragaa amansiisaa ta'e dhiyeeffachuu fi
  - III. Ragaalee quubsaa biroo dhimmoota humnaa ol tahanan hojii irraa itti hafuu danda'e dhiyeeffachuu qaba.
- f) Ogeeyyota fayyaa fi barsiisota ilaalchisee manni hojichaa yoo barbaade yeroo kam-iyyuu hojiitti deebisuun ni danda'a.
- g) Hojjataan dhimma mana hojii isaa wajjin wal-qabateen himatamee mana murtii idileetti dhiyaatee bilisa yoo bahe ykn adabbiin itti murtaa'e ol'iyyannoodhaan haqamee bilisa yoo bahe, fayidaaleen adda addaa seerri hayyamuuf yeroo turmaataa kana keessatti argachuu malu eegameefii hojiitti akka deebi'u ni taasifama.

### 16.2 Hojjattoota Hojiitti Deebi'uu Hin Dandeenye

- a) Hojjataa fedhii isaatiin kiliiraansii fudhatee hojii irraa addaan bahe,
- b) Hojjataa sababa quubsaa hin taaneen kiliiraansii osoo hin fudhatin hojii gadLakk.ise,

## 17. HAALA HOJJATTOONNI MUUDAMA IRRAA KA'AN FI FILANNOO IRRAA HAFAN HOJII SIIVIL SARVIISIITTI RAMADAMUU ITTI DANDA'AN

### 17.1 Namoota Duraan Hojjataa Mootummaa Ta'aniif;

- a) Hojjattootni waggaa tokkoo fi sanaa ol yeroo ta'eef mindaa muudamaa argachaa tajaajila kennani, sababa dhibeetiin ykn rakkina dhunfaatiin muudama irraa ka'an, mana hojii isaanii duraaniitti ykn mana hojii gara biraatti sadarkaan barnootaa fi muuxannoon hojii qaban ilaalamee akkaataa qajeelfama guyyaa 5/11/93 Lakk. CO3/1041/C1-11 waajjira Pireezidaantii Oromiyaa irraa dabreen fi qajeelfama guyyaa 23/1/94 Lakk. BHM1/WG-39/24/319 tiin Komishinii Siivil Sarviisii

- Oromiyaa irraa ba'een bakka guutuu danda'anitti akka ramadaman fi ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojii itti ramadaman akka argatan ni taasifama.
- b) Haala armaan olitti ibsameen ramaduuf gitni hojii duwwaa fi baajatni kan hin jirre yoo ta'e, sadarkaa gita hojii fi mindaa muudama dura irra turanitti akka deebi'an ni taasifama. Yammuu ramadaman, guddina sadarkaatiin alatti dabala mindaa, sirreeffama iskeelii fi faayidaalee adda addaa hiriyyoonni isaanii irra ga'an akka argatan guyyaa ramadaman irraa kaasee akka sirreeffamuuf ni taasifama.
  - c) Muudamtootni waggaa tokkoo gadi tajaajilan mindaa fi sadarkaa gita hojii duraan irra turanitti ni deebi'u. Isaaniifis guddina sadarkaatiin alatti faayidaaleen adda addaa hiriyyoonni isaanii argatan yoo jiraate haala Lakk. kana "b" irratti ibsameen mindaa isaanii irratti akka dabalamuuf ni taasifama.
  - d) Manneen hojii sadarkaa Aanaa fi Godinaa irratti argaman akkaataa qubee "b" ykn "c" irratti ibsame irratti hundaawuudhaan manni maree (kaabineen) murteesseen ramaduudhaan ragaalee ittiin muudamanii fi muudama irraa ka'aniin qaboo yaa'ii manni maree (kaabineen) ramaddicha ittiin murteesseen fi ragaalee gara biraa hojjattoota kana ni gargaaru jedhamee itti amanamu xalayaa ramaddii waliin qabsiisudhaan garagalchaan Komishinii Siivil Sarviisii ni beeksisu.
  - e) Manneen hojii sadarkaa Naannoo jiran ilaalchisee ramaddii hojiitti deebi'uu akkaataa armaan olitti "b" ykn "c" irratti ibsameen tahee, manneen hojii duraanitti kan deebi'an yoo ta'e, xalayaa ittiin muudaman fi muudama irraa ittiin ka'an wajjin xalayaa ramaddii garagalchaan Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa ni beeksisu.
  - f) Mana hojii gara biraatti kan ramadaman yoo ta'e, raawwiin isaa gama KSSO tiin kan gaggeeffamu ta'a.

## 17.2 Hojjattoota Duraan Hojjataa Mootummaa Hin Taaneef

- a) Namoonni ummataa filatamanii muudamaan fi mana maree sadarkaa Naannoo, Godinaafi Aanaa irratti dhaabbidhaan ramadamanii mindaa muudamaa argachaa marsaa tokkoof (waggoota shaniif) tajaajilanii galatoomaan filannoo irraa hafan ykn haala Lakk. 17.1" a" irratti ibsameen yeroo tajaajila isaanii osoo hin xumurin hafan akkaataa dandeettii sadarkaa barumsaa fi muuxannoo hojii qabaniin bakka guutanitti haala qaxaraatiin akka ramadaman ni taasifamu.
- b) Manneen maree (kaabineen) sadarkaa Aanaa fi Godinaa irra jiran ramaddii isaanii irratti murteessudhaan barruu gabaa murtichaa wajjin mana hojii itti ramadamuu qabanitti ni ergu.
- c) Manni hojii ramaddicha geggeesse ragaalee qaxaraa /seenaa jireenyaa maqaa isaaniitiin guutame, ragaa Poolisii yakka irraa bilisa ta'uu isaanii ibsu, ragaa barnootaa, ragaa muuxannoo hojii, ragaa mana haakiimaa, uunkaa waadaa /kakuu/ fi xalayaa qaxaraa /ramaddii/ (mindaan, sadarkaan, gita hojii, Lakk.koofsi eenyummaa gita hojii, waammamni gita hojichaa fi guyyaan qaxaraa irratti ibsame) wajjin walitti qabsiisuudhaan garagalchaan Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaatiifi qaama biraa dhimmi ilaallatuuf ni ergu.
- d) Qaxarichi ykn ramaddichi yaalii ji'oota jahaatiif ta'ee, akkaataa qajeelfama kana Lakk. 7.9 (a - g)tti ibsameen raawatama.
- e) Rakkina mana hojichaatiin kan ka'e madaalliin raawwii hojii isaanii madaallii ji'a sadi-sadiin osoo hin guutamiin yoo bira dabraman, bu'aa madaalliihojii ji'a jahaatiin ni madaalamu. Kun illee yoo bira dabrame madaallii malee ji'a ramadaman irraa kaasee hojjataa dhaabbataa Mootummaa ta'uun isaanii ni mirkanaa'aaf.
- f) Xalayaan dhaabbii garagalchaan Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa akka gahu ni taasifama.

## KUTAA SADI

### 18. TUMAALAA ADDA ADDAA

#### 18.1 Qabiinsa Ragaalee

Manneen hojii Mootummaa ragoota foo'annoo fi filannoo kanatti aanan ni qabaatu.

- a) Uunkaa gaafannoo hojii hojjetaa,
- b) Sanada karoora fo'annoo duraa,
- c) Waraabbii sanada kenna qormaata gaaffii afaanii sirrii ta'e,
- d) Yeroo gaaffii afaanii yaadannoo qabaman, uunkoota koreen itti gamaggamee fi barruu gabaa,
- e) Bu'aawwan ragaa baatotaa, namoota dhuunfaa fi manneetii hojii dubbisuudhaan argaman,
- f) Uunkaa kakuu,
- g) Beeksisa gita hojii duwwaa,
- h) Iyyannoowwanii fi uunkaa gaafannoo hojii,
- i) Gaaffii afaanii iyyaattootaaf kenname,
- j) Qormaanni biraa kan kenname yoo ta'e, sanadoota isaa,
- k) Ragaa sadarkaa barumsaa, muuxannoo hojii, ogummaa, bu'aa qorannoo fayyaa qaxaramtoota fi KKF,
- l) Ragaa yakka irraa bilisa ta'uutiif dhihaatu,
- m) Barruu gaabaa koree foo'annoo fi filannoo,
- n) Uunkaa seenaa jireenyaa,
- o) Ragaa muuxannoo hojii,

18.2 Hojjataan erga qaxarameen booda fooyya'insi sadarkaa barumsaa fi jijjiramni haala maatii isaa tokko tokkoon yoo jiraate Komishiniichaaf yeroodhaan beeksifamuu qaba.

18.3 Tokkoon tokkoon manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa dhimmoota qaxaraa, guddina sadarkaa, dabala mindaa, jijjiirraa, leenjii, hojii irraa gaggeessuu, hojiitti deebisuu fi KKF ilaalchisee raawwatan garagalchaan Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa beeksisuu qabu. Ragaaleen armaan olitti Lakk. 18.1 ("f, g, k, l, m, n fi o") irrattiibsaman koppiin isaanii Komishiniichaaf ergamuu qabu.

### 19. HAALA KENNISA RAGAA MUXANNOO HOJII

- a) Akkaataa labsicha Keewwata 82<sup>th</sup> Labsii 104/1997'n fooyya'etti, muuxannoon hojii kan kennamu yeroo hojjatichi mana hojii gadLakk.isuuf gaafate ykn mana hojii gad- Lakk.kise ykn osoo hojjiirra jiru ragaan haala tajaajila isaa ibsu yeroodhaaf akka kennamuuf barreeffamaan yoo gaafate ta'a.

Haaluma kanaan;

- I. Manni hojii isaa kan isa gadiLakk.isu yoo ta'e,
  - II. Manni hojjichaa kan isa leenjise ta'ee haala waada leenjii seeneen qajeelfama irratti hudaa'ee yeroo tajaajiluu qabu kan xumure yoo ta'e, muuxannoo hojii fi kiliiraansii kennuudhaan geggeessuun ni danda'ama. Ragichi gargalchaan komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa fi qaamoolee gara biroo ilaallatan ga'uu qaba.
- b) Muuxannoon hojii hojjatichaaf kennamu,
    - (1) Yoom irraa eegalee hanga yoomitti akka hojjate,
    - (2) Sadarkaa gita hojii irra turee fi maal akka hojjate,
    - (3) Mindaa kanfalamaafii ture,

- (4) Maaliif hojicha akka gadiLakk.ise,
- (5) Qabeenyi Mootummaa kan irra hin jirre ta'uu kan ibsu ofkeessaa qabaachuu qaba.
- c) Hojjatichi osoo hojii irra jiru muuxannoo hojii kan gaafate yoo ta'e:
  - (1) yoom irraa eegalee hanga yoomitti akka hojjate,
  - (2) Sadarkaan gita hojii irra turee fi maal akka hojjachaa jiru,
  - (3) Mindaa kaffalamaafii jiru,
  - (4) Sababa ykn maaliif muuxnnoon kun akka kennameef,
  - (5) Qabeenya mootummaa isa harka jiru kan hin deebisiin ta'uu isaa,
  - (6) Ragaan kun kan gargaaru dorgommiif qofa ta'uu isaa fi itti aansee kiliiraansii hanga hin dhiyeesinetti muuxannoon kun qofa faayidaa akka hin qabne kan ibsu of keessaa qabaachuu qaba.

## 20. WAA'EE RAGOOTA SOBAA

- a) Akkaataa labsichaa keewwata 23 fi 78 irratti tumameen, foo'annoo fi filannoof ragaaleen kaadhimamtootaan dhiyaatan soba ta'anii yeroo argaman kaadhimamtoota qaxaraaf ragoota sobaa dhiyeessan bu'uura seera gara biraatiin mana murtii idileetti dhiyaachuun kan itti gaafataman ta'u isaa irra iyyuu, dorgommii irraa illee akka haqaman ni taasifama. Kan guddina sadarkaa, ykn ramaddiidhaan ragaa sobaa dhiyeessanii guddina argachuun yeroo irra gahamu mana hojichaatiin ykn Komishinii Siivil Sarviisiitiin kan haqamu yoo ta'u, dhimma naamusaatiinis ni gaafatamu. Hojjetaa jijjiirraaf ragaa sobaa dhiyeesse yeroo kam iyyuu ogguu irra ga'ame naamusaan kan ltti gaafatamu ta'ee dabalatanis seera yakkaatiin kan gaafatamu ta'a.
- b) Akkaataa labsichaa keeyyata 85/2 irratti ibsameen itti gaafatamaan ykn miseensi koree qaxaraa, guddina sadarkaa, jijjiirraa, dabala mindaa ykn faayidaan addaa dogongoraan akka kennamu beekaa ykn maal na dhibeedhaan ykn malaammaltummaadhaan murteesse mana murtii idileetti gaafatamummaan isaa akkuma eegameetti tahee baasii seeraan ala baheef kan itti gaafatamu ni taha.
- c) Ragaa qabachuuf akka gargaaru fotokooppiin ragaa sobaa fi tarreefamni ibsa dhimmichaa Komishiinii Siivil Sarviisii Oromiyaatiifi qaama biraa dhimmi ilaallatuuf ni ergama.

## 21. HAALA DHIYEEFFANNAA KOMII

- 21.1 Akkaataa danbii Lakk. 36/96 keeyyata 30 fi 31tti hojjataan tokko dhimma hojiin walqabateen komii qabu kam-iyyuu itti gaafatamaa mana hojii isaatti iyyata dhiyeeffachuun furmaatni akka kennamuuf gaafachuu ni danda'a. Hojjatichi furmaata yoo dhabe, ykn furmaatni kennameef gahaa miti jedhee yoo amane koree komii qulqulleessituu mana hojichaatti dhiyeeffachuu ni danda'a.

Korichi akkaataa danbii Lakk. 36/96 keeyyata 32 irratti ibsameen:-

- a) Iyyannoo komichaa fi ragaalee haala qabeessa ta'an qorachuun,
- b) Seerota, danboota fi qajeelfamoota xinxaluudhaan,
- c) Itti gaafatamaa dhimmi ilaallatu waliin dubbachuudhaan,

Komii dhiyaate qulqulleessudhaan yaada murtii itti gaafatamaa mana hojichaatiif ni dhiyeessa. Murtiin itti gaafatamtichaan kennamu barreeffamaan hojjatichaaf kennamuu qaba. Hojjatichi murtiin kennameef

quubsa miti jedhee yoo amane ragaa murtii korichaan fi itti gaafatamaa mana hojichaatiin kennameef iyyata waliin qabsiisudhaan Komishinii Siivil Sarviisiitti dhiyeeffachuun murtii seera qabeessa ta'e argachuuf mirga ni qaba. Ragaaleen kun yoo dhiyaachuu baatan Komishinichi iyyata qofa fuudhatee hin keessummeessu.

## 21.2 Haala hundeeffama koree komii qulqulleessituu.

Akkaataa danbii Lakk. 36/96tti koreen komii qulqulleessituu miseensota sadi (3) fi barreessaa tokko of-keessaa qabu manneen hojii fi puulota keessatti ni dhaabbata.

Korichi;

- a) Manneen hojii sadarkaa naannoo fi giddu galeessa jiran keessatti,
- b) Godinaa fi Aanaatti puulii Bulchiinsaa, puulii Ijaarsa Dandeettii fi Waajjira Maallaqaa fi Misooma Diinagdee keessatti kan hunda'an ta'a.

Haala kanaan;

1. Manneen hojii sadarkaa Naannoo, Gidduugaleessotaa akkasumas waajjiraalee Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Godinaa fi Aanaa puulotaan alatti jiran fi of-danda'anii koree hundeeffachuu danda'an akkasumas manneen hojii keessatti, hojjatootni sadi (3) Itti gaafatamaa mana hojiitiin bakka bu'an:-
  - I. Tokko ..... Walitti qabaa
  - II. Tokko .....Miseensaa
  - III. Tokko hojjatootaan kan filatamu ..... Miseensa
  - IV. Tokko .....Barreessaa (sagalee hin qabne) of keessaa qabu ni hundaa'a.
2. Puulota Bulchiinsa Godinaa fi Aanaa keessatti koreen komii qulqulleessituu,
  - I. Hojjattoonni sadi seektaroota puulii Bulchiinsaa jala jiran keessaa bulchaadhaan filataman tokko walitti qabaa, tokko miseensa fi 3<sup>ffaa</sup>an barreessaa sagalee hin qabne ta'a.
  - II. Hojjatoota seektaroota keessa jiraniin filatamu hojjataa tokko miseensa ta'an of keessaa qabu koree kana ni hundeesu.
- c) Puulota Ijaarsa Dandeettii Godinaa fi Aanaatti illee koreewwan kun akkaataa armaan olitti "b" jalatti caqasameen kan hundeeffaman ta'a.
- d) Bulchiinsa magaalota fi Hospitaalota keessattis haaluma kanaan ni dhaabbatu.

**Hubacchiisa:** Haalli dirqisiisaan yoo jiraateen alatti hojjatoota miseensota koree akka tahan itti gaafatamaa mana hojichaatiin bakka bu'an keessaa tokko dubartii tahuu qabdi

## 22. QORANNOO

Kutaaleen hojii Odiitii fi Inispeekshinii manneen hojii sadarkaa naannoo fi giddu galeessaa jiran adda addaa fi manneen hojii sadarkaa Godinaa fi Aanaatti kanneen puulootiin fayyadaman, odiitii fi inspeekshinii Waajjira Maallaqaa fi Misooma Dinagdee keessa jiran qaxara, jijjiirraa, guddina sadarkaa fi

kkf irratti dogoggorri raawwii bulchiinsa hojjetootaa yoo jiraate itti gaafatamaa ol'aanaa mana hojjichaatiif dhiyeessuudhaan murtii akka argatu ni taasisu,

## 23. HEEYYAMA BOQONNAA WAGGAA FI KANFALTII ISAA

### 23.1 Kenninsa Boqonnaa Waggaa

- Heeyyamni boqonnaa kan kennamu hojjattoonni yeroo murtaa'eef boqotanii tajaajila isaan irraa eegamu qalbii haaromfameen akka itti fufan dandeessisuufi.
- Boqonnaan waggaa keessatti kennamu inni xiqqaan guyyoota hojii 20 (digdama) yammuu ta'u, inni guddaan guyyoota hojii 30 (soddomadha).
- Tajaajilli mana hojii Mootummaa biraa keessatti kenname mana hojii haaraa itti qaxarame ykn itti jijjiirrame keessatti ni qabama.
- Hojjatichi mana hojii mootummaa gara biraa keessatti duraan kan hin hojjatnee fi qaxaramaa haaraa yoo ta'e hanga ji'a 11 (kudha tokko) tajaajilutti heeyyama argachuuf mirga hin qabu. Ta'us boqonnaa fuudhaa fi heerumaa, gadda, sirna kabaja gadaa, dhukubaa fi kana fakkaataniif qajeelfama irratti hundaawuudhaan heeyyamni ni kennamaaf. (23.3, 23.4 fi 23.5,23.6) irratti ibsameera.
- Walumaagalatti boqonnaan waggaa tajaajila irratti hundaa'e akkaataa orneela armaan gadii irratti ibsameen ni kennama.

Lakk.	Tajaajila Waggaadhaan	Guyyoota Hojii Boqonnaa /Waggaa Keessatti/	Ibsa
1	1	20	
2	2	21	
3	3	22	
4	4	23	
5	5	24	
6	6	25	
7	7	26	
8	8	27	
9	9	29	
10	Waggaa 10 fi sanaa ol	30	

- Hojjataan tokko yeroo leenjii gabaabaaf jechuun yeroo leenjii ji'a 8' fi kanaa gadi jiraniif hennaa hojii dhaabu yeroon boqonnaa waggaa ni qabamaaf.
- Hojjataan yeroo leenjii ykn barnoota dheeraaf (ji'a 9 fi kanaa ol jiraniif) deemu yeroon boqonnaa waggaa hin qabamuuf. Kunis kan ta'u mana barnootichaa irraa yeroo yeroodhaan boqonnaa waan argataniifidha.

### 23.2 Kanfaltii Boqqonnaa Waggaa

- Akkaataa labsichaa keeyyata 31 keeyyata xiqqaa 3 irratti tumameen boqonnaan waggaa qarshitti hin geeddaramu. Kun jiraatu illee tajaajilli hojjatichaa yoo dhaabbate boqqonnaan sababa humna ol ta'een kuufame gara mindaa hojjatichi argatutti jijjiiruudhaan akka kanfalamuuf ni taasifama.
- Hojjataan mootummaa boqonnaa kuufachuu hin danda'u.
- Dhimma humna ol ta'een boqonnaa hojjattootaa kuusuu kan danda'u mana hojii hojjataa hojjiisuu qofadha.

- d) Boqonnaa kuufame keessaa kan bara baajata tokko gara baajata waggaa lammaffaatti mallattoo itti gaafatamaa ilaallatuun dabruu ni danda'a. Bara baajata 3<sup>ffaa</sup> keessatti garuu, hojjaticha boqonnaa waggaa akka argatu taasiisuun dirqama.
- e) Boqonnaa bara baajata 3<sup>ffaatti</sup> dabre keessaa waLakk.aan isaa gara qarshiitti akka jijjiiramuuf hojjataan hojii irra osoo jiru gaafachuu ni danda'a. Manni hojichaa sababa baay'ina hojitiin boqonnaa kennuu yoo dadhabe boqonnaa bara baajataa lamatti kuufame keessaa hojjatichi yoo gaafate waLakk.aan isaa gara qarshiitti jijjiiramee kaffalamuu qaba..
- f) Hojjataan tokko hojii gad-Lakk.isuuf yoo gaafate yeroo akeekkachiisaa ji'a tokkoo keessatti boqonnaan bara baajataa sana keessatti qabu kennamuufii qaba. Haa ta'u malee, kanaan alatti kan kuufamee kan bara baajataa darbe lama yoo jiraate qofa qarshiitti jijjiiramee kafalamuu qaba. Dhimma humna ol ta'een hojjatichi kanaan fayyadamuu yoo dadhabe manni hojichaa boqonnaa bara baajata dabre irraa gara baajata amma keessa jirutti dabre qofa kanfaluudhaan hojjaticha geggeessuu qaba. Boqonnaa bara baajataa ittiin hojjatamaa jiru garuu hojjatichi fudhachuu waan qabuuf gara qarshiitti jijjiiramee hin kennamuuf.
- g) Hojjataan mana hojii tokko irraa gara mana hojii biraatti jijjiirraa alaatiin deemu boqonnaa kuufamee qabu keessaa gara mana hojii jijjiirameetti fudhatee kan deemuu danda'u kan bara baajataa tokko hin calle tahee, kan kanaa olitti jiru qabaannaan garuu manni hojii duraan keessatti hojjachaa jiru maallaqatti jijjiiree kaffaluufii qaba.
- h) Kanfaltii boqonnaa dhaalchisuun ykn maatiif dabarsuun hin danda'amu.
- i) Haalli boqonnaan waggaa itti kennamu akkaataa labsichaa keeyyata 31/1 fi 33/1'n kan raawatamu tahee haala humnaa oliin kan irra darbamu yoo tahe ammoo haala labsichaa keeyyata 34/1'n kan raawatamu taha. Haa ta'u malee, haala labsichaa keeyyata 34/1'n alatti taheen boqonnaan waggaa kuufamee yoo argame manneen hojii kamiyyu, booda irratti gaffii kaffalltti qarshii dhiyaatuuf kan itti gaafatman tahu.

### 23.3 Heeyyama Dhukkubaa

Akkaataa labsichaa keewwata 36tti, hojjataan dhaabbataa mootummaa tokko sababa dhibeetiin hojjachuu yoo dadhabe fi kanaafis ragaa mana haakiimaa yoo dhiyeeffate guyyaa dhukkubichi jalqabe irraa kaasee waggaa tokko keessatti yeroo ji'oota 8(saddeet), waggaa afur keessatti ji'oota 12 (kudha lama) hin caalleef heeyyamni dhukkubaa ni laatamaaf.

Haala Kanaan:

- a) Heeyyamni dhukkubichaa walitti aansudhaan ykn yeroo adda addaa kan kennamu ta'ee, jalqaba sababa dhukkubaatiin yeroo hojii idilee dhaabe irraa eeggalee waggaa afur keessatti mindaan ji'oota sadii guutuu, ji'oota sadii waLakk.kaa kanfaluudhaan fi ji'oota jahaaf ammoo mindaa malee heeyyamni dhukkubaa ni kennama.
- b) Yeroo kana keessatti yoo fayyuu baate, heeyyama kennuun waan hin danda'amneef gaaffiin ragaa quubsaa wajjin Komishiinii Siivil Sarviisii Oromiyaaf dhiyaatee yoo mirkanaa'e hojii irraa akka geggeeffamu ni taasifama.
- c) Kan hojjataa Kontiraataa haala waadaa mana hojichaa wajjin walii-galamuun kan raawwatamu ta'a.
- d) Hojjataan kan du'e yoo ta'e, haadha manaa ykn abbaa manaa, ijoollee umuriin isaanii waggaa 18 gadi ta'an ykn abbaa fi haadha gargaarsa isaa jala jiraniif mindaan ji'a sadii ni kanfalamaaf. Kunis kan raawwatamu mana hojii isaatti yoo galmeesisee fi bakka mormiin uumametti immoo

- waliin jiraachuu isaanii Bulchinsa Gandaa naannoo jiraataniin yoo mirkanaa'e taha. Hojjataa kontiraataa yoo ta'e akkaataa armaan olitti "c" irratti ibsameen kan raawwatamu ta'a.
- Maatiin hojjataa du'ee galmaa'ee argamuu kan hin dandeenye taanaan, maatiin isa jalatti bulaa jiranii fi "d" irratti haala ibsameen deeggarsa hojjataa du'een kan jiraatan ta'uuf Murtii Mana Murtii irraa kenamu qabatanii dhiyaachuu qabu.
  - Hojjataan tokko guyyoota sadii walitti aananiif sababa dhibeetiin hojii irraa yoo hafe, ragaa haakimaa dhiyeeffachuu qaba.

### 23.4 Heeyyama Gaddaa

Hojjataa dhaabbataa ykn kontiraataa ta'e kamiifiyyu:

- Haati warraa (abbaa warraa) ijoolleen, abbaan ykn haati, obboleettiin, ykn obboleessi, **wasiilli (eessumni)** yoo boqotan (du'an) mindaan osoo irraa hin citiin walitti aansuudhaan guyyoota sadiif heeyyamni gaddaa ni kennamaaf.
- Akkaataa Lakk. kana (23.4) "a" irratti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee fira dhiyoo fi hiriyyaan yoo du'e guyyaa tokkoof heeyyamni ni kennamaaf. Bara baajataa tokko keessatti heeyyamni haala kanaan kennamu guyyoota jaha caaluu hin qabu.

### 23.5 Heeyyama Fuudhaa fi Heerumaa

Hojjattoota dhaabbataa mootummaa fi kontiraataa ta'an kamiif iyyuu, fuudhaa heerumaaf mindaan osoo irra hin citiin heeyyamni guyyoota 3/sadii/ ni kennamaaf.

### 23.6 Heeyyama Da'umsaa

- Akkaataa Danbii Lakk.32/90 mana maree ministirootaa irraa ba'een hojjattuu kontiraata fi hojjattuu dhaabbattuu mootummaa ulfa taateef; dhimma ulfa isheetiin walqabateen haala ogeessi fayyaa ajajuun mana yaalaatti deddeebitee ilaalamuuf ni heeyyamamaaf.
- Hojjattuun mootummaa ulfa taate tokko da'umsaan duratti boqonnaa akka fudhattu ogeessi fayyaa yoo ajaje boqonnaan mindaan itti kaffalamu ni kennamaaf.
- Da'umsa dura ji'a tokko, guyyaa da'umsaa irraa eegalee ji'oota lamaaf mindaa wajjin heeyyamni boqonnaa da'umsaa ni kennamaaf.
- Haala armaan olitti "c" jalatti ibsameen yoo dahuu baatte garaagarummaa guyyaa dahumsaa fi boqonnaa kenname gidduu jiru boqonnaan waggaa bara baajataa sana keessaa ykn bara baajataa itti aanu irraa hir'ifamne kennamaaf.
- Hojjattuu dhabbattuu mootummaa taatee heeyyama ji'oota sadii booda yoo dhukkubsattee fi boqonnaan gara biraa akka ishee barbaachisu ogeessa fayyaatiin yoo mirkanaa'e, haala qajeelfama ragaa haakiimaa irratti hundaa'een heeyyamni dhukkubaa ni kennamaaf.
- Dhimmoota armaan olitti "b" "c" "d" fi "e" irratti ibsamaniin wal-qabateen kanneen hojjattoota kontiraataa ta'aniif haala waadaa mana hojii wajjin waliigalamuun kan raawwatamu ta'a.
- Hojjattuu dhabbattuu mootummaa taatee heeyyama ji'oota sadii booda boqonnaa gara biraa yoo fudhachuu barbaadde heeyyama waggaa irraa shallaguun kennuufin ni danda'ama.

### 23.7 Heeyyama Addaa Kanfaltii Mindaa Wajjin Laatamu

- Yeroo filannoon bakka buutoota ummataa geggeeffamu, hojjataan Mootummaa tokko filachiisuuf ykn filachuuf ykn filatamuuf hennaa deemee turuuf,
- Mana murtii irraa ykn qaama mootummaa aangoon kennameef irraa ragaaf yeroo hojjataan tokko waammamu, mindaan osoo hin citiin heeyyamni ni kennamaaf.



- c) Mana barumsaatti qormaata barnootaa kennamu yeroo fudhatu guyyootii qoramaata fudhatu qofaaf ragaa irratti hunda'ee eeyyamni ni kennamaaf.

### **23.8 Heeyyama Addaa Kanfaltii Mindaa Malee Kennamu**

Akkaataa labsichaa keeyyata 41 irratti ibsameen, heeyyama mindaan itti hin kanfalamne hojjataaf kennuun akka danda'amu tumameera. Haaluma kanaan, gaaffiin hojjataa irraa yoo dhiyaateefi sababa hojjatichi yeroof mana hojiichaa irraa addaan ba'uu isaatiif dhiibbaan hojii mana hojichaa irratti kan hin geenye yoo ta'e, waggaa 4(afur) keessatti mindaan kan itti hin kanfalamne yeroo ji'oota sadiif heeyyama kennuun ni danda'ama. Heeyyamni kenname kun akka tajaajilaatti ykn muuxannoo hojiitti hin qabamu.

### **23.9 Sababa Hojjiitiin Miidhaa Hojjataarra Ga'uuf Heeyyama Kennamu**

Akkaataa labsichaa keewwata 45tti, hojjataa mootummaa (dhaabbataa fi kontiraataa) sababa hojjiitiin miidhaan irra gahe fayyee hanga hojii isaatti deebi'utti ykn hojii deebi'uu kan hin dandeenye ta'uun ragaan mana yaalaatiin hanga mirkanaa'utti:

- a) Hojjataan balaan irra gahe tokko hojii deebi'ee hojii hojjachuu akka hin dandeenye amma hakiimaan mirkanaa'utti, kanfaltii mindaa waliin heeyyamni ni kennamaaf. Kanfaltiin haala kanaan raawwatamu yeroo ji'oota kudha lama (12) hin calleef tahuu qaba.
- b) Hojjatichi ajaja haakimaa hojirra oolchuu dhabuudhaan ykn yaala kennamuuf haalaan hordofuu dhabuudhaan yeroo yaalichaa yoo tursiise, mindaan fi kanfaltiin yaalaa akkasumas heeyyamni boqonnaa kennameef ni haqama.
- c) Hojjatichi waggaa tokko (1) keessatti hojii deebi'ee hojjachuu kan hin dandeenye, gara fuula duraatti illee hojii hojjachuuf humnaa fi dandeettii hanga xumuraatti dabee fi kanaafis ragaan haakimaa boordii haakimootaa irraa yoo dhiyaate akkaataa labsichaa keewwata 46<sup>tti</sup>:-
  - (1) Hojjataa dhaabataa mootummaa dhaabbataaf akkaataa danbii sooramaatti mirgi isaa ni kabajamaaf.
  - (2) Armaan olitti Lakk.oofsa 1<sup>ffaa</sup> irratti kan ibsame akkuma eegametti tahee, hojjataan dhaabbataa ta'e yoo du'e akkaataa labsii fi qajeelfama sooramaatiin mirga sooramaa maatii isaatiif akka dabru ni taasifama.
  - (3) Hojjataan kontiraataa kan du'e ykn guutumaa guututti gara fuula duraatti hojjachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, mindaan waggaa tokkoo shaniin(5) baayyatee isaaf, isiif ykn haadha manaa isaatiif ykn abbaa manaa isiitiif ijoollee umurii waggaa 18 gadi jiraniif, abbaa fi haadha gargaarsa isaa ykn isii jala jiraniif ni kenname.
  - (4) Walumaagalatti miidhaan hojjataa kontiraataa irra ga'e guutumaa guutuutti ykn murnaani hanga xumuraatti dandeettii hojjachuu dhabuu yoo ta'e ykn qaama ykn bifa isaa haala kamiiniyyu kan balleesse tahee dandeettii hojii kan isa hin dhabsiisne ta'ullee, beenyaa armaan olitti Lakk. 3<sup>ffaa</sup> gubbaatti ibsame bu'uura gochuudhaan akkaataa ragaa mana haakiimaa irraa dhiyaatuun kanfaltii beenyaa miidhaa ga'een wal-madaalu akka kaffalamuuf ni taasifama.
  - (5) Hojjataan tokko amala gadhee qabu irraa kan ka'een dhugaatiin machaa'ee ykn baala sammuu nama hadoochuun of wallaalee hojii hojjachaa osoo jiruu fi ofeeguuf dhimmummaa dhabuudhaan hojii henna geggeessu balaa ykn dhiibbaa irra ga'uuf beenyaan kanfalamu hin jiru.

## 24. HAALA SEENAAN JIREENYAA GUCA/UUNKAA/ IRRATTI GUUTAMU

- a) Gucni seenaa jireenyaa ofeeggannoo cimaadhaan guutamuu qaba.
- b) Jiini, guyyaan fi barri dhalootaa haqamaa yoo qabaate fudhatama waan hin qabneef itti gaafatamaan gucicha mirkaneessu kana qulqulleeffachuun dirqama isa irraa eegamu ta'a.
- c) Gucichi maqaa hojjatichaatiin erga guutameen booda hojjataa guuteen fi itti gaafatamaa sagalee fuudheen mallattaa'uu qaba.
- d) Guyyaan dhalootaa guca seenaa jireenyichaa irratti yeroo tokko guutamee erga mirkanaa'een booda gaaffii hojjattoota irraa dhiyaatuun jijjiiruun waan hin danda'amneef kunumti hojjattootaaf ibsamee osoo irratti hin mallatteessiin dura qaxarmtootni wanta guutan irra deddeebi'anii akka qulqulleeffatan taasifamuu qaba.
- e) Guyyaan dhalootaa hennaa guutamu guyyaadhaan, ji'aan fi baraan addaan ba'ee taa'uu qaba.
- f) Guyyaan dhalootaa hennaa guutamu umriin ragaa barnootaa irratti guutame akka madda ragaatti fudhatamuu hin danda'u.
- g) Suuraa hojjatootaa fi bakka mallattoo irraatti chaappaan mana hojjichaa jiraachuu qaba.
- h) Gucni seenaa jireenyaa guutamee erga mallattaa'ee booda guyyaa dhalootaa;
  - (1) Murtee mana murtiitiin,
  - (2) Umrii ragaa barnootaa irratti guutameen
  - (3) Ragaa dhalootaatiin
  - (4) Murtee manneen Gandaatiin fi kana fakkaataniin jijjiiruun hin danda'mu.

## 25. DHIMMA WALIIGALAA

### a) Itti Gaafatamummaa

- (1) Akkaataa labsicha keewwata 85 keewwata xiqqaa 2<sup>tti</sup>, Itti gaafatamaan mana hojii, dura taa'an fi miseensonni koree foo'annoo fi filannoo mana hojii kamiyyuu akkasumas qaamotni bulchiinsaa fi kanneen biroo aangoo qabaniin fayadamuudhaan seeraan ala gocha fo'annoo fi filaannoo raawwatame hunda irratti yakkaan seeraan kan gaafataman ta'uun akka jirutti ta'ee baasii seeraan ala raawwatame akka deebisan ni taasifama.
- (2) Dhimmoolee seeraan ala raawwataman kana irratti murtii fi ajaja Komishiinii Siiviil Sarviisiitiin kennamu qaamota fudhachuu ykn hojiirra oolchuu didan Komishinichii akkaataa labsii 104/97 fooyya'e Lakk. 4tti Biiroo Haqaatiif dhiyeessuudhan tarkaanfii seeraa irratti ni fudhachisa.
- (3) Akkaataa labsichaa keeyyata 73'n manni hojii kamiyyuu dhimmoota Mana Murtiitti dhiyaatanii murtee argatan raawwachiisuun dirqama tahee murtee kana hojii irra oolchuu dhabuudhaan baasiwwan adda adaa dabalataa sababa kanaan bahan irratti itti gaafatamaan mana hojjichaa gaafatamaa ta'a.

### b) Dhimmootaa fi Gochaawwan Dhoorkaman

- (1) Miseensi koree foo'annoo fi filaannoo ykn walitti qabaan korichaa, akkasumas itti gaafatamaan mana hojii fi mudamaan kamiyyuu raawwii qaxaraa, jijjiirraa fi guddina sadarkaa, sababa jijjiirrama gurmaa'insa caasaatiin ramaddii hojjetoota isaan wajjin fira dhiigaa, firooma fuudhaa fi heerumaa qaban gaggeefamu irratti hirmaachuu hin qaban. Ramaddiin hojjataa miseensa koree ta'e wayita geggeeffamu hanga ramaddiin isaa raawwatamutti qofa walga'icha korichaa irratti argamuu hin qabu.

- (2) Akkaataa labsichaa keeyyata 11/b irratti ibsameen, haala hojii waliin wal- qabateen ykn haala biraa kamiinuu hojjataan kan itti murtaa'e yoo ta'e, Manni Murtii idilee yoo kaaseef malee qaxaramuu hin danda'u.
- (3) Hojjataan haala armaan olitti Lakk. 2<sup>ffaa</sup> irratti ibsameen ala ta'een akkaataa sima naamusaatiin hojii irraa geggeeffame hanga waggaa lama guututti qaxaramuu hin danda'u.
- (4) Lammiwwaan biyya alaa dhaabbiin qaxaramuu hin danda'an.

**c) Hojjetootaa fi Hojii Barbaaddota HIV'n Dhiiga Isaanii Keessa Jiruu fi Dhukkubsatoota AIDS Ta'an Hojimaata Loogii Hojii Wajjin Wal-Qabateen Irra Ga'e Irraa Eeguu.**

Akkaataa heera mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 42/2tti, hojjetaan kamiyyuu iddoo hojii fayyummaa qabuu fi balaa hin dhaqabsiisne argachuuf mirga kan qabu ta'u isaa beekamaadha. Gama biraatiin ammoo, akkaataa labsii hojjetoota mootummaa Lakk. 61/94 keewwata 44/1/keewwata xiqqa "a"tti, manneen hojii mootummaa iddoon hojii nageenyaa fi fayyaa hojjetootaa irratti balaa hin qaqqabsiisne tahuu isaa mirkaneessuu dirqamni kan kennameef ta'uu fi nageenya hojjetootaa eeguu bu'aa Siivil Sarviisichaa olaanaa galmeessisuuf kan gargaaru ta'u isaa fi hojii barbaaddota ta'ee hojjetoota giddutti garaagarummaan akka hin taasifamne akkasumas haalli loogii labsii Lakk. 61/1994 keewwata 13/1tiin dirqamni ittisuu kan irratti gatame waan ta'eef, manneen hojii hojjetootaa fi hojii barbaaddota HIV'n dhiiga isaanii keessa jiruufi dhukkubsatoota AIDS ta'an hojimaata loogii hojii haala hojiitiin irra ga'u irra akka eegan akka itti aanutti dhiyaateera.

**1. Qaxara**

- 1.1 Gita hojii duwwaa kam iyyuu irratti hojjetoota guutuuf beeksisni bahee dorgomtoonni qaxaramuuf eega dhihaatan booda sababa HIV'n dhiiga isaanii keessa jiruu qofaaf garaagarummaan irratti hin taasifamu.
- 1.2 Foo'annoof, bobbaa hojiif, dursanii hojii eegalsiisuu fi ga'umsa hojjetootaa mirkaneessuuf bu'aa qorannoo HIV gaafachuun dhoorkaadha.
- 1.3 Haala HIV/AIDS'n wajjin wal-qabateen yeroo foo'annoo, filannoo fi qaxaraa dhimmoota haala dhuunfaa qaxaramaa ibsuu gaafatu akka ulaagaalee dorgommiitti akka dhiyeessan gaafachuun dhorkaadha.

**2. Ramaddii**

Hojjetaan mootummaa kam iyyuu, ulaagaa dandeettiwwan barbaaddaman kan guut yoo ta'e, haala HIV/AIDS'n wal-qabateen ramaddii irratti garaagarummaan gosa kam iyyuu taasisuun dhoorkaadha.

**3. Guddina Sadarkaa**

Hojjetaan mootummaa ulaagaa guddina sadarkaatiif kan isa geessisu dandeettiwwan barbaaddaman kan guutu ta'ee yoo argame. HIV dhiiga isaa keessa jiraachuun ykn dhukkubsataa AIDS ta'uu isaatiin garaagarummaan irratti hin taasifamu.

**4. Jijjiirraa**

- 4.1 Hojjetootni mootummaa fuudhaa fi heerumaan wajjin jiraatan waliin haala jiraachuu danda'an ilaalcha keessa galchuudhaan jijjiirraan raawwatamuu qaba.
- 4.2 Hojjetoonni HIV dhiiga isaanii keessa jiruu fi dhukkubsatootni AIDS iddoo hojii dhibee dhukkuba kan biraa irratti fiduu danda'an irratti jijjiiramani hojjechuu hin qaban.

- 4.3 Hojjetoonni dhukkuba AIDS qaban humni isaanii yoo dadhabu gita hojii haalli fayyummaa isaanii eeyyamuuf irratti jijjiiramanii akka hojjetan taasifamuu qabu.
- 4.4 Fedhii hojjetichaatiin yoo ta'e malee, dhukkubsataan AIDS gita hojii wal-fakkaatu/gitu/ humni isaa eeyyamuuf irratti yommuu jijjiiramu mindaan duraan argatu irraa irrifamuu hin qabu.

## **5. Eeyyama dhukkubaa**

Hojjetaan kamiyyuu HIV'n dhiiga isaa keessa jiru ykn dhukkubsataan AIDS eeyyama dhukkubaa labsiin hojjetoota mootummaa eeyyamu ni argata.

## **6. Hojii Addaan Kutuu fi Wabii**

- 6.1 Hojjetoota HIV'n dhiiga isaanii keessa jiruu fi dhukkubsatootni AIDS, akkaataa seeraatiin yoo ta'e malee, dhukkuba kanaan qabamuu isaaniitiin waadaan hojii isaanii addaan cituu ykn faayidaa adda addaa akka dhaban hin godhamu.
- 6.2 Yeroo hojjetootni hir'ifaman akkaataa seeraatiin yoo ta'e malee, HIV/AIDS wajjin jiraachuu isaaniitiif hojii irraa hir'ifamuu hin qaban.

## **26. AANGOO FI HOJII KOMISHINII SIIVIL SARVIISII OROMIYAA**

Komishiniin Siivil Sarviisii Oromiyaa akkaataa labsichaa fi haala qajeelfama kanaa Lakk. 3'n manneen hojjiidhaaf bakka bu'insi aangoo kennameen foo'annoo fi filannoon hojjatootaa haala sirrii ta'een raawwatamuu isaanii qorachuudhaan akkaataa labsichaa keewwata 87 keewwata xiqqaa 1<sup>ffaa</sup> irraa hanga 3<sup>ffaatti</sup> ibsameen:-

- a) Manneen hojii mootummaatti argamuudhaan ykn akka ergamaniif ajajuudhaan kuusaalee fi ragoota biroo qorachuu,
- b) Itti gaafatamaan dhimmi ilaalu ykn hojjatootni mootummaa biroon jechaan ykn barreeffamaan ibsa akka kennan gaafachuu,
- c) Adeemsi hojii sirrii hin taane akka sirreefamu ajaajuu,
- d) Dhimmichi hanga murtii argatutti raawwii isaa ittisuu,
- e) Itti gaafatamaa ykn hojjataa mootummaa gochichaaf gaafatmuu qabu irratti tarkaanfiin bulchiinsaa akka irratti fudhatamu taasisuu,
- f) Akkaataa labsii 104/97 keewwata 87/3(d) labsii 61/94 keewwata 87/3 fooyyessuuf bahetti, qaama murtii fi ajaja Komishinichaan kenname raawwachuu dide akkaataa Lakk. 25" a" Lakk. 2 irratti ibsameen gara Biiroo Haqaatti dhiyeessuudhaan tarkaanfiin seeraa akka irratti fudhatamu ni taasisa.

## **27. HAALA QAJEELFAMNI KUN ITTI FOOYYA'UU DANDA'U.**

Barbaachisaa ta'ee wayita argamu Komishinichi qajeelfama kanaa foo'yyeessuu ykn jijjiiruu ni danda'a.

## **28. YEROO QAJEELFAMICHI HOJII IRRA OOLU**

Qajeelfamni kun guyyaa Komishinara Komishinichaatiin ykn bakka bu'aa Komishinaraatiin mallatteefamee bahe irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

## **29. MILTOOLEE (APPENDICES)**

Uunkaa Gita Hojii Duwwaa Itti Gaafatamaa Kutaa Gitni Hojii Duwwaan Itti Argamuun Guutamu

Guyyaa \_\_\_\_\_

Kutaa hojii \_\_\_\_\_ irraa  
Kutaa hojii \_\_\_\_\_ tiif

1. Waamama gita hojii \_\_\_\_\_ Sadarkaa \_\_\_\_\_ Lakk.  
eenymmaa \_\_\_\_\_  
Mindaa \_\_\_\_\_
2. Haala gitni hojichaa ittiin guutamu; Dhaabbataan \_\_\_\_\_ Kontiraataan \_\_\_\_\_
3. Gita hojii duwwaa; gita haaraa gad-Lakk.ifame \_\_\_\_\_  
Dhaabbii kan hin taane \_\_\_\_\_
4. Gita hojichaafi beekumsa, dandeettii addaa (Skill), dandeettii fi haalawwan adda addaa biroo barbaachisani \_\_\_\_\_
5. Yeroo hojjetaan akka hojii jalqabu barbaadamu  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

6. Itti gaafatamaa gaafficha dhiheesse

Maqaa \_\_\_\_\_  
Mallattoo \_\_\_\_\_

7. Murtee ykn yaada Itti gaafatamaa Bulchinsa humna namaa

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
Maqaa \_\_\_\_\_  
Mallattoo \_\_\_\_\_  
Gahee hojii \_\_\_\_\_  
Guyyaa \_\_\_\_\_ ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

**Hubachiisa:** Kutaan bulchiinsaa gaaffii kana irratti hundaawuudhaan guddina sadarkaatiin ykn jijjiirraadhaan gita Hojichaa guutuuf yaalii godhee namni yoo dhabame qofa qaxaratti deemuu ni danda'a.

**Uunkaa Beeksisa Gita Hojii Duwwaa**

1. Maqaa mana hojii \_\_\_\_\_
2. Gita hojii duwwaa:
  - Waamama \_\_\_\_\_
  - Sadarkaa \_\_\_\_\_
  - Mindaa \_\_\_\_\_
  - Baayyina \_\_\_\_\_
3. Gita hojiichaaf dandeettii gadi aanaa (minimum requirment) barbaachisu (sadarkaa barnootaa, ogummaa, muuxannoo hojii) \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
4. Dabalataan gita hojichaaf kan barbaachisu ;  
Beekumsa \_\_\_\_\_  
Dandeettii addaa \_\_\_\_\_  
Dandeettii \_\_\_\_\_  
Kan biraa dandeettii barbaachisaa (Amala) \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
5. Yeroo galmee ragoota dhihaachuu qaban \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
6. Amala gita hojichaa \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
7. Gita hojichaaf bu'aa adda addaa kennamu (yoo jiraate)  
\_\_\_\_\_
8. Bakka galmee \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_
9. Guyyaa fi sa'aatii galmeen itti xumuramu \_\_\_\_\_
10. Dubartoonni iyyatan ni jajjaabeefamu.

**Uunkaa Iyyattootaan Guutaman**

1. Maqaa hanga akaakayyuutti \_\_\_\_\_
2. Teessoo \_\_\_\_\_
3. Naannoo \_\_\_\_\_ Godina \_\_\_\_\_ Aanaa/Magaalaa \_\_\_\_\_
4. Lakk. bilbilaa:-  
 Kan mana hojii \_\_\_\_\_  
 Kan mana jireenyaa \_\_\_\_\_  
 Lakk.sanduuqa poostaa \_\_\_\_\_

Sadarkaa Barumsaa	Mana Barumsaa		Yeroo Baratan		Gosa Barumsaa	Ragaa Sadarkaa barumsaa	
	Maqqa	Teessoo	Eegalee	Hanga			
Dandeettii Qooqaa; Gaarii, Baayee, Gaarii,Daraan Gaarii Jeechuun Ibsaa.	Qooqa	Dubbachuu	Dhagahuu	Dubbisuu	Barreessuu		
	Oromiffa						
	Amaariffa						
	Ingiiffa						
Muuxannoo Hojii (yeroo dhiyoo irraa jalqabaa)	Maqaa mana hojii	Teessoo	Yeroo hojjete		Yeroo dhumaa kan irra ture		Hojiicha sababa dhiiseef
			Eegale	Hanga	Waamama Gita hojii	Sadarkaa	Mindaa
Hirmannaa Leenjii Ogummaa	Gosa Ogummaa		Yeroo Hirmannaa		Ragaa Argame		Qorannoo
	Waldootaa ogummaa adda addaa fi hawaasa keesatti hirmaannaan yoo jiraate haa ibsamu						
	Kolleejjii ykn mana barumsaa alatti qorannoo ykn qo'aannoo addaa gootan yoo jiraate tartiibaan						
	Yeroo boqonnaa keessaanii maali hojjechuu fetuu? _____						
Dhimma keessan namni ragaa isinii bahu yoo jiraate (Reference)	Maqaa		Hojii		Teessoo		

Armaan olitti tartiibaan ibsi ani kenne dhugaa ta'uu isaa nan mirkaaneessa

Maqaa fi mallaattoo iyyataa \_\_\_\_\_



**Ragaa Barnootaa;****1. Ragaan barnootaa hojjattoota kamiif iyyuu fudhatama argatu:**

- Mana Barnoota Mootummaa (Yunivarsitii fi Kolleejjota dabalatee), Mana barnootaa Miti-Mootummaa (Yunivarsitii fi Kolleejjota dabalatee) beekamtummaa Mootummaa argatan irraa kan dhiyaatu,
- Haqamaa fi haxa'ama kan hin qabne,
- Chaappaa fi mallattoo l/gaafatamaa mana barnootichaa kan qabu, maqaa fi gahee hojii nama mallatteessee ifaan kan ibsu,
- Oriinaala waliin ilaalamee kan mirkanaa'e,
- Yoo danda'ame suuraan abbaa ragichaa kan itti maxxanfame,
- Digirii ykn Dippiloomaa Yunivarsitii fi Kolleejjii biyya alaatii argame yoo ta'e, Ministeera Barnootaa irraa tilmaama qixaa kan argate ta'uu qaba.

**2. Ragaa Barnootaaf Haala Qaphxiin Itti Kennamu (10% kessaa guddina sadarkaatiif qofa kan qabamu.)**

Lakk.	Sarkaa Batnootaa	Qaphxiin Kennamu		
		Qunnamtii Kan Qabuuf	Haala Biraatiin Qunnamtii Kan Qabuuf	Qunnamtii Kan Hin Qabnee
1	Kutaa 5ffaa kan xumure	0.5	-	0.5
2	Kutaa 6ffaa kan xumure	1	-	1
3	Kutaa 7ffaa kan xumure	1.5	-	1.5
4	Kutaa 8ffaa kan xumure	2	-	2
5	Kutaa 9ffaa kan xumure	2.5	-	2.5
6	Kutaa 10ffaa kan xumure	3	-	3
7	<ul style="list-style-type: none"> <li>➤ 10 + 1 (Sartifikeetii ogummaa teekinikaa)</li> <li>➤ Barnoota Qophaa'insaa kan xumure</li> <li>➤ Kutaa 12ffaa duraanii fi kolleejjii waggaa 1ffaa</li> </ul>	4	3	2
8	<ul style="list-style-type: none"> <li>➤ 10 + 2 (Dippiloomaa teekinikaa fi ogummaa)</li> <li>➤ 12 + 2 (Kolleejjii waggaa 2<sup>ffaa</sup> kan xumure)</li> </ul>	5	4	3
9	<ul style="list-style-type: none"> <li>➤ Dippiloomaa kolleejjii</li> <li>➤ 10 + 3 (Dippiloomaa teekinikaa fi ogummaa)</li> </ul>	6	5	4
10	<ul style="list-style-type: none"> <li>➤ Advaansid dippiloomaa</li> <li>➤ 12 fi kolleejjii waggaa 4<sup>ffaa</sup> kan xumure</li> </ul>	7	6	5
11	Digirii baachilarii	8	7	6
12	Digirii maastarsii	9	8	7
13	Digirii dooktireetii	10	9	8

**Hubachiisa:** Gitoota hojii barnoota teekinikaa fi ogummaa barbachisan irratti kallattiidhaan sadarkaa barnootaa teekinikaafi ogummaa barbaadamu dhiyeefachuun dirqama taha.

### 3.Sadarkaa Barumsaa 30% (Jijjiirraaf qofa kan gargaaru)

Lakk.	Sadarkaa Barumsaa	Qunnamtii Kan Qabu	Gara Biraatiin Qunnamtii Kan Qabu	Qunnamtii kan Hin Qabne
1	Kutaa 1ffaa kan xumure	15	15	15
2	Kutaa 2ffaa kan xumure	16	16	16
3	Kutaa 3ffaa kan xumure	17	17	17
4	Kutaa 4ffaa kan xumure	18	18	18
5	Kutaa 5ffaa kan xumure	19	19	19
6	Kutaa 6ffaa kan xumure	20	20	20
7	Kutaa 7ffaa kan xumure	21	21	21
8	Kutaa 8ffaa kan xumure	22	22	22
9	Kutaa 9ffaa (11 <sup>ffaa</sup> ) *kan xumure	23	23	23
10	Kutaa 10ffaa (12 <sup>ffaa</sup> ) *kan xumure	24	24	24
11	<ul style="list-style-type: none"> <li>• 10+1,barumsa Ogummaa fi Teeknikaa sartifikeetiin kan eebbifame, "TTI" irraa kan eebbifame, Narsiin sartifikeetiin kan eebbifame, gargaaraa fayyaa,</li> <li>• 10+2(12+2)+ barumsa Ogummaa fi Teeknikaatiin Dippiloomaan kan eebbifame,</li> <li>• Barumsa qophaa'insaa (preparatory) kan xumure,</li> <li>• Kolleejjii waggaa 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> kan xumure.</li> </ul>	25	21	17
12	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Dippiloomaa kolleejjii</li> <li>• Kolleejjii waggaa 3ffaa kan xumure</li> <li>• 10+3 (Dippiloomaa Ogummaafi Teeknikaa)</li> </ul>	26	22	18
13	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Dippiloomaa Olaanaa Koolejjii</li> <li>• Kolleejjii waggaa 4ffaa kan xumure</li> </ul>		23	19
14	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Digirii Baachilarii</li> </ul>	28	24	20
15	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Digirii Maastarsii</li> </ul>	29	25	21
16	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Digirii Doktireetii</li> </ul>	30	26	22

\* Akkaata imaammata barnoota duraatiin kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> jechuudha.

+ Akkaata imaammata barnoota duraatiin dippiloomaa Teeknikaa jechuudha.

### Haala Hojjataan Itti Madaalamu

#### 1. Karoora Haala Barbaadamuun Raawwachuu Ykn Hojii Irra Oolchuu /Competency/

- Hojii kennameef yeroo murtaa'e keessatti qulqullinaan hojjachuu,
- Akka gareetti ykn akka mana hojiitti bu'aa fiduuf tattaaffii godhuu (Team Sprit),
- Gabaasaa fi deebii (feed back) yeroodhaan dhiyeessuu,
- Karooraan hojjachuu (keessattuu itti gaafatamtoota kan ilaallatu),
- Dandeettii raawwachiisuu humna namaa cimsuuf tattaaffii godhuu (keessattuu itti gaafatamtoota kan ilaallatu),

#### 2. Galmaa fi Kaayyolee Mana Hojii ykn Bulchiinsaa (Imaammata Tarsiimoo Karoora) Kutannoodhaan Fiixaan Baasuu (Commitment)

- Karoora fiixaan baasuuf yeroo hojiitiin ala yeroo boqonnaa isaatti hojii hojjachuu,
- Adeemsa hojii hin barbaachisne hambisuun rakkoolee uumaman dhabamsiisuuf tattaaffii godhamu,
- Siivil Sarviisiin uummata kan tajaajilu ta'uu beekuun of-qopheessuu fi hirmaannaa hojii gochuu,
- Mana hojii keessatti haala sadarkaa hojii irra jiruutiin itti gaafatamtootaa fi hojjattootaaf fakkeenya gaarii ta'uu, (itti gaafatamtootaaf)

#### 3. Haala Naamusa Hojjatichaa /Ethics/

- Abbaa dhimmaa haala gaariin keessumeessuu,
- Hojjattoota mana hojii keessatti argaman waliin waliigaluun hojjachuu,
- Qabeenya Mootummaatiif dhimmamuu,
- Yeroo hojii kabajuu, yeroo hojii hojii mootummaatiif qofa itti fayyadamuu,
- Amala gadhee irraa fagaachuu; isaanis:- malaamaltummaa, fakkeessummaa, yeroo hojiitiin dhuganii argamuu, sobuu, iccitiin baasuu fi kkfdha.

## Ragaa Muuxannoo Hojii

### 1. Haala Muuxannoon Hojii Itti Fudhatamu (Hojjataa kamiif iyyuu)

Muuxannoon hojii haala armaan gaditti ibsameen qabama.

- Qaxaraa fi guddina sadarkaatiif gitoota hojii haala imaammata barnoota duriitiin kutaa 12<sup>ffaa</sup> fi sanaa gadi, haala imaammata barnootaa fi leenjii ammaatiin kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi sanaa gadi gaafatan irratti muuxannoon hojii kallattiidhaan osoo hin ilaalamiin tajaajilli kamiyyuu akka muuxannoo hojiitti ni fudhatama.
- Sadarkaa gitoota hojii sadarkaa barnootaa Teekiniikaa fi Ogummaa gaafatan irratti muuxannoon hojii haala armaan gaditti ibsameen ni fudhatama.
- Qaxara irratti muuxannoon hojii fudhatamu gita hojii irratti qaxaraman waliin qunnamtii kan qabu qofa ta'a.

2. Armaan olitti Lakk.oofasa 1.6.1 "a" irratti kan ibsame akkuma eegametti, guddina sadarkaa fi ramaddii sababa jijjiirrama caasaatiin gaggeeffamu irratti muuxannoon hojii haala armaan gaditti ibsameen ni qabama.

- Muuxannoo hojii kallattiidhaan qunnamtii qabu guutumaa-guututti (100%) ni qabama, hojjataan tokko muuxannoo hojii bifa sadii tahe yoo qabaate haala armaan gaditti ibsameen shallagamee walitti ni ida'amaaf. Hojjataan tokko kanneen ibsamani keessaa bifa tokko qofaa kan qabu yoo tahe, haaluma dhimma kana ilaalchisee ibsameen tokko qofti shallagamee ni qabamaaf.
- Muuxannoo hojii gara biraatiin (indirectly) qunnamtii qabu dachaasuudhaan waLakk.aa isaa (50%) ni qabama.
- Muuxannoo hojii tasuma qunnamtii hin qabne yeroo lama dachaasuudhaan harka araffaa (1/4) isaa (25%) qabuudhaan fi walitti ida'uudhaan ni fudhatama.
- Yeroon barumsa ykn leenjii irra turameef kamiif iyyuu (kan yeroo gabaabaa ykn dheeraa) muuxannoon hoii hin qabamu
- Yeroon leenjii ji'oota 8 (saddeet) fi sanaa gadi taheef kennaman gita hojii irratti ramadamu wajjin qunnamtii kan qabu yoo ta'e, tajaajila ykn muuxannoo hojii hojjataan duraan qabu irratti akka qabamu ni ida'amaaf. Fakeenyaaf, leenjiin ji'a jahaa akka muuxannoo ji'a jahatti, leenjii ji'a sadii akka muuxannoo ji'a saditti ni fudhatama.

### 3. Muuxannoon Hojii Haala Itti Madaalamu

Sirrummaa muuxannoo hojii qulqulleeffachuuf;

- Haqamaa fi haxaa'ama kan hin qabne,
- Mindaan ji'aa kan irratti ibsame,
- Yeroo kam irraa kaasee hanga yoomitti akka hojjate, maal akka hojjate kan ibsu,
- Lakk.oofsa protokoolii fi guyyaa kan qabu,
- Chaappaa mata duree fi geengoo akkasumas mallattoo itt igaafatamaa ykn itti aanaa itti gaafatamaa ykn bakka bu'aa mana hojichaa kan qabu,
- Mana hojii mootummaan akkasumas miti-mootummaa ta'ee beekamtummaa (hayyama) Mootummaa argate irraa kan dhiyaate,
- Mana hojii kutaa bulchiinsaa fi faayinaansii qabu,
- Hojii sa'aatii 8(saddeet) hojjiisuu, galmee mallattoo sa'aatiin fayyadamu, hojjattootaaf mindaa peerooliidhaan kafalu irraa dhiyaachuu isaa mirkanaa'uu qaba.

- i) Hojjataan yeroo qaxaramu foormii seenaa jireenyaa maqaa isaatiin guutamu irratti mana hojii duraan keessatti hojjate waan guutuuf ykn akka hin hojjatne waan ibsuuf muuxannoon hojii yeroo qaxaramu ykn boodatti dhiyeeffatu haaluma foormicha irratti guutameen ta'uu isaa mirkanaa'uu qaba. Hojjataan yeroo tokko foormicha irratti eessumattuu akka hin hojjatne ibse boodatti ragaa muxannoo hojii dhiyeeffachuu hin danda'u.
- j) Muuxannoon hojii Manneen hojii mit-Mootummaa irraa dhiyaatan ashuura galii biyya keessaa kan itti kafalame,
- k) Lakk. eenymaaaa gita hojii fi sadarkaa isaa,
- l) Gidduugaleessa madaallii raawwannaa hojii kan yeroo lamaa qabaachuu qaba.

**4. Uunkaa Muuxannoon Hojii Itti Qabamu (10% Keessaa guddina sadarkaa qofaaf Kan Qabamu)**

Bara Tajaajilaa	Qaphxii Kennamu		
	Kallattiitiin Qunnamtii Kan Qabu 100%	Haala Biraatiin Qunnamtii Kan Qabu 50%	Qunnamtii Kan Hin Qabne 25%
1	0.24	0.12	0.06
2	0.48	0.24	0.12
3	0.72	0.36	0.18
4	0.96	0.48	0.24
5	1.12	0.56	0.28
6	1.44	0.72	0.36
7	1.68	0.84	0.42
8	1.92	0.86	0.43
9	2.16	1.08	0.54
10	2.40	1.20	0.60
11	2.64	1.32	0.66
12	2.88	1.44	0.72
13	3.12	1.56	0.78
14	3.36	1.68	0.84
15	3.60	1.80	0.90
16	3.84	1.92	0.96
17	8.08	2.04	1.02
18	4.32	2.16	1.08
19	4.56	2.28	1.14
20	4.80	2.40	1.20
21	5.04	2.52	1.26
22	5.28	2.64	1.32
23	5.52	2.76	1.38
24	5.76	2.88	1.44
25	6.00	3.00	1.50
26	6.24	3.12	1.56
27	6.48	3.24	1.62
28	6.72	3.36	1.68
29	6.96	3.48	1.74
30	7.20	3.60	1.80
31	7.44	3.72	1.86
32	7.68	3.84	1.92
33	7.92	3.96	1.98
34	8.16	4.08	2.04
35	8.40	4.20	2.18
36	8.64	4.32	2.16
37	8.88	4.44	2.22
38	9.12	4.56	2.28
39	9.36	4.68	2.34
40	9.60	4.80	2.40
41	9.84	4.92	2.46
42	10	5	2.50

**5. Muuxannoo Hojii (50% Jijjiirraaqofaaf kan fayyadu)**

Bara Tajaajilaa	Qaphxii Kennamu		
	Kallattiin Qunnamtii Kan Qabu 100 %	Kallattii Biraatiin Qunnamtii Kan Qabu 50%	Qunnamtii Kan Hinqabne 25%
1	1.20	0.60	0.30
2	2.40	1.20	0.60
3	4.32	2.16	1.08
4	4.80	2.40	1.20
5	6.00	3.00	1.50
6	7.20	3.60	1.80
7	8.40	4.20	2.10
8	9.60	4.80	2.40
9	10.80	5.40	2.70
10	12.00	6.00	3.00
11	13.20	6.60	3.30
12	14.40	7.20	3.60
13	15.60	7.50	3.90
14	16.80	8.40	4.20
15	18.00	9.00	4.50
16	19.20	9.60	4.80
17	20.40	10.20	5.10
18	21.60	10.80	5.40
19	22.80	11.40	5.70
20	24.00	12.00	6.00
21	25.20	12.60	6.30
22	26.40	13.20	6.60
23	27.60	13.80	6.90
24	28.80	14.40	7.20
25	30.00	15.00	7.50
26	31.20	15.60	7.80
27	32.40	16.20	8.10
28	33.60	16.80	8.40
29	34.80	17.40	8.70
30	36.00	18.00	9.00
31	37.20	18.60	9.30
32	38.40	19.20	9.60
33	39.60	19.80	9.90
34	40.80	20.40	10.20
35	42.00	21.00	10.50
36	43.20	21.60	10.80
37	44.40	22.20	11.10
38	45.60	22.80	11.40
39	46.80	23.40	11.70
40	48.00	24.00	12.00
41	49.20	24.60	12.30
42	50.00	25.00	12.50

## **Akkaataa Qophii fi kenna Qorumsaa**

### **1. Qorumsa Barreeffamaa**

Akkaataa qophii qorumsa barreeffamaa;

- a) Qorumsi barreeffamaa kan dhimmi ilaalu fi ogeessa ogummaa isaa sirritti beekuun qoph'uu qaba.
- b) Yeroo qorumsichi kennamu qaama qormaata qopheessee ykn sirrii ta'uu (sororuu) mirkaneessuu ala qorsisaan (invigilator) addaa bulchiinsa humna namaatiin ramadamuu qaba.
- c) Qorsisaan akkuma qorumsichi raawwateen tokkoon tokkoon waraqaa deebiitiif Lakk.oofsa icciti (code) kennuudhaan poostaa keessa kaa'ee samsamuudhaan nama sororuudhaan mirkaneessutti kennamuu qaba.
- d) Lakk.oofsi icciti kan hiikamu (decoding) yeroo miseensotni koree filannoo hundinuu ykn waLakk.aa ol argaman nama qorumsicha kenneen ta'a.

#### **1.1 Sirreessa (Sorora) Qorumsa Barreeffamaa,**

- a) Sirreessi qorumsaa qaama qorumsa qopheesseen sirreeffama (Sororama). Sirreessaan (sororaan) qorumsi qormatoota poostaan akkuma samsamameen isaaf dhihaachuu isaa mirkaneeffatee sirreessaa (sororaa) ni raawwata.
- b) Qorumsichi deebii filataamaa (objective type) yoo ta'e, nama tokkoon sirreeffamuu (sororamuu) ni danda'a, miseensonni koree waraqaa deebiin irratti kenname walharkaa fudhuudhaan qaphxii argachuu qaba jedhanii itti amanan yaadannoo tokko tokko isaanii irratti qabachuu ni danda'u. Waraqaa deebii irratti qaphxiin hin barreeffamu, sororicha dura garuu;
- c) Qorumsichi gosa ibsaa (Essay type) yoo ta'e;
  - (1) Ulaagaalee sirreeffamaaf barbaachisan duraan qopheessuun, jechuun qaphxii guutuu kan kennamuuf haalawwan maal maal yoo xuqaman akka ta'e duraan murteessuu,
  - (2) Bu'uura ulaagaalee qopheeffameen qorsistotni tokkoon tokkoon waraqaa qoramtootaa wal haarkaa fudhataa ulaagaalee duraan murtaa'an irratti hundaa'uudhaan akka sirreessan (sororan) gochuu,
  - (3) Sirreesitootni (sorortoanni) qorumsichaa qaphxii tokkoon tokkoon qoratamaa kennameen jiddu galeessa (average) baasuudhaan akka qabamu gochuun barbaachisaadha.

#### **Qorumsa Gochanii (Dalagaa)**

##### **Qophii qorumsa gochaa.**

Bu'aan qorumsa gochaa kan ilaalamu yeroo qormaanni adeemsifamaa jiruu fi qormaatni eega raawwate booda waan ta'eef;

- a) Qorumsichi hojjetaa/hojjetoota/ beekumsa ogummaa qabu/ qabaniin qoha'ee kennamu qaba.
- b) Qormaatni yeroo qophaa'uu raawwii isa kamiif akka qaphxiin kennamu duraan dursee ibsa tarreeffamaan qopheessuun barbaachisaadha.
- c) Qaphxiin tokkoon tokkoon ga'ee hojiitiif kennamu duraan dursee murtaa'a.
- d) Qormaaticha irratti fi qormaaticha booda ulaagaaleen qaphxiin ittiin kennamu ni qophaa'u.



## 1.2. Raawwii

- a) Qoratamaan qorumsichi eega eegalamee kaasee hanga raawwatutti waan inni raawwatuuf qaphxiin kan kennamu ta'u isaa duraan dursee akka beeku taasisuun ni barbaachisa.
- b) Dhuma irrattis adeemsa qorumsicha qoramtoota tokkoon tokkoon isaanitiif qaphxiin kennamee fi waliigala qorumsicha irratti qaphxii kenname ida'uun bu'aa jiddu galeessa (Average) baasuun murtee ittigaafatamaa dhimmi ilaaluuf dhiyaata.

## 2) Qorumsa Gaaffii Afaanii(Interview)

Kaayyoon gaaffii Afaanii akka filannoo fi manneen hojii Mootummaa Siivil Sarviisii keessatti godhamuuf, dorgomaa hojichaa fedhinaa fi ga'umsaan kan dalagu danda'u filachuu fi dandeettii mana hojichaatiif fiduu danda'u tilmaamuuf akkasumas dhugummaa ibsa uunkaa gaaffii hojii irratti guutame mirkaneessuudhaf.

### Qophii Gaaffii Afaaniitiin Dura Taasifamu;

- a) Ga'umsa, dandeettii, beekumsa, muuxannoo, ogummaa fi yaada dorgomaan qabaachuu danda'u hubachuun qopheessuu.
- b) Waan hojiif baayyee barbaachisaa ta'e garuu gaaffii afaaniitiin qorachuuf dandeettii rakkisaa ta'an addaan baasanii kaa'uu.
- c) Ga'umsa qaamaa fi haalawwan biraa namni hojicha irratti ramadamuu qabaachuu danda'u tarreessanii kaa'uu.
- d) Fedhina dorgomtoota, sababa hojicha itti barbaadan, fedhinaafi kaayyoon isaanii maal akka ta'e beekuufi gaaffiilee dandeessisan wixineessuu.
- e) Dhimmoolee keessa galuu qaban;
  - Tartiiba gaaffilee murteessuu,
  - Gaaffilee namoota gaaffii Afaanii gaafataniif hiiruu,
  - Rakkinaalee yeroo gaaffiin Afaanii taasifamu mudachuu danda'an dursanii hubbachuu,
  - Qoratamtoota akkaataa ittiin jajjabeessuun danda'amu irratti waliin dubbachuu,
- f) Haalawwan mijeessuu;
  - Yeroo,
  - Iddoo itti kennamuu fi kan biraas (yoo jiraate).
- g) Akkaataan gaaffiin Afaanii itti dhiyaatu;
  - Nagaa gaafachuun jalqabuu fi,
  - Kaayyoo gaaffii Afaanii gaafatamaaf ibsuudha, (structure).

### 2.3. Gaaffii Afaanii Geggeessuu;

- Dorgomtootni akka mijeffatanii taa'an afeeruu,
- Marii keessatti yeroo baayyee akka dorgomtootni dubbatan gochuu,
- Kallattii adeemsa marichaa suuta too'achuu danda'uu,
- Sirritti dhageeffachuu fi sammuu banaa taasisuun ragaalee kennaman obsaan fudhachuu,
- Murtiin kan kennamu marii booda ta'u illee hojiin wal-madaalsisuu adeemsa keessatti walhidhee kan deemu ta'u isaa, qormaachistoota gaaffii Afaanii irraa ni eegama.

### 3. Xumura (Cufiinsa)

- Bu'aan qormisichaa yeroo itti ibsamu ykn haala isaa ibsuu,
- Gaaffiin Afaanii xumuramuu isaa ibsuu, beeksisuu, ol-ka'anii harka fuudhuu ykn balbala banuudhaan amala gaarii fi ibsa hawwii gaariitiin gaggeessuun ni barbaachisa.

### 4. Qorumsa Gareedhaan Mari'achuu

#### 4.1. Kaayyoo

- a) Haalli dura bu'aa ykn walitti qabaan hin filataminitti dorgomtoota wal-marachiisudhaan filannoon godhamu dandeettii addaa wal-qunnamtii ittigaafatamtootaa, hojii gaggeesistootaa fi kan sadarkaa ooggantummaatiin taa'anii fi amala kanneen biraa itti qorachuuf,
- b) Tokkoon tokkoon dorgomaan rakkina barreeffamaan itti dhiyaateef furmaanni inni dhuunfaanis ta'ee waliin kennuun gahumsa isaa madaaluudhaf,

#### 4.2. Qophii Qorumsichaa:

- a) Waan gahuu fi ta'uudhaaf amanamaa ta'uu danda'u kan ibsuu fi jireenya qoratamtootaa guyyaa waliin qunnamtii ykn walitti dhufeenya hin qabinne tokko ykn barreeffama dhimma (case) gita hojii dorgommiif duwwaa ta'e irraa akka fakkeenyaatti dhiyaachuu danda'u qopheessuu.
- b) Barreeffamichi ragoota gahaa ta'anii rakinicha agarsiisuuf gargaaran akka of keessaa qabaatuu fi deebii ifa ta'e ykn furmaata kan hin qabne yaadini adda addaa kan irratti dhihaachuu danda'u ta'uusaa mirkaneessuu.
- c) Qorattoonni bu'uura akaakuu hojii fi dandeettii hojii barbaachisaa ittigaafatamummaa hojichi gaafatuun ulaagaalee (factors) yeroo wal-mari'annaa ittiin gamaaggaman maal akka ta'an waliigaltee irra gahuu.
- d) Kutaa mijaa'aa ta'e keessatti teessuma tokkoon tokkoon qoratamtootaa ilaaluu dandeessisu kursiilee fi minjaala mijaa'aa ta'e irra akka taa'an gochuu,
- e) Tokkoon tokkoon qoratamaa fuunduratti kaardii maqaa qopheessudhaan qorattoonni tokkoon tokkoon qoratamaa maqaadhaan garagara baasanii akka beekan gochuu,
- f) Barreeffama wal-mar'annaa hiruudhaan qajeelfama barreefamicha irratti kennameen ala ibsa gara biraa kamiyyuu qoratamtootaaf kennuun dhowwaadha.

#### 4.3. Adeemsa Qorumsichaa;

- a) Qoratamtoonni daqiiqota murtaa'aniif qormaaticha akka dubbisan ni taassifama. Yeroo kana keessa qorattoonni gaaffii kamiyyuu qaratamtoota irra hin fudhatan.
- b) Akkuma qaratamtoonni barreeffamicha irratti wal-mari'achuu jalqabaniin tokkoon tokkoon qorattootaa akkaataa madaallii baheetiin yaadannoo qabachuudhaan tokkoon tokkoon qoratamaan ni gamaaggama.

#### 4.4 Safartuu tokkoon tokkoon qoratamaa dandeettii addaa fi amaloota uumamaa wal-qunnamtii namoota waliin taasisu ittiin gamaaggamu,

- a) Baayyina hirmaannaa wal-mari'annicha irratti taasifamu, cimina yaadichaa, qulqullinaa fi gumaacha,
- b) Gumaachawwan kun fudhatama gareewwan wal-mari'aannaatiin argatanii fi miseensota garichaatiin hanga hojii irra oolma isaanii,

- c) Tokkoon tokkoon namaa yaada miseensa garee biraa gidduu bu'uu dhiisudhaan hanga dhaggeeffannaa isaa,
- d) Tokkoon tokkoon miseensaa xiyyeeffannaa gummacha miseensa biraatiif kennuu,
- e) Hanga gahumsa hooggantummaa namni tokkoon tokkoon agarsiisee,
- f) Tokkoon tokkoo miseensaa ilaalchisee yaada waliigalaa jiru, fakkeenyaaf; kaka'umsa, dandeettii uumaa, adda bahanii ilaalamuu, onneeffannaa, murteessummaa, dandeettii hooggantummaa, ofitti amanuu dhabuu, nama biraa duukaa bu'uu fi amala qoosummaa kkf ilaaluu ta'uu ni danda'a.

**4.5.** Qorattoonni akkaataa madaalliwwan kanaan olitti caqasameetiin waa'ee tokkoon tokkoo qoratamtootaa yaadannoo qabachuudhaan amala hojichaa waliin ilaaludhaan madaallii ofii kennuu qabu. Akkaataa gamaaggama galmeessaniitiin tokkoon tokkoo qoratamaa ilaalchisee yaada qaban irratti marii gochuudhaan waliigaltee irra gahuutu irraa eegama.

**Uunkaa Qorumsa Barreeffamaa fi Jechaa (Qaxaraaf Qofa)**

**Qormaatni Barreeffamaa fi Qooqaa Henna Geggheffamu, Uunkaa Walitti Qabaa Bu'aa Qormaata Kaadhimamtootaa**

1. Maqaa Mana hojii \_\_\_\_\_
2. Gosa Bobba'insaa /waammama hojii/ \_\_\_\_\_
3. Lakk. Eenyummaa gita hojichaa \_\_\_\_\_
4. Sadarkaa gita hojii \_\_\_\_\_
5. Mindaa Ka'umsaa \_\_\_\_\_
6. Bakka hojii \_\_\_\_\_
7. Beeksifinni kan itti bahe \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ Bara \_\_\_\_\_
8. Guyyaa qorumsi barreeffamaa itti kenname \_\_\_\_\_
9. Qorumsi jechaa kan itti kenname \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ Bara \_\_\_\_\_
10. Sadarkaa. gita hojii duraanii \_\_\_\_\_ mindaa duraanii \_\_\_\_\_

Lakk.	Maqaa Dorgomtootaa	Bu'aa Qorumsa Barreeffamaa fi Afaanii		Ida'ama Qaphxii 100%	Sadarkaa	Ibsa
		Bu'aa Qormaata Barreeffamaa 70%	Bu'aa Qorumsa Jechaa 30%			

**Yaada Murtii Koree Filannoo**

Maqaa Walitti Qabaa Koree, \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_

**Maqaa fi Mallattoo Miseensota Koree**

**Maqaa**

**Mallattoo**

- |         |       |
|---------|-------|
| 1 _____ | _____ |
| 2 _____ | _____ |
| 3 _____ | _____ |
| 4 _____ | _____ |

Ittigaafatamaa Murtii dhumaa kenne

Maqaa \_\_\_\_\_

Ittigaafatamummaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa fi Bara \_\_\_\_\_

**Uunkaa Qorumsa Gochaa fi Jechaa (Qaxaraaf Qofa)**

Uunkaa walitti Qabaa Bu'aa Qorumsa gochaa (Dalagaa) fi qooqaa (Interview)

1. Maqaa mana hojii \_\_\_\_\_
2. Waamama gita hojii \_\_\_\_\_
3. Lakk. Eenummaa gita hojii \_\_\_\_\_
4. Sadarkaa gita hojii \_\_\_\_\_
5. Mindaa ka'umsaa \_\_\_\_\_
6. Bakka hojii \_\_\_\_\_
7. Beeksisni kan itti ba'e (guyyaa, ji'aa, bara) \_\_\_\_\_
8. Qorumsi jechaa guyyaa fi bakka itti kenname \_\_\_\_\_
9. Guyyaa, ji'aa fi bara qormaatni gochaa kun itti kenname \_\_\_\_\_

Lakk.	Maqaa Dorgomtootaa	Bu'aa Qorumsa Gochaa fi Jechaa		Ida'ama Qaphxii 100%	Sadarkaa	Ibsa
		Bu'aa Qorumsa Barreeffamaa 80%	Bu'aa Qorumsa Jechaa 20%			

**Yaada Murtii Koree Filannoo**

Maqaa Wal-itti Qabaa koree, Maqaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_

Maqaa fi Mallattoo Miseensota Koree

**Maqaa**

**Mallattoo**

- |          |       |
|----------|-------|
| 1. _____ | _____ |
| 2. _____ | _____ |
| 3. _____ | _____ |
| 4. _____ | _____ |

Itti gaafatamaa murtii dhumaa kenne

Maqaa \_\_\_\_\_

Itti Gaafatamummaa \_\_\_\_\_

- 3.4 “**Qophii karoora madaallii raawwannaa hojii bu’aa irrattii xiyyeeffate**” jechuun gareedhaan, ykn hojjetaadhaan bu’aa tokko fiduudhaaf karoora karoorafame: hojii ijootiin, hojiilee gurguddootiin fi xixiqqaatiin, addaan baasuudhaanii fi raawwachuun galmaan gahuuf tokkoon tokkoo isaanii irraa qabatamaadhaan kan irraa eegamu bu’aa raawwannaa karoora akkaataa barbaadameen baayinaan, qulqullinaan, yeroodhaan fi baasiidhaan raawwachuu isaa fi raawwachuu dhabuu isaa safaruun, akkasumas bu’aan raawwanaa karoora milkaa’iinsa galmaa fi faayidaa argamsiise gamagamudhaan sirna bu’aa fi jijjiirama argame kan itti mirkanaa’uudha.
- 3.5 “**Hojii ijoo**” jechuun- hojii olaanaa mana hojii, Adeemsi hojii, gareen ykn hojjetaan tokko gahee hojii fi karoora isaaf kenname galmaan ga’uuf murteesaa ta’uu isaatiif dursa kenneefii kan raawwatuudha.
- 3.6 “**Hojiilee gurguddoo**” jechuun hojii ijooti aananii kan jiran hojii mana hojii ta’ee, adeemsa hojiif, gareedhaaf ykn hojjetaa tokkoof kan kennamu ga’ee hojii yoo ta’u, akkaataa ulfina hojii sanaatiin tartiibaan kan taa’aniidha.
- 3.7 “**Hojiilee Xixiqqoo**” jechuun hojii ijoo fi hojii gurguddoo keessatti kan hin golgamin ta’ee hojii fi karoora hojiilee mana hojii, garee ykn hojjetaa tokkoof kennamu yommuu ta’u, kallattiinis ta’ee haala kallattii hin taaneenis karoora kessatti qabamanii kan hojjetaman fi kan madaalaman haala dhaabbatummaa kan qabaniidha.
- 3.8 “**Hojiilee dabalataa**” jechuun hojii karoora keessatti kan hin qabamin, karooraan alattii kan uumaman yoo ta’u, yeroo gabaabaa keessattii gareedhaan ykn hojjetaadhaan kaka’umsa mataa ofiitiin kan hojjetamanii fi qaama olaanaa irraa kan kennamu, ta’ee madaallii raawwannaa hojii keessatti qabxiin

kan hin qabamne garuu, yeroo dorgommii ittiin wal-caalchisuuf kan gargaaruu fi jajabeessituu (Incentive) hojii argachuuf kan hojjetamuudha.

- 3.9 **“Akaakuu bu’aalee”** jechuun hojii facaatii Karoora hojii ijoo, hojii gurguddoo fi xixiqqaa galma isaa akka gahu kan dandeessisuudha.
- 3.10 **“Galma”** jechuun bu’aa waliigalaa akkaataa ergama manni hojii sun itti dhaabbateen yeroo murtaa’e keessattii iddoo itti ga’amuu danda’uudha.
- 3.11 **“Kaayyoo”** jechuun bu’aa karoora safaramu, bira gahuu fi hojachuun kan danda’amu, yeroon kan daangeefame, tattaafii fi kaka’umsa kan gaafatudha.
- 3.12 **“Maddaallii raawwannaa karoora bu’aa irratti xiyyeeffate”** jechuun manni hojii tokko, dameen hojii, gareen ykn hojjetaan, tokko karoora isaa galmaan ga’uuf hojii ijoo, gurguddoo fi xixiqqaa karoora bu’aa irratti xiyyeeffatee kennameef qulqullina, yeroo, baasii fi baayina ammamiitiin hojjetamuu akka qabu kan ittiin safaramu akkasumas milkaa’ina fi faayidaa karoorri kun argamsise ittiin gamaaggamamuudha.
- 3.13 **“Bu’aa raawwii karoora”** jechuun tajaajila ykn omisha hojiileen karooraan qabaman erga hojjetamanii booda argamuudha.
- 3.14 **“Milkaa’ina Galmaa”** jechuun Akkaataa amala karoorichaatti, raawwii karooraatti aanee bu’aa battalumatti ykn yeroo gabaabaa ykn yeroo giddugaleessa keessatti argamu yeroo ta’u, yeroo baayee mallatoo bu’aa milkaa’ina galmaa fi kaayyoo karoora tarsii mooti.
- 3.15 **“Faayidaa”** jechuun akkaataa amala karoorichaatiin milkaa’ina galmaa battalumatti, yeroo booda, yeroo murtaa’e ykn yeroo giddu-galeessa ykn yeroo dheeraa keessatti bu’aa uumamuu fi beekamuu danda’uudha.
- 3.16 **“Sadarkaalee madaallii raawwii karoora”** jechuun bu’aa raawwii karoora tartiiba sadarkaa kan agarsiisu ta’ee, isaanis **Gad-aanaa, Quubsaa, Olaanaa** fi **Daran Ol-aanaa** jedhamanii ibsamu.
- 3.17 **“Ittigaafatamaa ol-aanaa”** Jechuun- Mana hojii mootummaa tokko ol-aantummaan kan oogganu, ykn itti aanaa ykn bakka bu’aadha.
- 3.18 **“Hojii geggeessitoota ol-aanaa”** jechuun itti gaafatamaa olaanaa mana hojii sanatti aananii kan jiran Hojii geggeesitootadha (Koree manaajimeenti).
- 3.19 **“Itti gaafatamaa itti gaafatamaa dhiyoo”** jechuun hojii itti gaafatamtoota isa jala jiranii fi hojjetootaa kan qajeelchaniidha.
- 3.20 **“Itti gaafatamaa dhiyoo”** jechuun - caasaa mana hojii tokko keessattii itti gaafatamaa isa gadaanaa yommuu ta’u, hojjetootni kallatiidhaan kan itti waamaman jechuudha.

#### 4. KAAYYOO FI QOPHII MADAALLII RAAWWANNAA KAROORAA BU’AA IRRATTI XIYYEEFFATE

Kaayyoon qophaa'iinsaa fi raawwii karoora madaallii bu'aa irratti xiyyeeffate hojjetootni mootummaa karoora hojii raawwii isaanii qusannaa baasiitiin, gahumsaa fi haala bu'aa qabeesaa ta'een raawwatamuu isaa mirkaneessuu fi kanaafis raawwatoota ykn hojjetoota sadarkaa kanaaf geessisuudha.

## Kaayyoo Facaatii

Gareewwanii fi hojjetootni bu'aa hojii isaan irraa barbaadamu: baayinaan, qulqullinaan, yeroodhaan fi baasiidhaan raawwachuu isaanii mirkaneessuu,

Gareewwanii fi hojjetootni raawwii karoora hojii gamaaggama wal- irraa hincinne gochuudhaan, cimina jiruu fi dadhabina jiru addaan baasuudhaan gara fuulduraatti karoori raawwii hojii akka bu'a qabeessa ta'u gochuu,

Fedhii leenjii fi fooya'iinsa ittigaafatamtootaa fi hojjetootaa sirriitti addaan baasanii beekuudhaaf,

Garreewwanii fi hojjetootaaf onnachiiftuu bu'aa irrattii hundaa'e kennuuf,

Ooggantootni olaanoon dhimma ittigaafatamtootaa fi hojjetootaa ilaalchisee yeroo yeroodhaan hordofuudhaan odeeffannoo qabatamaa ta'e irratti hundaa'uun murtii seera qabeessa ta'e akka itti kennamu taasisuufidha.

## 5. YAAD-RIMOOTAA MADDAALLII RAAWWII KAROORA BU'AA IRRATTI XIYYEEFFATE

- 5.1 Kan madaalamu amala hojjetaa osoo hin ta'in bu'aa raawwii karoora mana hojii, deemsa hojii, garee ykn hojjetaati.
- 5.2 Abbaan bu'aa raawwii karoorichaa nama (hojjetaa), garee ykn adeemsa hojii bu'aa sana argamsiseedha.
- 5.3 Bu'aan raawwii kan madaalamuu fi gamaaggamamu bu'aa raawwii karoora battalumattii argamu qofa osoo hin ta'in, akkaataa amala karoorichaatti bu'aa yeroo gabaabaa, yeroo giddugaleessaa fi yeroo dheeraa keessatti milkaa'ina galmaa fi faayidaa argamsisu ni dabalata.
- 5.4 Karoorri hojii bu'aa irratti xiyyeeffate kan inni irraa maddu karoora tarsimoo mana hojjichaa (dhaabbatichaa) bu'uura godhachuudhaan kan qophaa'u karoora waggaa ykn isaa gadi kan ta'e /kan ji'a ja'aa / irraatidha.
- 5.5 Karoorri hojii waggaa bu'aa irratti xiyyeeffate kan mana hojii tokko, dameewwan hojii, (Adeemsa hojiiwwan) adda addaati fi gareewwanii fi hojjetootaaf duraa duubaan ni qoodama.
- 5.6 Karooa hojii qophaa'an:
  - a) Iftoomina, facaatii fi bu'aa irratti kan xiyyeeffatan,
  - b) Bu'aa hojii barbaadamu baayinan, qulqullinaan, yeroodhaani fi baasiidhaan safaruu kan dandeessisan,



- c) Galmeewwan taa'an tattafii kan gaafatan ta'anii, qabeenyaa fi humna namaa jiruun hojii irra ooluu kan danda'an,
- d) Walumaagalatti karoora hojii mana hojjichaa irraa kan qoodamanii fi fudhatama kan qaban,
- e) Yeroo murtaa'e keessatti kan raawwatamuu danda'anii fi
- f) Kan irratti walii galame ta'uu qaba.

- 5.7 Karoorri hojii kam iyyuu yeroo qophaa'u dandeettii nama raawwatu gad ta'uu hin qabu. Wanta haaraa uumuudhaanii fi kaka'uumsaan bira ga'uun kan danda'amu dandeettii kanaan dura itti hin fayyadamin kan hin daangessinee fi karoora tarsiimoo keessa kan taa'anii fi sadarkaa sadarkaadhaan kaayyoo fi galma haala saffisaa ta'een iddoodhaan ga'uu kan dandeessisu ta'uu qaba.
- 5.8 Haaloonni dirqisiisaa ta'an yeroo mullatan qaamota karooricha qopheessanii fi raggaassisan wajjiin irratti walii galuudhaan qaamni olaanaa akka dhimicha beeku godhamee keessa deebi'uu fi fooyyessuun ni danda'ama.
- 5.9 Bu'aan raawwii karoora waligalaa kan gamaaggamamu duraan dursee yeroo murtaayeen kurmaana waggatiin ta'a.
- 5.10 Raawwannaan karoora bu'aa eegamu akka argamsiisuu fi fiixaan akka ba'u gochuuf hordoffii fi deeggersa wal-irraa hin cinne gochuudhaan raawwatoota dandeetii isaanii cimsuu qaba.
- 5.11 Qophii safartuu karoora hojii bu'aa irratti xiyyeeffatee fi raawwannaa isaa akkasumas piriinsiploota madaallii bu'aa olaantummaa seeraa, iftummaa, ittigaafatamummaa, hirmaachisummaa fi kaka'umsa gutuumaan gutuutti hojii irra olchuudhaan raawwatamuu qaba.
- 5.12 Sirna Madaallii raawwannaa karoora hojii bu'aa irratti xiyyeeffate itti amananii fudhachuu fi qophii isaa irrattis milkaa'insaaf ta'ee raawwannaa isaaf hooggantootaa fi hojjetoota hirmaachisuun murteessaadha.
- 5.13 Dhimmoota salphaa ta'an safaruu irra dhimmoota kaayyoo fi galma mana hojjichaaf wantoota faayidaa qaban safaruun murteesadha.

## **6. QOPHII KAROORA HOJII BU'AA IRRATTI XIYYEEFFATE:**

- 6.1 Karoora tarsiimoos ta'ee karoori hojii bu'aa irratti xiyyeeffate kan raggaasifamu qaama ol'aanaa manni hojjichaa ittiwaamamuun ta'uu qaba.
- 6.2 Guutummaan karoora tarsiimoo naannichaa kan murtaa'uu fi raggaasifamu Bulchiinsa Mana Maree Naannichaatti fi akkasumas karoori tarsiimoo sadarkaa sadarkaadhaan jiranis kan murtaa'uu fi raggaasifamuu qaban Manneen Maree Bulchiinsaa sadarkuma kanaan jiraniin ta'a.
- 6.3 Karoorri hojii bu'aa irratti xiyyeeffate kan qophaa'uu qabu lgaatatamtoota manneen hojjichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiraniin ta'ee hojjetoota hundaa hirmaachisuu qaba.
- 6.4 Hojiin ijoo mana hojjichaatiif murteessaa waan ta'eef, qophiin isaa sadarkaa seektaraatti ta'ee manaajimantiin mana hojjichaa fi qaama manni hojjichaa ittiwaamamuun raggaasifamuu qaba.

- 6.5 Madaallii raawwannaa karoora hojii bu'aa irratti xiyyeeffate diriirsuu fi hojii irra oolchuuf duraan dursee tokkoon tokkoon mana hojii karoora tarsiimoo qopheessuu qaba.
- 6.6 Karoorri tarsiimoo mana hojii tokkoo mul'ataa fi ergama Biyyattii fi Naannoo irraa kan maddu mul'ataa fi ergama mana hojjichaa irratti hundaa'ee kan qophaa'uu qabudha.
- 6.7 Hojiin ijoo, hojiileen gurguddoo fi xixiqqoon haala xinxala keessaa fi alaa mana hojjichaa irraa filatamanii kan argaman yammuu ta'an bu'aaleen argamsiisan tarsiimoo mana hojjichaa wajjin kan wal-siman ta'uu qabu.
- 6.8 Milkaa'ina hojii ijoo ta'anii fi tokkoon tokkoon hojiilee gurguddoo fi xixiqqoof bu'aaleen eegaman facaatiidhaan ni qopha'u.
- 6.9 Hojiin ijoo sadarkaa mana hojjichaatti kan qophaa'e hojii ijoo, hojiilee gurguddoo fi xixiqqoo bu'uura godhachuudhaan irraa jalaan tokkoon tokkoo adeemsichaaf, garee fi hojjetootaaf akkaataa qoodiinsa hojii ijoo, hojii gurguddoo ykn xixiqqoo tarreeffama isaaniitiifis bu'aan hojii ni qophaa'u.
- 6.10 Karoorri hojii waggaa Mana hojii tokkoo bu'aa irratti xiyyeeffate kallattiidhaanis ta'ee karaa biraatiin maamila irratti xiyyeeffateen ykn adeemsa hojii bu'uura gochuun gad buusuun bu'aaleen kutaalee hojii ni qophaa'u.
- 6.11 Bu'aa kutaa hojjichaa fiixaan baasuu irratti tokkoon tokkoon hojjetaa fi kutaa hojjichaa irraa bu'aalee eegaman addaan ba'anii taa'uu qabu.
- 6.12 Bu'aa kutaa hojjichaa irraa eegamu fiixaan baasuuf tokkoon tokkoon hojjetaatiif bu'aaleen tarreeffaman addaan ba'anii keenamaniif alatti wal-gargaaruufi wal-deeggeruudhaan ni hojjetu.

## **7. QOPHAA'INSA SAFARTUUWWANII**

- 7.1 Karoorri hojii bu'aa irratti xiyyeeffate mana hojii tokkoo kan waggaa irraa addaan ba'aanii kan caalan hojii ijoo, hojii gurguddoo fi xixiqqoo jedhamanii taa'aniif bu'aaleen hojii irraa eegaman ykn bu'aa agarsiisan facaatiidhaan addaan ba'anii taa'uu qabu.
- 7.2 Mana hojii keessatti sadarkaa sadarkaadhaan adeemsa hojjichaaf, gareefi hojjetaadhaaf hojii ijoo, gurguddoo fi xixiqqaa kenname irraa bu'aalee eegamaniif safartuwwan facaatiidhaan ni qopha'u.
- 7.3 Itti gaafatamaan dhiyoo - raawwachiiftoota karoora (hojjetoota) isa jalatti argaman hirmaachisuun facaatii bu'aa hojii ijoof, hojii gurguddoo fi xixiqqaaf safartuwwan raawwannaa ni qopheessa.

## **Akkaataa safartuuwwan ittiin qophaa'an :-**

- a) Safartuuwwan afran keessaa (Baayina, Qulqullina, Yeroo fi Baasii) bu'aa facaatii hojii tokkoo tokkoo irraa eegamuuf safartuuwwan ofeeganoodhaan ni qopha'u.
  - b) Safartuuwwan addaan ba'an bu'uura gochuun tarreefamni bu'aa eegamu haala ittiin safaramu safartuun facaatii ni qophaa'a.
  - c) Safartuuwwan addaan ba'an bu'uura gochuun sadarkaa raawwannaa karoora Quubsaa ta'eef safartuuwwan ni qophaa'u.
  - d) Galmi mana hojichaa sadarkaa Quubsaa ta'een kan karoorfamnii dha.
  - e) Safartuun sadarkaa Quubsaa irra taa'u, hojjetaan giddu-galeessa ta'e tokko kan raawwachuu qabu baayina hojii, qulqullina, Yeroo fi baasii bu'uura gochuudhaan qophaa'a.
  - f) Safartuuwwan sadarkaa raawwannaa karoora quubsaa ta'e bu'uura gochuudhaan itti fufiinsaan sadarkaa raawwannaa karoora olaanaa fi daran olaanaa ta'aniif safartuuwwaan bu'aa irra caalaa agarsiisan ni qophaa'u.
- 7.4 Hojii ijoof , hojiilee gurguddoo fi xixiqqaaf qabxiin waligalaa kennamuuf 25 ta'a.
- a) Hojiin ijoo galma gahinsa hojii mana hojichaaf murteessummaan inni qabu baay'ee olaanaa waan ta'eef, ga'een ulfina qabxii kennamuuf qabxii 25 keessaa yoo xinnaate 50% fi isaa ol ta'uu qaba.
  - b) Ga'een qabxii hafan ulfina hojichaa fi faayidaa isaa bu'uura gochuudhaan duraan dursee hojiilee gurguddoo itti aansuun hojiilee xixiqqoodhaaf ni hIRAMU.
- 7.5 Bu'aaleen facaatii hojii ijoo, gurguddoo fi xixiqqaa eegaman fi safartuuwwan raawwii isaanii guca kaayyoo kanaaf jedhamee irraa qopha'e irratti tokko tokkoon ni ibsamu. (Uunkaa Fuula 2 ilaallata).

## **8. ADEEMSA KAROORRI ITTI RAGGAASIFAMU.**

- 8.1 Mana hojii tokkootti karoora hojii bu'aa irratti xiyyeeffate keessatti kan hammataman hojii ijoo , hojii gurguddoo, xixiqqoo, fi bu'aa facaatii eegaman qaama olaanaa mana hojichaatiin erga qophaa'an booda, mariif itti gaafatamtoota hojii fi hojjetootaaf dhiyaatee mariin irratti ni godhama. Adeemsa marii godhamu keessatti yaada ka'uun gabbatee itti gaafatamtoota hojii fi hojjeetoota mana hojichaatiin ni mirkanaa'a. Yaadini addummaa yoo jiraate itti gaafatamaa mana hojichaatiin murtiin keenamu isa dhumaa ta'a.
- 8.2 Qajeelchotaa fi gareewwan hojiilee ijoo, gurguddoo, xixiqqaa fi bu'aalee facaatii eegaman fi safartuulee raawwannaa ittigaafatamtoota hojiitiin erga qophaa'an booda, hojjetoota isaan jala jiraniif dhiyaatee mariin irratti godhamee akka ragga'u ni tasifama. Garaa garummaan yoo jiraate murtiin ittigaafatamtoonni olaanaan sadarkaa sadarkaan jiran kennan isa dhumaa ni ta'a.

- 8.3 Karoorri hojiilee ijoo, gurguddoo fi xixiqqoo hojjattootaaf qophaa’an irraa bu’aalee, faacaatii fi safartuuwwan raawwii eegamu ittigaafatamaa dhiyootiin erga qopha’an booda hojjeetoota isaan jalatti argamaniif dhiyaatee mariin ni geggeeffama. Garaa- garummaan yoo jiraate murtiin itti gaafatamaa itti gaafatamaa dhiyoo kennu isa dhumaa ni ta’a.
- 8.4 Safartuuwwan raawwii fi karoora mariidhaan raggaasifaman ykn kan murtiin irratti kenname ittigaafatamtoonni fi hojjetootni irratti waliimallateesudhaan koppii isaa addaan fudhachuu fi akkasumas qaamoota dhimmichi ilaaluuf akka ga’u ni godhama. (Unkaa Lakk.k 2 ilaallata).

## 9. HORDOFFII FI HAALA QABIINSA RAGAA RAAWWANNAA KAROORAA

- a. Ittigaafatamtoonni Adeemsa hojii, gareewwanii, kutaalee hojii fi hojjetaan karoora hojii bu’aa irratti xiyyeeffate geggeessuu akkaataa karoora fi sagantaa qophaa’een raawwachuu isaanii hordofii fi deggeersa gochuu qabu
- b. Bu’aan facaatii eegamu tokkoon tokkoo karoora; baayina, qulqullina, yeroo fi baasii ittiin raawwatame, sirna ittiin beekamuu danda’u dirirsuu dhaanii fi hordofuudhaan ragaa barbadamu guca kanumaaf jedhamee qopha’u irratti ittigaafatamaa dhiyoo isaatiin galma’ee, madaalamee fi qinda’ee itti gaafatamaa dhiyootiin galmee hojjetaa karooricha raawwatuu fi mana hojjichaa keessa akka ta’uu ta’a.
- c. Tokkoon tokkoo ittigaafatamaa kutaa hojii yeroo hordofiin gaggeefamu, karoorichi akka hingufanne, hanqinni akka hin Uumamne duraan dursanii ittisuu, hanqinni raawwii karoora yoo jiraate hatattamaan ykn yeroodhaan akka sirreefamani akka barbaachisummaa isaatti gorsa, leenjii ykn gilgaala (exercise) raawwachiftootaaf kennuudhaan akka jajabaatan fi bu’aadhaaf akka ga’an gochuu ni qaba.

## 10. AKKAATAA BU’AAN RAAWWII KAROORAA ITTI MADAALAMU

- 10.1 Raawwiin karoora mana hojii raawwatoota karoorichaatiin caasaa mana hojii gad-aanaa irraa jalqabee, jalaa gara olitti yoo ta’u, akka barbachisummaa isaatti olii gara gadiitti sadarkaa sadarkaadhaan ta’uus ni danda’a. Madaalliin bu’aa raawwii karoora kan mana hojjichaa qajeelfama raawwii karoora mana hojii irratti hunda’ee gaggeefama.
- 10.2 Madaalichi kayyoo, galmaa fi karoora waggaa mana hojjichaa irraa ka’ee hojii ijoo, hojiilee gurguddoo fi xixiqqoo fi bu’aalee facaatii eegamu safartuulee raawwii karoora irratti bu’uurefatee sadarkaa sadarkaadhaan qajeelcha mana hojii fi hojjetoota garee jalatti argamaniif waltajjii irratti mariyatani qopheesuudhaan gaggeefama.
- 10.3 Madaalliin raawwii karoora ittigaafatamtoota kutaa hojitiin kan gaggeefamuu ta’ee ittigaafatamtoota dhiyoodhaan ta’a.
- a) Yeroo ittigaafatamaan tokko madaalamu, hojjetoonni itti waamamni isaanii isaaf ta’an ; ittigaafatamtoonni sadarkaa isaa waliin walqixa irratti argamanii fi ittigaafatamtoonni sadarkaan isaanii walitti dhiyaatu irratti argamanii akka hirmaatan gochuudhaan ta’a.
- b) Qabxiin bu’aa madaallii kan kennamu yeroo yeroodhaan bu’aalee raawwii karoora irratti ragaaleen hordofiidhaan qabaman irratti hunda’ee marii gaggeesuudhaan waliigaltee yeroo irra ga’amuudha.

Waliigaluun yoo dadhabame, murtii itti gaafatamaan ittigaafatamaa dhihoo kennu irratti hunda'ee qabxiin kennamu ni fudhatama, kana irraatis akka waliimallateesan ni taasifama. Bu'aan madaalichaas ittigaafatamaa dhiyoo ittigaafatamichaatiif dhiyatee ni mirkanaa'a.

- 10.4 Madaallin raawwii karoora hojjetichaa kan gaggeefamu dura bu'insa ittigaafatamaa dhiyootiin ta'ee:-
- Hojjetaa madaalamuu fi kutaa hojii isaa keessatti hojjatootni sadarkaan isaanii tokko ta'ee fi sadarkaan isaanii walitti dhihaatan bakka argamaniitti ta'a,
  - Itti gaafatamaa dhiyoo fi ittigaafatamaa madaalamu jiduutti yeroo yeroon ragaan bu'aa raawwii karoora qabame bu'uraa godhachuun mariin gaggeefamee qabxiin bu'aa waliigaltee madaallii ni kennama. Waliigaluun yoo dadhabame murtii itti gaafatamaan l/gaafatamaa dhiyoo kennu bu'uura godhachuun qabxiin kenname akka irratti waliimallateessan ni taasifama. Bu'aan madaallii l/gaafatamaa ol'aanadhaaf dhihaatee murtiin itti kennama, ykn ni mormama, ykn irra deebi'amee akka ilaalamu ni taasifama,
- 10.5 Qajeelfamni madaallii raawwii karoora mana hojii fi itti gaafatamtootaa fuula dura qophaa'ee ni darba.

## 11. MADAALLII RAAWWII KAROORAA FI HAALA KENNIINSA QABXII

- 11.1 Sadarkaa madaallii Raawwii karoora tiif qabxiin kennamu 1 hanga 4tti yoo ta'u, 4 Daran Ol'aanaa, 3 Ol'aanaa, 2 Quubsaa, 1 gad Aanaatiif ta'a.
- 11.2 Qabxii bu'aa raawwii karoora hojii ijoof, hojiilee gurgudoo fi xixiqqaaf shallaguuf raawwii tokkoon tokkoof ulfina qabxii walii-galaa 25 keessaa ga'ee qabxii keenameef qabxii sadarkaa madaallii bu'aa argameen akka baayatu ni taasifama. Fakkeenyaaf, hojii ijoof qabxiin 25 keessaa kennameef 13 yoo ta'ee fi bu'uura safartuu tokkoon tokkoo qabxii giddu galeessa madaalu bu'aa raawwii karooraatiin argame sadarkaan isaa olaanaa yoo ta'e, qabxiin kennamuuf  $13 \times 3 = 39$  ni ta'a. Qabxii giddugaleessa madaallii bu'aa raawwii karoora tokkoon tokkoo argachuuf duraan dursee bu'aa madaallii bu'uura safartuu tokko tokkoon argame qabxiilee walitti ida'anii hiruun barbaachisaadha.
- 11.3 Bu'aan walitti qabaa madaallii raawwannaa karoora tokkoo kan shallagamu hojii ijoo, gurguddoo fi xixiqqaa tokkoon tokkoo isaatiif qabxii baayyate kenname shallaganii walitti ida'uudhaan ta'a.
- 11.4 Qabxii waliigalaa madallii bu'aa raawwii karoora shallaguuf galma hojii ijoo, gurguddoo fi xixiqqaa tokkoon tokkoo qabxii madaallii bu'aa raawwii argame ida'uun ni ta'a.
- 11.5 Hojii ijoof, hojii gurguddoo fi xixiqqaaf akkasumas raawwii bu'aalee facaatii eegamaniif qabxiin madaallii bu'aa raawwii karoora waliigalaa (shallagamee kennamu) ka'umsaa fi baaxii (dhuma) akkaataa armaan gadiitti ka'aman keessatti kufa.

### Bu'aan isaas:-

- 95 hanga 100 yoo ta'e, ..... Daran ol'aanaa
- 75 hanga 94 yoo ta'e, ..... Ol'aanaa
- 50 hanga 74 yoo ta'e, ..... Quubsaa
- 50 gad yoo ta'e ..... Gad- aanaa

- 11.6 Hojjetaan tokko qabxii daran ol'aanaa argate kan jedhamu:-

- 11.6.1 Hojii ijoo jalatti kan tarreeffaman keessaa Bu'aaleen eeggaman 85% daran ol'aanaa fi , 15% immoo ol'aanaa yoo ta'e,
- 11.6.2 Hojiilee gurguddoo jalatti tarreeffaman keessaa bu'aalee eeggaman 75% daran ol'aanaa fi , kan hafe 25% ol'aanaa yoo ta'e,
- 11.6.3 Bu'aalee hojiilee xixiqqaa jalatti tarreeffaman keessaa 50% daran ol'aanaa, kan hafe 50% ol'aanaa yoo fiduu danda'edha.
- 11.7 Hojjetaan tokko qabxii ol'aanaa irra gahu kan danda'u bu'aalee hojii ijoo, hojiilee gurguddoo fi hojiilee xixiqqoo jalatti kane eeggaman hundumaa Qabxii ol'aanaa fiduu yoo danda'e qofata'a.
- 11.8 Hojjetaan tokko sadarkaa qabxii quubsaa argate kan jedhamu, bu'aalee hojii ijoo fi hojiilee gurguddoo jalatti kan tarreffamani eeggaman hundaan qabxii quubsaa fiduu yoo danda'edha.
- 11.9 Akeeka kenna qabxii bu'aa irratti hundaa'ee kaa'ame sirriitti hordofamee yoo hojjetame +10% gad aanaa, +80% quubsaa + 10% ol'aanaa fi daran ol'aanaa keessa galuu ni danda'a.

## 12. YEROO MADAALLII WALIIGALAA FI GABAASNI ITTI DHIYAATU

- 12.1 Madaalliin raawwii karoora, bara baajataa hordofee Adoolessaa fi Amajjii keessatti kan ji'a ja'aa walitti qabamee foormii qophaa'e irratti ni guutama. Madaalliin raawwii karoora Adoolessa 1 hanga Muddee 30 tti jiru, Amajjii 1 hanga Amajjii 15 keessatti ni guutama. Madalliin raawwii karoora Amajjii 1 hanga Waxabajjii 30tti jiru, Adoolessa 1 hanga Adoolessa 15 yeroo jiru keessatti guutamee gabaasni ni dhiyaata. / duukabutuu foormii (Unkaa 4/.
- 12.2 Madaalliin itti gaafatamtootaa fi hojjetoota qaxara yaalii irra jiran, raawwiin karooraahojii itti raawwatu adda osoo hin ta'in, bu'uura yeroo idilee madaallii raawwii karoora mana hojichaatiif qabame keessatti raawwatama. Bu'uruma kanaan hojjatoonni yeroo yaaliif qaxaraman kenniinsi qabxii madaallii raawwii karoora bu'aa irratti hundaa'e karoora ala hojjetaa yaaliitiif jedhamee addaan kan hojjetamu osoo hin ta'in yeroo madaallii bu'aa raawwii karoora tiif kenname bu'uura gochuudhaan kurmaana waggaa keessatti kan raawwatu ta'a. Fakkeenyaaf hojjetaan tokko yeroo ka'umsa kurmaana tokkoofaa waggaa keessatti kan qaxarame yoo ta'e, madaallii bu'aa raawwii karoora kan godhamu yeroo gamaggama kurmaana waggaa ni ta'a. Yeroon madaallii lammaffaa immoo yeroo gamaggama kurmaana lammaffaa waggaa hordofee ta'a. Karaa biraa qaxarrichi kan raawwatame gamaggamni kurmaana waggaa ga'uuf jinii tokko yeroo hafu keessatti yoo ta'e, yeroo gamaggama kurmaana waggaa itti aanu eeggatee ta'a. Hojjetaan haaraa qaxarame ji'a tokko ykn lama waan guuteef jecha madaalliin bu'aa raawwii karoora gamaaggama kurmaana waggaa dura guutamu hinjiru. Sababni madaalliin itti adeemsifamu nama madaaluudhaaf osoo hin ta'in, kaayyoon isaa bu'aa raawwii karoora madaaluudhaaf waan ta'eefidha. Waan kana ta'eef, raawwataa karooraaf kan kennamu madaallii bu'aa raawwii karoora bu'uura gochuudhaan ta'a. Haala kanaatiin hojjetaa madaaluudhaaf jedhamee yeroo madallii raawwii karoora ala madaalliin addaa hin adeemsifamu.
- 12.3 Sadarkaa mana hojii fi adeemsa hojichaatti bu'aa raawwii karooraatiin milkaa'inii fi faayidaan argame akkaataa amala karoorichaatiin akka barbaachisummaa isaatti kurmaana waggaa ykn ji'a jahaatti ykn waggaa ykn bu'aa raawwii karoora waggaa itti aanu wajjiin mataa isaa danda'ee milka'ina fi faayidaa eegamu wajjiin madaalamee gabaasni ni dhiyaata.

### **13. TARKAANFIWWAN BU'URAA BU'AA MADAALLII RAAWWII KAROORAATIIN FUDHAATAMAN.**

- 13.1 Bu'aa raaawwii karoora wajjin walqabatee murtiin bulchiinsaa fudhatamu bu'aa raawwii karoora irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.
- 13.2 Dahiinsaan, dhukkubaan fi dhimmoota seera qabeessa ta'aniin hojjetoonni hojii irraa yoo gargar bahan harka 3/4 fi isaa ol yeroo karoora kan fudhatu madaallii bu'aa raawwii karoora walitti qabaman bu'uura gochuudhaan akkuma sadarkaa isaatti faayidaa adda addaa fi onnachiiftuu akka argatan ni taasifama.
- 13.3 Raawwataan karoora madaallii karoora kan ta'e ji'oota jaha keessaa yoo xinnaate ji'oota sadi (3) hojjatee gita hojiichaa yoo gadi Lakk.kise yeroon raawwii karoora itti hojjete akka madaallamu ni ta'a.
- 13.4 Bu'aan madaallii raawwii karoora safartuuwwan guddina sadarkaa mana hojjichaa keessaa safartuu ijoo ta'ee gahee qabxii guddaa 51% kan qabu ta'a. Yeroo guddini sadarkaa ilaalamu bu'aan dorgomtootaa wal qixxee ta'ee yoo argame hojjetaa hojii dabalataan hojjeteef dursi ni kennama.
- 13.5 Raawwii karoora bu'aa irratti xiyyeeffateen hojjetaan qabxii gad-aanaa fide dorgommi kamiifuu hin dhiyaatu.
- 13.6 Hojjetaa qabxii quubsa fi quubsa ol galmeessise akkuma sadarkaa raawwii isaatitti qajeelfama sirna kanfaltii bu'aa irratti hundaa'e bu'uura gochuudhaan faayidaa adda addaa akka argatu ni taasifama.
- 13.7 Jalqaba yeroo ji'a ja'aan bu'an madaallii raawwannaa karoora gad- aanaa yoo ta'e, dhimmi dadhabbii isaa qulqullaa'ee raawwataa karooraatiif akkuma barbaachisumaa isaatti gorsa, leenjii fi shaakala hojii akka argatu ni taasifama, ykn sadarkaa gita hojii biraa walqixxee ta'e irratti jijjiirraa keessaatin akka ramadamu ni taasifama.
- 13.8 Bu'aan madaallii raawwannaa karoora ji'a jaha kan yeroo lamaa walitti qabame walitti aanudhaan gad-aanaa yoo ta'e, sadarkaa hojii irra jiru irraa sadarkaa tokko gad bu'ee akka hojjetu ni taasifama. Ta'us, walitti aansee yeroo sadaffaadhaaf qabxiin gad aanaa ta'ee yoo argame hojii irraa akka gaggeefamu ni ta'a.
- 13.9 Qajeelfama kana keewwata xiqqaa 13.5 bu'uurfachuudhaan tarkaaffiwwan fudhataman akkaataa labsii Bulchiinsa Hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.k 64/94 keewwata 76 tiin kan raawwatamu ni ta'a.

### **14. HAALA DHIYYEFFANNAA KOMII**

Itti gaafatamtoonni fi hojjetootni bu'aa raawwii karoora isaanii akka beekan erga godhamee booda, bu'aa madaallii raawwannaa karoora kennameef irratti waliigaluu yoo baatan komii isaanii I/Gaafatamaa olaanaa mana hojichaatiif dhiheeffachuu ni danda'u.

### **15. BU'AA MADAALLII IFATTI BEEKSISUU**

- 15.1. Bu'aawwan madaallii daran "olaanaa fi olaanaa ta'anii" gareedhaan, ittigaafatamtootaa fi hojjetootaan galmaa'an fakkeenya gaarii waan ta'aniif gabatee beeksisaa irratti ji'oota ja'aaf (6f) akka maxxanfamnii tran godhamu.
- 15.2. Bu'aan madaallii raawwii karoora "gad aanaa" ta'ee gareen, ittigaafatamtootaa fi hojjetootaan galmaa'ee gabatee beeksisaa mana hojjichaa irratti ji'a tokkoof maxxanfamee akka turu ni godhama.

## **16. ITTIGAAFATAMUMMAA HOOGGANTOOTA OLAANAA MANA HOJJIICHA**

Hoogganaa olaanaan mana hojii kaayyoo qajeelfama kanaa, qabiyyee, qophii fi madaallii karoora, waa'ee qophaa'insa karoora hojii ijoo, gurguddoo fi xixiqqaa fi bu'aawwanii facaatiidhaan eegaman, safartuuwwan raawwii karoora itti qophaa'anii fi akkaataa ittiin madaalliin gaggeeffamu ittigaafatamtootaa fi hojjetootaaf leenjiiin akka kennamu gochuudhaan beekumsi (hubannoon) barbachisu argamuu isaa sirritti mirkaneefachuu qaba.

## **17. ITTI GAAFATAMUMMAA BU'AA RAAWWII KAROORAA**

Bu'aan raawwii karoora wajjiin wal-qabatee bu'aawwan eegaman galma isaaniitiin akka ga'an qaamooleen raawwachiftuu sadarkaa hundatti argaman, qaamni hogganuu fi hojjetooni itti gaafatamummaa qabu. Haaluma kanaanis, garafuuladuraatti qaajeelfamni gaafatamummaa ni ba'a.

## **18. ITTI GAAFATAMUMMAA KOMISHINII SIIVIL SARVIISII OROMIYAA**

- Sagantaa mataa isaa qopheeffachuudhaan ykn gaaffii manneen hojii irraa dhiyaataniin leenjii ni kenna.
- Qajeelfamichi haala seera qabeessa ta'een hojii irra ooluu isaa ni hordofa.
- Komishinichi qorannoo irratti hunda'ee qajeelfama kana yeroo yeroodhaan madaaluudhaan foyyesuu ni danda'a.

## **19. YEROO QAJEELFAMNI KUN HOJII IRRA OOLU**

Guyyaa ba'ii ta'ee manneen hojiiif tamsaasame irraa eegalee hojiiirra kan oolu ni ta'a.



## UUNKAALEE ADDA ADDAA

Haala Bu'aa Raawwii Karooratiif Qabxiin Itti Kennamu. Lakk. 11.6 - 8 Irratti Ibsame Kan Agarsisu

Haala Kenninsa Qabxii Bu'aa Waliigalaa Kutaa Hojii Hojjetichaa

Lakk.	Qapxii Waliigalaa	Bu'aalee Facaatii Hojii Ijoo Jalatti Argaman	Bu'aalee Facaatii Hojii Gurguddoo Jalatti Argaman	Bu'aalee Facaatii Hojii Xixiqqoo Jalatti Argaman	Bu'aalee Facaatii Hojii Dabalataa Jalatti Argaman
1	Daran -ol aanaa	Yoo xiqqaate 85% Daraan Ol-aanaa, kan hafe ol-aanaa gadi kan hin taane.	Yoo xiqqaate 75% Daran Ol-aanaa, kan hafe ol aanaa gadi kan hin taane.	Yoo xiqqaate 50% daran ol aanaa kan hafe ol-aanaa gadi kan hin taane.	-
2	Ol-aanaa	Tokkollee Ol-Aanaa gadi kan hin taane	Tokkollee Ol-aanaa gadi kan hin taane	Tokkollee Ol-aanaa gadi kan hin taane	-
3	Quubsaa	Tokkollee Quubsaa gadi kan hin taane.	Tokkollee quubsaa gadi kan hin taane.	Tokkollee quubsaa gadi kan hin taane.	-
4	Gadiaanaa	--	--	--	-

Mana Hojii:- \_\_\_\_\_

Bara Baajata \_\_\_\_\_ Bu'aalee Hojii Facaatii Karoora Hojii Ijoo, Gurguddoo, fi Xixiqqaa

Lakk.	Bu'aalee Facaatii Hojilee Ijoo, Gurguddoo fi Xixiqqoo.	Bara Baajata											
		Adoolessa	Hagayya	Fulbaana	Onkololeessa	Sadaasa	Muddee	Amajjii	Guraandhala	Bitootessa	Ebla	Caamsaa	Waxabajjii

**Yaadachiisa:** Yeroon tokkoon tokkoon raawwii hojii fudhachuu danda'u shallagamee uunkaa sararaa keessatti mul'achuu qaba.

- Maqaa I/G/ hojii dhihoo \_\_\_\_\_
- Wammama Gita hojii \_\_\_\_\_
- Mallattoo \_\_\_\_\_
- Guyyaa \_\_\_\_\_

- Maqaa hojjetaa/ittigaafatamaa hojii \_\_\_\_\_
- Waammama gita hojii \_\_\_\_\_
- Mallattoo \_\_\_\_\_
- Guyyaa \_\_\_\_\_

**Uunkaa 2**

Mana Hojii \_\_\_\_\_

**Qophii Uunkaa Safartuu Raawwanaa Bu'alee Facaatii Karoora Hojii Ijoo, Gurguddoo fi Xixiqqoo.**

Lakk.	Hojii ijoo, Hojiilee Gurguddoo fi xixiqqoo	Gosa hojii	Qaphxii	Safartuu waigalaa	Safartuu facaatii				Madda Hordoofii Fi Hubannoo Raawwii (Feed-Back)	Bu'aa	Galma m	Kan Eegamu
						Quubsaa	OI-aanaa	Daran Olaanaa				
				Baay'ina								
				Yeroo								
				Qulqullina								
				Baasii								
				Baay'ina								
				Yeroo								
				Qulqullina								
				Baasii								

Yaadachiisa:- Haala Qajeelfama keewwata 6 irraati ibsameen, uunkaa kanaatiin bara baajata ji'a jaha keessatti safartuun karoora hojii Ijoo, Gurguddoo fi Xixiqqoo ergaa qophaaween booda garagalchii isaa qaama ilaaluuf akka ga'u ni taasifama.

- Maqaa I/G hojii dhihoo \_\_\_\_\_
- I/G mirkaneesse \_\_\_\_\_
- Waamama Gita hojii \_\_\_\_\_
- Mallattoo \_\_\_\_\_
- Guyyaa \_\_\_\_\_

- Maqa Hojjataa/ I/G hojichaa \_\_\_\_\_
- Waamama Gita Hojii \_\_\_\_\_
- Gahee Hojii \_\_\_\_\_
- Mallattoo \_\_\_\_\_
- Guyyaa \_\_\_\_\_

**Uunkaa-3**

Uunkaa Hordooffi Raawwannaa Karoora

Lakk.	Karoora Hojiilee Torbaaniif Yookiin Guyyaa 15iif Kennaman	Hojiilee Raawwataman				Hojii Hafe	Yaadaa
		Baay'inan	Qulqullinaan	Yeroodhaan	Baasiidhaan		

**Yaadachiisa:-** Haala qajeelfama kanaan keewwata 8 irratti akkaataa ibsameen, raawwannaa karoora hojiiwwanii irratti hordooffiin addaan hin cinneen, godhamee madaalliin bu'aa waliigalaa fi ragaan argame uunkaa kana irraatti galmaa'ee qabama. Uunki kun koppii lamaan qophaawee koppiin tokko I/G hojii dhihootiin, koppiin lamaffaan I/G hojii yookiin hojjetaan akka qabamu ni godhama.

- |                                |                                     |
|--------------------------------|-------------------------------------|
| - Maqaa I/G hojii dhihoo _____ | - Maqaa Hojjetaa / I/hojichaa _____ |
| - Waamama Gita Hojii _____     | - Waamama Gita Hojii _____          |
| - Mallattoo _____              | - Mallattoo _____                   |
| - Guyyaa _____                 | - Guyyaa _____                      |

Haala Bu'aan Raawwii Karooraa itti madaalamuu fi Qabxiin itti kennamu /sample format/

Lakk. k	Hojiilee Karoorfaman	Qabxii 25 Keessaa	Safartuulee Waliigalaa	Safartuulee Madaallii				Ida'a	Qabxii Giddu Galeessa	Bu'aa Raawwii	Ibsa	
				Gad aanaa =1	Quubsaa =2	Olaanaa =3	Daran Olaanaa =4					
1	Hojii Ijoo = 15 Key (critical)	1.1	6	Baayina			X	$\frac{3+4+1+1}{4}$	2.25	6x2.25=13.50		
				Qulqullina								X
				Yeroo	X							
				Baasii	X							
		1.2	4	Baayina		X			$\frac{2+3+4+2}{4}$	2.75	4x2.75=11.0	
				Qulqullina			X					
				Yeroo				X				
				Baasii		X						
		1.3	3	Baayina			X		$\frac{3+2+4}{3}$	3.0	3x3=9	
				Qulqullina		X						
				Yeroo				X				
				Baasii								
		1.4	2	Baayina		X	X		$\frac{3+2}{2}$	2.5	2x2.5=5	
				yeroo		X						
				Ida'a	15						38.50	
2	Hojiilee Gurguddoo (Major)=7	2.1	3	Baayina		X		$\frac{2+3+2+4}{4}$	2.75	3x2.75=8.25		
				Qulqullina			X					
				Yeroo	X							
				Baasii								X
		2.2	2	Baayina			X		$\frac{3+3+2}{3}$	2.7	2x2.7=5.4	
				Qulqullina			X					
				Yeroo	X							
				Baasii								
		2.3	2	Baayina				X	$\frac{4+2}{2} = \frac{6}{2}$	3.0	2x3= 6.0	
				yeroo		X						
		Ida'a	7						19.65			
3	Hojiilee xixiqqoo (minor)	3.1	3	Baayina				$\frac{4+3+2+3}{4}$	3.0	3x3=9.0		
				Qulqullina			X					
				Yeroo	X							
				Baasii			X					
		Ida'a	3						9			
				Bu'aa Ida'a waliigalaa					67.15	Quubsaa		

**Hubachiisa:-** Unkaan kun manneen hojii bu'aa karoora hojii hojjatootaa maddaluu fi qabxii kennuuf haala safartulee waliigalaa fi facaatii itti fayadaman kan agarsiisu yoo ta'u uunkan 5'n wal-qabatee hojjatichaaf kan kennamuudha.

**Orneela Gabaasni Bu'aa Madaallii Raawwannaa Karooraa itti Dhiyaatu**

**Odeeffannoo Waliigalaa**

1. Mana Hojiichaa \_\_\_\_\_
2. Damee Hojii \_\_\_\_\_
3. Maqaa I/G hojii /Hojjataa \_\_\_\_\_  
Maqaa Abbaa \_\_\_\_\_  
Maqaa Akaakayyuu \_\_\_\_\_
4. Waamama Gita Hojii \_\_\_\_\_  
Sadarkaa \_\_\_\_\_  
Lakk. Eenummaa gita hojii \_\_\_\_\_
5. Yeroo Madaallii Raawwannaa karooraa \_\_\_\_\_ hanga \_\_\_\_\_

**Yaadachiisa**

Gabaasni kun itti gaafatamummaadhaan kan nama gaafachiisu waan ta'eef, akkaatuma qajeelfamichaatiin ofeeggannoodhaan guutamuu qaba. Gabaasichi waraabii lamaan qophaawee waraabiiin tokko kutaa Bulchiinsa hojjatootaatiif, waraabiiin inni lammaffaan ammoo kutaa hojichaa keessa akka taa'u ni taasifama.

1. Akkaataa armaan olitti orneelicha irratti ibsametti, bu'aan madaallii rawwii karoora herregamee argame saanduqa itti aanu keessatti akkaataa walta'uun mallattoo " X " gochuudhaan sadarkaan bu'aa madaallii addaan ni foo'ama,

Daraan Ol'aanaa  95 - 100

Ol'aanaa  75 - 94

Quubsaa  50 - 74

Gadaanaa  5 - 49

2. Hojjataan karoora kana raawwate, dhimmoota karooraan hin qabamin fi karooraan ala ta'an gareedhaan, koreedhaan ykn argannoo dhuunfaa fi kaka'umsa mataa isaatiin hojiiilee dabalataan raawwate yoo jiraate akaakuudhaan ibsaa.

---



---



---



---



---



---



---



---

3. Raawwannaa karoora itti gaafatamaa hojii/hojjataan fooyyessuudhaaf leenjiin kan isa barbaachisu yoo ta'e, gosti leenjichaa yaa ibsamu.

---



---



---

4. Itti gaafatamaan hojii / hojjataan hojii isaa foyyeessuuf sagantaan shaakala addaa qophaa'uufiin kan barbaachisu ta'ee yoo argame gosti sagantaa fi haalli kenninsaa yaa ibsamu.

---



---



---

**5. Yaada abbaa bu'ichaa**

Hojjataan/Itti gaafatamaan hojii bu'aa karoorichaa raawwate saanduqoota armaan gadiitti taa'an keessaa iddoo barbaachisutti mallattoo " X " qubachiisuudhaan yaada isaa ni kenna.

- a) Bu'aa Raawwannaa Karoora kennametti:

Ittin waliigala  Itti walii hin galu

- b) Hojjataan /Itti gaafatamaan bu'aa raawwannaa karoora kennametti walii hin galle yoo ta'e, sababa isaa tarreeffamaan ibsuu itti jira.

kan itti

---

---

---

---

Maqaa Hojjataa/ Itti gaafatamaa hojii \_\_\_\_\_  
Waamama gita hojii \_\_\_\_\_  
Mallattoo \_\_\_\_\_  
Guyyaa fi bara \_\_\_\_\_

6. Itti Gaafatamaa Ol'aanaa Itti gaafatamaa hojii dhiyyoo raggaasise.

Maqaa I/G Ol'aanaa I/G Hojii dhiyyoo \_\_\_\_\_  
Waamama gita hojii \_\_\_\_\_  
Mallattoo \_\_\_\_\_  
Guyyaa \_\_\_\_\_

7. Gabaasichi gutamee yeroodhaan dhiyaachuu isaa maqaa Bulchiinsaatiin ni mirkaneessa.

Maqaa Itti gaafatamaa \_\_\_\_\_  
Waamama gita hojii \_\_\_\_\_  
Mallattoo \_\_\_\_\_  
Guyyaa \_\_\_\_\_





**KOMISHINII SIIVIL SARVIISII OROMIYAATTI**

**QAJEELFAMA UFFATAA FI MEESHAALEE HOJII  
HOJJATTOOTA MOOTUMMAA  
(Jildii 2ffaa)**

**ADOOLESSA 1998**

**FIFINNEE**

**BAAFATAA**

**FUULA**

1. Qajeelfama Uffata Seeraa fi Meeshaalee Hojii.....	145
2. Seensa.....	145
3. Mata Duree Gabaabaa.....	145
4. Abbaa Taayitaa Qajeelfamichaa Baase.....	145
5. Hiika Jechootaa.....	145
6. Uffata Hojii Tajaajila Meeshaatiif Kan Oolu Huccuu Addaa.....	147
7. Gosa Kophee Tajaajila Hojiif Oolan.....	147
8. Gosa Hojii fi Meeshaa Eeyyamame.....	148
9. Haala Uffatni Hojii fi Meeshaan Itti Kennamuu fi Akka Deebi'u Taasifamu.....	148
10. Waa'ee Uffata Hojii fi Meeshaa Haaraa Ykn Fooyya'e Eeyyamsisuu.....	148
11. Hojii fi Aangoo Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa.....	148
12. Hojii fi Itti Gaafatamummaa Manneen Hojii Naannichaa Kaneen Biroo.....	149
13. Koree Uffata Hojii fi Meeshaa Qoratu Dhaabuu.....	150
14. Dhimmoota Korichi Itti Xiyyeeffatuu fi Yeroo Uffata Hojii fi Meeshaa Hojii Haaraa Itti Qoratu.....	151
15. Uffata Hojii Qopheessuu fi Kennuu.....	151
16. Haala Kenninsa Uffata Hojii fi Kophee.....	151
17. Hordoffii Hojii Irraa Oolmaa Uffata Hojii.....	152
18. Waa'ee Hodhaa Uffata Hojii.....	152
19. Qajeelfamoota Diigaman.....	153
20. Qajeelfamichi Yeroo Itti Hojii Irra Oolu.....	153
21. Orneela Gitoota Hojii, Uffata Hojii fi Meeshaalee Hojii Kennisiisan Mul'isu.....	154
22. Akaakuu Uffataa fi Meeshaalee Hojii.....	189
23. Orneela Uffata Hodhamee Kennamuu Meetiraan.....	190
24. Orneela Gabaasaa.....	191

## KUTAA TOORBA

### QAJEELFAMA UFFATA SEERAA FI MEESHAALEE HOJII

#### SEENSA

Qajeelfamni amma sadarkaa Naannootti itti fayyadamaa jirru kan Komishinii Siivil Sarvisii Federaalatiin qoratamee Adooleessa bara 1992 irra jalqabee hojii irra oolee jiru ta'uun isaa ni beekama. Qajeelfamni kuni ka'umsa garii kan nuu tahee jiru ta'u illee akkaataa haala qabatamaa Naanoleetiin gaaffii hunda ni deebisa jechuun nama rakkisa. Gaaffiiwwan haaraa yeroo adda addaatti Maneen Hojii adda addaa irraa ka'aa jiranis sirreeffama barbaachisaa ta'e taasisuu akka qabu agarsiisa.

Kanaafuu, qajeelfama uffata hojii kana akkaataa haala qabatamaa Naannoo keenyaa hordofee haala hojii irra ooluu danda'uun qopheessuun barbaachisaa tahee argameera. Labsiin Bulchiinsa Hojjattota Mootummaa Naannoo Oromiyaa 61/1994 Komishiniin Siivil Sarviisii Naannichaa qajeelfama baasuu akka danda'u aangoo kennameefii irratti hundaawuudhaan "**Qajeelfama Uffata Seeraa fi Meeshaalee Hojii**" kana qopheesseera.

#### 1. MATA DUREE GABAABAA

Qajeelfamni kun "**Qajeelfama Uffata Seeraa fi Meeshaalee Hojii Hojjattoota Siivil Sarviisii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**" jedhamee xuqamuu ni danda'a.

#### 2. ABBAA AANGOO QAJEELFAMICHA BAASEE

Abbaan aangoo qajeelfamicha baasee "**Komishinii Siivil Sarviisii Oromiyaa**"ti.

#### 3. HIIKA JECHOOTAA

Akkaataan jechichaa hiikka biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee qajeelfama kana keessatti:-

- 3.1. "**Mana Hojii Mootummaa**" jechuun of danda'ee labsii, danbii ykn ajaja mootummaatiin kan dhaabbatee fi gutummaa guutuutti ykn waLakk.aadhaan baajata mootummaan ramaduufiin kan bulu Mana Hojii Mootummaati.
- 3.2. "**Komishinii**" jechuun Koomishinii Siivil Sarviisii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 3.3. "**Koree Meeshaalee fi Uffata Hojii Qoratu**" jechuun Mannii Hojii Mootummaa kamiyyu waa'ee meeshaa fi uffata hojii gaaffii haaraa ka'u ykn meeshaalee fi uffatni hojii qajeelfama kanaan murta'ee akka fooyya'u yaada dhiyaatu qoratee akkaataa barbaachisummaa isaatiin gaaffii KSSOf koree dhiyeessudha.
- 3.4. "**Uffata Hojii**" jechuun hojjetaan mootummaa tokko yeroo hojicha raawwatu akka amala hojiihaatiin nageenya hojjetichaatiif, qulquulnaa fi addummaadhaaf akka tajaajiluuf kan kennamuuf uffataa fi Kopheedha.
- 3.5. "**Meeshaa Hojii**" jechuun hojjetaa hojicha dhunfadhaan ykn waliin rawwatuuf akka itti fayyadamu kan kennamuu fi hojiiha yammuu xumuru iddoo hojichaa kan taa'u meeshaa hojii adda addaa ykn meeshaadha.
- 3.6. "**Kaakii**" jechuun haalluun isaa akkuuma barbaadame ta'ee dhibbaa dhibbatti jirbii irra kan hojjetame kaakii tiwiiliidha.

- 3.7. **"Kaakii Polisteeraa"** jechuun haalluun isaa akkuuma barbaadame ta'ee jirbii fi meeshaa dheedhii sinteetikii wayyaan akka hin shunturree ykn hin kokottoonfanne gargaru irraa wayyaa (uccuu) hojjatamudha.
- 3.8. **"Suri fi Shamizii Bifa Tokko"** jechuun uccuu kaakii poolistera bifa tokko irra hodhamu kan surrii fi shamiziin bifaan wal-fkkaatuu fi kootii malee uffatamuu danda'udha.
- 3.9. **"Shamizii"** jechuun haalluun isaa akkuma barbaadame ta'ee sinteetikii xiqqaa kan qabuu fi jirbiin itti baayyate ykn tajaajila shamiziitiif akka oolu wuccuu omishame irraa shamizii hojjetamudha.
- 3.10. **"Qamisii/Wandaboo"** jechuun haalluun isaa akka barbaadame ta'ee guutumaa guutuutti jirbii irra ykn meeshaa walmakaa jirbii fi sinteetikii ta'ee irraa qamisii/wandaboo uffata dubartootaaf hojjatamudha.
- 3.11. **"Uffata Jalaa"** jechuun haalluun isaa akkuma barbaadame ta'ee guutumaa guutuutti jirbii ykn uffata tajaajila uffata jalaa dubartootaaf akka ta'uuf wuccuu omishaame irra kan hojjetame uffata jalatti.
- 3.12. **"Marxoo"** jechuun jirbii irraa ykn meeshaa dheedhii mijaa'aa biraa irraa kan hojjetame ta'ee uccuun akka hin xuroofne akka ittisu kan uffatamudha.
- 3.13. **"Tuuttaa"** jechuun jirbii irraa ykn meeshaa dheedhii biraa irraa kan hojjetamee fi suriin isaa uccuu jaakkeetii fakkaatu waliin walqabatee kan hojjetame ta'ee uccuun akka hin xuroofne wayyaa (uccuu) irraan kan uffatamudha.
- 3.14. **"Kaappoortii"** jechuun suufii irraa kan hojjetamee fi gabarii kan qabu ykn ho'a akka kennuu ta'ee jirbii ykn sinteetikii irraa ykn walmakaa sinteetikii fi jirbii meeshaa dheedhii ta'ee irraa kaappoortii hojjetamedha.
- 3.15. **"Uffata Roobaa"** jechuun jirbii fi sinteetikii irraa ykn sinteetikii qofaa irraa kan hojjetame fi uffata rooba hin galchinedha.
- 3.16. **"Kophee Gogaa Gabaabaa"** jechuun hidha kan qabu ykn kan hin qabne ta'ee tajaajila hojii siiviliitiif kan ooluu dheriinni isaa koronyaa bira kan hin dabarre Kophee gogaa irraa hojjetamudha.
- 3.17. **"Kophee Bottii Gogaa Gabaabaa"** jechuun Zippii ykn hidhaa kan qabu ykn kan hin qabne ta'ee tajaajila hojii siiviliitiif kan ooluu fi dheeriinni isaa koronyaa kan uffisu tahee sarbaa bira kan hin geenye Kophee gogaa irraa hojjetamedha.
- 3.18. **"Kophee Bottii Gogaa Dheeraa"** jechuun Ziippii ykn hidhaa kan qabu ykn kan hin qabne ta'ee tajaajila hojii siiviliitiif kan ooluu fi dheerinni isaa sarbaa kan dhaqqabu Kophee gogaa irraa hojjetamudha.
- 3.19. **"Kophee Fakkii Paraaturupparsii"** jechuun zipparii ykn hidhaa kan qabu ykn kan hin qabne ta'ee, soolii quuqqaa ittisu danda'u, meeshaa dheedhii irraa kan hojjetamee fi dherinni isaa gabaabaa, bottii gababaa ykn bottii dheeraa ta'ee hoji ulfaataa tajaajila hojii siiviliitiif kan ooluu fi Kophee gogaa irraa hojjetamudha.
- 3.20. **"Kophee Dubartii"** jechuun bottii gabaabaa ykn bottii dheeraa ta'ee dubartiif kan tajaajilu salphaa kan ta'ee fi Kophee gogaa irraa hojjetamudha.
- 3.21. **"Kophee Bottii Laastikii"** jechuun, gommaa irraa kan hojjetamee fi gabarii kan qabu ta'ee yeroo gannaa fi dhoqeen baayyatu kan godhatamuu fi salphaati kan qulqullaa'uu danda'udha.

#### 4. UFFATA HOJII FI TAJAJILA MEESHAATIIF KAN OOLUU UCCUU ADDAA

- 4.1. Uccuun kaakii; tuutadhaaf, kaaportaa hojii guutuuf, kaaportii  $\frac{3}{4}$  tii fi marxoof kennama.
- 4.2. Uccuun kaakii poolistaraa; kootiif, suriif, shamizii fi surri bifa tokko irra hodhame, jakkeetii qamisii/wandaboo fi qoobiidhaaf kennama.

- 4.3. Gutumaaguutuutti jirbii ykn jirbii fi walmakaa sinteetikii kan ta'ee meeshaa dheedhii irra kan hojjetame uccuu qamisii dubartiitiif taha.
- 4.4. Carqii qabiyyee sinteetikii xiqqaa ykn baayyee qabu ykn kan bira kan waliin deemuu danda'u, meeshaa dheedhii irraa kan hojjetame uccuu shamiziitiif taha.
- 4.5. Gutumaaguutuutii meeshaa biraa dheedhii waliin deemuu danda'u irraa uccuu hojjetame uufata dubartii /wandaboo fi uffata jalaatiif taha.
- 4.6. Suufii irraa ykn ho'ina kan kennu jirbii fi meeshaa dheedhi sinteetikii irraa uccuu hojjetamee fi gabarii kan qabu kaappoortaaf taha yoo kun dhabame ammoo fiildi jakkeetiin ni kennama.
- 4.7. Sinteetikii ykn jirbii fi meeshaa dheedhii sinteetikii irraa kan hojjetame uccuu uffata roobaatiif tajaajila irra oluu danda'a, yoo kun dhabamee ammoo dibabee/xilaan ni kennama.

## 5. GOSA KOPHEE TAJAJILAA HOJIIITIIF OOLAN

- 5.1. Dheerinni isaa koronyaa kan hin dabarre hidhaa kan qabu ykn kan hin qabnee Kophee gabaabaa gogaa irraa hojjatamudha.
- 5.2. Ziippii ykn hidhaa kan qabu ykn kan hin qabne koronyaa kan uwwisu ta'ee, sarbaa kan hin haamatnee Kophee bottii gabaabaa gogaa irraa hojjatamudha.
- 5.3. Ziippii ykn hidhaa kan qabu ykn kan hin qabne dheerinni isaa sarbaa kan dhaqabu Kophee bottii dheeraa gogaa irraa hojjatamudha.
- 5.4. Ziippii ykn hidha kan qabu ykn kan hin qabne ta'ee tajaajila hojii siivilii ulfaataadhaaf kan ooluu fi soolii meeshaalee dheedhii quqaa ittisuu danda'u irraa kan hojjatame tajaajila loltuutiif kan kennamu/Kophee paaraaturuparsii fakkaatu/ bottii gabaabaa ykn Kophee bottii dheeraadha.
- 5.5. Salphaa kan ta'e ulfina kan hin qabne dubartiidhaaf kan tajaajilu gogaa irraa kan hojjetame gabaabaa, bottii gabaabaa ykn bottii dheeraadha.
- 5.6. Iddoo ol'aanaa irraa kan kufan wanta ulfinaa adda addaa qaban ykn qoree fi quqqaa wanta fakkatan irraa ittisuu kan dandeesisu gogaa irraa kan hojjatme gabaabaa, bottii ykn Kophee bottii dheeraadha.
- 5.7. Gannaa fi yeroo dhoqqeen baayyatu kan godhatamu gommaa irra kan hojjetame gabarii kan qabuu ta'ee salphaatti kan qulqulaa'u Kopheen bottii laastikitii tajaajila hojiiitiif ni oola.
- 5.8. Bakka (iddoo) ho'aa (gammoojjiitti); gitoota hojii uffatnii fi meehsaan hojii eeyyamameef irratti Hojjetootaa Mootummaa, ramadamanii hojjetaniif, gosa uccuu fi Kophee qajeelfama kana irratti mul'atan bakka bu'an, amala qilleensa naannoo fi aadaa wajjiin wal-simu danda'an, qulqulinaan fi gosaan walitti dhiyaatan, gatiin isaani uccuu fi Kophee orneela qajeelfama kana waliin qabsiifame irratti mul'ataniin ol kan hin taane bitee kennuun ni danda'ama. Manni Hojii dhimmi ilaalu Koree dhimma kanaaf dhaabbatuun qorachiisuudhaan ooggaanaa mana hojjichaa ol'aanaatiin erga mirkanaa'ee booda akkaataa qajeelfamaatiin uffatni hojii ykn meeshichi akka kennamuuf ni heyyamama.

## 6. GOSA HOJII FI MEESHA HEEYYAMAME

- 6.1. Bu'uura qajeelfama kanaatiin gitoota hojii uffatni hojii fi meeshaan barbaachisuuf irratti hojjatoota ramadamanii hojjataniif; gosa, akaakuu fi baay'ina uffata hojii fi meeshaa kennamuuf qaama qajeelfama kanaa ta'ee mataa duree "**orneela gitoota hojii uffata hojii fi meeshaalee hojii kennisiisan mul'iisu**" jedhu jalatti tartiibaan dhiyaatee jira.
- 6.2. Orneela kana keessatti uffatoota hojii ykn meeshaaleen hojii ibsamani kuni kan kennaman hojjatoota mootummaa dhaabbataan, komtiraataan ykn qaxara yaalii irra jiranii fi gitoota hojii ornela kana keessatti ibsamani irratti ramadannii hojjataniif taha.

- 6.3. Akaakuun uffatoota hojii fi meeshaalee hojjatoota Mootummaatiif kennamu qajeelfama kana waliin qabsiifmee kan jiru ta'uu fi hojii irra oolmaa isaafis qajelfamiicha Lakk. 3 Lakk. xiqqaa 3.4 fi 3.5 jalatti hiika kenname guutee argamuu qabaata.

#### **7. HAALA UFFATA HOJII FI MEESHAA ITTI KENNAMUU FI AKKA DEEBI'U TAASIFAMU**

- 7.1. Gita hojii uffatni hojii fi meeshaan heyyamameef irratti hojjataan Mootummaa kam-iiyyuu yeroo hojicha irratti ramadame irraa jalqabee uffatootaa fi meeshaalee hojii qajeelfama kana keessatti bakkichaaf hayyamame ni argata.
- 7.2. Lakk. 7 Lakk. xiqqaa 7.1 jalatti kan ibsame jiraatuus hojjatootni meeshaalee hojii akkuma fudhataniin sababa addaatiin hojii dhaaban meeshaalee hojii fudhatan akka deebisan ni taasifama.

#### **8. WAA'EE UFFATA HOJII FI MEESHAA HAARAA YKN FOOYYA'E HEEYYAMSIISUU**

Bu'uura qajeelfama kanaatiin hojii/ogummaa uffatnii fi meeshaan hojii hin murtoofneef irratti hojjatoota ramadaniif uffataa fi meeshaa hojii kennuun barbaachisaa ta'ee yoo argame ykn uffata hojii fi meeshaan heyyamame akka fooyya'u yoo barbaadame Manni Hojii Mootummaa dhimmichi ilaalu haala qajeelfamichaa Lakk.oofsa 11 jalatti ibsameen koree uffataa fi meeshaalee hojii mana hojichaa keessatti dhaabbatuun qoratamee itti gaafatmaa mana hojichaatiin erga mirkanaa'ee booda murteef Komishinichaaf ni dhiyeessaa.

#### **9. HOJII FI AANGOO KOMISHINII SIIVIL SARVIISII OROMIYAA**

- 9.1. Manneen Hojii Mootummaa Naannichaa:
- a) Qajeelfamicha keessaatti gitoota hojii haaraa uffatnii fi meeshaan hojii hin heyyamaneef ykn kan heyyamameef uffataa fi meeshaa hojii fooyya'e akka heyyamamu gaaffiin yoo dhiyaatu,
  - b) Kenninsa uffata hojii fi meeshaa ilaalchisee Hojjatoota Mootummaa Naannichaa irraa gaaffiin ykn iyyatni yoo dhiyaatu, dhimmicha qorachuudhaan murtee ni kenna.
- 9.2. Gitoota hojii uffatni hojii fi meeshaan heyyamamee fi uffatootaa fi meeshaa hojiif hayyamaman qindeessee ni qabata.
- 9.3. Qajeelfamicha ilaalchisee gaaffiiwwan dhiyaataniif hiika fi ibsa barbaachisaa tahe ni kenna, raawwannaa isaa ni hordofa, ni to'ata.
- 9.4. Qajeelfamicha foyyeessuun barbachisaa ta'ee yammuu argamu Biiroo Mallaqaa fi Misooma Dinagdee fi qaamota dhimmi ilaalu biroo waliin mari'achuun qajeelfamni haaraan akka bu'u ykn sirreeffama barbaachisu taasisuu ni danda'a.

#### **10. HOJII FI ITTI GAAFATAMUMMAA MANNEEN HOJII MOOTUMMAA NAANNICHAA KANNEEN BIROO**

- 10.1. Hojjatoota uffatni hojii fi meeshaan bara baajataatiin barbaachisu tartibaan qopheessuu.
- 10.2. Uffata hojii fi meeshaa bara baraan barbaachisu qorachuudhaan dursee baajata barbaachisaa qabachuu fi heyyamsisuu.
- 10.3. Uffatnii fi meeshaan hojii barbaachisaaan yeroo yeroon qophaa'uu isaa fi hojjatootaaf kennamuu isaa hordofuu.
- 10.4. Hojjatoota uffataa fi meeshaa hojii argachuu qabaniif bara baajatichaa keessatti osoo hin kennamiin yoo hafe uffatni hojichaa ykn meeshaan hojiichaa yerootti bitamee akka hin kenamne itti gaafatamtoota fi hojjatoota taasisaan irratti tarkaanfii naamusaa fudhachuu.

- 10.5. Uffatni hojiichaa/meeshaan hojiichaa/ yeroo hojiitti uffatamuu fi tajaajila hojii barbaadameef ooluu isaa, of-eeggannoodhaan qabamuu fi bara tajaajila murta'eefii tajaajila kennuu isaa hordofuu fi to'achuu; akkasumas hojjatoota qajeelfamicha hin kabajne irraatti tarkaanfii naamusaa fudhachuu.
